Hadiisa

Sim 1ffaa

الحديث

الفصل الدراسي الأول

أكاديمية إفريقيا
Akkaadaamii Afriikaa

AFRICA E-LEARNING
Barnoota Elektiroonikisii Afrikaa

Maxxansa Duraa
2026 CE – 1448 AH

Hadiisa

Sim 1ffaa

الحديث

الفصل الدراسي الأول

أكاديمية إفريقيا
Akkaadaamii Afriikaa

AFRICA E-LEARNING
Barnoota Elektiroonikisii Afrikaa

Maxxansa Duraa
2026 CE – 1448 AH.



Maqaa Allaahuu
Gara laafaa fi mararfataa ta'eetiin

Baafata

Fuula **Mata duree**

i ..... Baafata
iii ..... Yaada Raabsaa
1 ..... الحديث الأول
6 ..... الحديث الثاني
14 ..... الحديث الثالث
19 ..... الحديث الرابع
23 ..... الحديث الخامس
30 ..... الحديث السادس
36 ..... الحديث السابع
40 ..... الحديث الثامن
44 ..... الحديث التاسع
51 ..... الحديث العاشر
57 ..... الحديث الحادي عشر
63 ..... الحديث الثاني عشر
68 ..... الحديث الثالث عشر
72 ..... الحديث الرابع عشر
78 ..... الحديث الخامس عشر
83 ..... الحديث السادس عشر
87 ..... الحديث السابع عشر
94 ..... الحديث الثامن عشر
100 ..... الحديث التاسع عشر
106 ..... الحديث العشرون
111 ..... الحديث الحادي والعشرون
116 ..... الحديث الثاني والعشرون
124 ..... الحديث الثالث والعشرون
129 ..... الحديث الرابع والعشرون

الحديث الخامس والعشرون 132
الحديث السادس والعشرون 136
الحديث السابع والعشرون 139
الحديث الثامن والعشرون..... 145
الحديث التاسع والعشرون 149
الحديث الثلاثون 153
الحديث الحادي والثلاثون 158
الحديث الثاني والثلاثون 162
الحديث الثالث والثلاثون 166
الحديث الرابع والثلاثون 171
الحديث الخامس والثلاثون 175
الحديث السادس والثلاثون 180
الحديث السابع والثلاثون 184
الحديث الثامن والثلاثون 188
الحديث التاسع والثلاثون 192
الحديث الأربعون 197
الحديث الحادي والأربعون 203
الحديث الثاني والأربعون 207
Kitaabilee Wabii 212

Yaada Raabsaa

Faaruun kan Allaahuu Aalama hundaati. Rahmataa fi nageenyi Caalaa nabiyyootaa fi ergamtootaa, Nabiyyii keenna Muhammadiin, Warra isaanii fi waahiloota isaanii hunda irratti haa jiraatu.

Eega kanaa: Barnoonni Shari'aa wantoota dirqamaa namni muslimaa jireenya isaa keessatti barbaadu irraa isa tokkoodha, hawaasni guutuun isaatuu adeemsa isaa kan qaroominaa keessatti itti hajama. Kanaafuu Ragaaleen Shari'aa hedduun sadarkaa isaa guddisuu fi warra beekumsa qaban faarsuu keessatti dubbatamte. Rabbiin akkana jedhe:

﴿شهد الله أنه لا إله إلا هو والملائكة وأولوا العلم قائماً بالقسط لا إله إلا هو العزيز الحكيم﴾(آل عمران: 18)

(Rabbiin Ragaa ba'e gabbaramaan dhugaa isa malee akka hin jirre, Malaa'ikonnii fi warri beekumsa qabanis isa kana ragaa ba'an. Rabbiin haqaan dhaabbata, gabbaramaan dhugaa isa malee hin jiru. Inni injifataa hin injifatamne, ogeessa) Aala Imraan: 18

Shoowkaaniin (Rabbiin Rahmata isaaf haa godhuu): **"warra beekumsa qaban jechuun asitti warra qur'aanaa fi Hadiisa beekan"** jechuudha jedhe.

Ammas Rabbiin akkana jedhe:

﴿وقل رب زدني علماً﴾ (طه: 114)

(Jedhi Yaa Muhammad: Yaa Rabbi beekumsa naaf dabali) Xaahaa: 114

Hadiisa keessattis:

"Nama karaa beekumsa itti barbaadu deeme, Rabbiin deemsa isaa saniin karaa jannataa isaaf salphisa (Laaffisa)" kan jedhutu jira.
Muslimtu gabaase.

Kitaabileen barnoota walitti fuftuun tun:

- hawaasa tajaajiluuf,
- beekumsa Shari'aa tooftaa adda addaatiin nama biraan gahuuf,
- karaa isa ittiin argataniin namaa salphisuuf,
- warra fedhii beekumsaa qabanii kaleessuuf qophoofte.

Isheen tun sagantaalee barnootaa fi mataa ufii barsiisuu irratti deeggartuu akka taatu, nama beekumsaa fi hayyummaa shari'aa irraa siinqeffachuu barbaadeef qarqaarsa akka taatu hawwina.

Kaayyoon bu'uuraa barnoota shari'aa kan inni gaarii ta'e babaldhisuu fi lafa qabsiisuu, kan bu'uura barnootaa sirrii irratti hundaa'e, karaa amantii (yaada nagahaa) kan giddu-galeeffate, Qur'aana Rabbii fi Hadiisa ergamaa isaa (SAW) irratti kan dhaabbate bifa hammayyaawaa fi salphaa ta'een namaaf dhiyeessuudha. Rabbiin nama hundaa beekumsa faayidaa qabu, hojii gaarii, karaa sirriitti qajeeluu fi waan dalagan keessatti jaalala Rabbii qofa bar-baadutti akka qajeelchu isa kadhanna.

الحديث الأول
Hadiisa Tokkoffaa

01

عن ابن عمر رضي الله عنه عن النبي صلى الله عليه وسلم قال: "بني الإسلام على خمس: شهادة أن لا إله إلا الله، وأن محمداً رسول الله، وإقام الصلاة، وإيتاء الزكاة، وصوم رمضان، وحج البيت". متفق عليه.

Abdallaah Ilma Umar irraa odeeffamee (RA) Nabiyyii Rabbii (SAW) irraa odeessee akkana jedhan: "Islaamummaan waan shan irratti ijaaramte: Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiruu raga bahuu, Muhammad ergamaa isaa ta'uu amanuu, Salaata dhaabuu, Zakaa kennatuu, Ramadaana soomuu, Hajjii Dhaquu". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Abdallaah Ilma Umar Ilma Kaxxaab, waahila ergamaa Rabbii (SAW). Waraan Kandaq dhufe, waan achi boodaas hirmaate. Umriin isaa yeroo san ijoollee waan ta'eef Badriin hin dhaqne.
Waggaa Jahaatama waan shari'aa keessatti namaaf Fatwaa godhe. Xumura jireenya isaatti ijji isaa ni jaamte. Sahaabota keessaa xumura nama Makkatti du'eeti. Bara 73ffaa du'e hijraa irraa.

Hiika jechoota Tokko tokkoo:

Waa shan irratti jechuun:
utubaalee ykn bu'uraalee shan irratti jechuudha.

Salaata dhaabuu jechuun:
Salaata waajibaa salaatuudha. Dhaabuu jechuun: yeroo hunda irra turanii, ulaagaalee fi bu'uraalee isii hunda guutanii irra turuu jechuudha.

Zakaa kennuu jechuun:
isii kennuu fi qaama isii fudhatuu shari'aan karaa godhee kennuu jechuudha.



Hiika Hadiisaa walii galaa:

Bu'uuraaleen Islaamaa shan. isiinis:

01 Shahaadaa lamaan

02 Salaata dhaabuu

03 Zakaa kennuu

04 Ramadaana soomuu

05 Beeytii Hajjuudha



Jarri kunniin jaarmaya islaamummaatiif akka utubaatti laalama, isii tannin malee jaarmayni gadi hin dhaabatu, rogoonni islaamummaa kan biroo jara kanniiniif akka waan ijaara xumuraniitti laalamu, yoo rogoota sanniin keessaa tokko dhabame jaarmayni ni hirdhata, garuu islaamummaan isaa saniif hin badu; yoo utubaaleen shaman tuqaman malee, hundi jaraa dhabamnaan islaamummaan hin jiraatu.

Hiika Hadiisaa walii galaa:

01 Hadiisni kun Shari'aa islaamaa beekuu keessatti hundee guddaa tokkodha, Bu'uraalee islaamaa hunda of keessatti hammatee jira, inni tokkoo bu'uraalee islaamummaatii fi jechoota waan hedduu of keessatti hammatu keessaa tokkoodha.

02 Shanan tana keessatti wanti daangessaniif: Ibaadaan takkii tan jechaati, isiin Shahaadaa lamaan. Tuun ammoo tan gochaati: isiin Hajii, Sooma, Zakaa fi salaata.
Islaamummaan guddichi bu'uraalee shaman tana irratti ijaarame, gabroonni waan jaalatan ni kennuu, qaamaan hoo Rabbiin jaalachiisuuf ni ifaajuu jechuu qormaatuuf.

03 Shahaadaan lamaan Bu'uraalee Islaamummaa kaanniin irra wanti durfamteef waan jarri lamaan hundee hojiin hundi irratti ijaaramtu ta'aniif, itti aansee salaata: isiin utubaa guddicha islaamummaati, itti aansee zakaadha: isiin yeroo hedduu qur'aana Rabbii keessatti salaataan walitti qindooftee dhufti, ammas hariiroo jidduu Ibaadaa qaamaa fi qabeenyaa jiru argisiisuuf, ergasii sooma, itti aansuun Hajjiidha, waan inni Ibaadaa qaamaa fi qabeenyaallee of keessatti hammatuuf.

04 Hadiisni kun waan nabiyyootatti, Malaa'ikootattii fi waan biraatti amanuu hin dubbanne, waan ragaan (shahaadaan) nabiyyii waan isaan dhufaniin keessatti dhugoomsuu uf keessaa qabduuf, Nabiyyitti amanuun waan Aqiidaa kaanniin hundattuu amanuu waan ta'eef.

05 Salaata dhaabuu irratti kakaasutu keessa jira, haala dhaabattuu fi diriirtuu taateen isii hojjatuun. Isiin bu'uraalee islaamaa keessaa takka waan taateef.

06 Zakaa kennatuu, Ramadaan soomuu fi Hajjii dhaquu irrattis kakaasuutu Hadiisa kana keessa jira. Jarri kunniin hunduu bu'uraalee (Arkaana) islaamaa irraayi.

07 Hadiisa kana keessatti Jihaadni hin dubbatamne, sun waan lamaaf: takkaa yeroo san waan dirqama hin taasifaminiif, ykn ammo waan dirqama dhuunfaa nama hundaa adda addaan qabatu hin taaneef. Wanti Hadiisa keessatti dubbatame ammoo kan nama hundaa dhuunfaadhaan qabatuudha.

Hubannoodhaaf:

- Warri sunnaa akka walii galanitti Mu'uminni warra qiblaati. Ibidda keessas abad hin turu jedhamee murteeffamuuf: nama qalbii isaatiin diinii Islaamaa fudhatee, shakkii hunda irraa bilisa ta'ee dhugaa ta'uu isaa amanee, afaaniinis Shahaadaa lamaan dubbateedha jedhan.

- Namni kaafiraa tokko yoo "Laa Ilaaha Illallaahu" jedhe, itti dabalee "Muhammadun rasuulullaah" yoo hin jedhin Kan beektonni Ilaalacha hundaatuu irratti waliif galan inni Muslima hin ta'uudha. Waan ergamaan Rabbii (SAW): "Ani namaan lolutti ajajme hanga isaan Gabbaramaan dhugaa Rabbiin malee hin jiru, Muhammad ergamaa isaati jechuu raga bahanitti" jedhan.



Gaafilee:

01 Qorannoo tokko barreessii, isa keessatti bu'uraalee islaamaa ibsi, maaliif shaman tana irratti akka daangesses ifa godhi.

02 Maaliif shahaadaan lamaan akka bu'uura tokkootti fudhatamte? Sammuu kee hojjachiisi.

03 Zakaa fi hajjii osoo danda'an yoo dhiisan murtin nama sanii maala ta'a, Islaamummaa keessaa sababa kanaaf ni bahaa?

04 Namni kaafiraa osoo laa'ilaa Illallaahuu qofa jedhee, Muhammadun rasuulullaahi hin jedhinii, hukmiin isaa maal ta'a?

05 Hadiisa kana keessatti maaliif wanti Jihaadaa fi Bu'uraalee Iimaanaa kaanniinii dubbatamuu dhabe?



02

الحديث الثاني
Hadiisa Lammaffaa

عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: بينما نحن عند رسول الله صلى الله عليه وسلم ذات يوم، إذ طلع علينا رجل شديد بياض الثياب، شديد سواد الشعر، لا يرى عليه أثر السفر، ولا يعرفه منا أحد، حتى جلس إلى النبي صلى الله عليه وسلم، فأسند ركبتيه إلى ركبتيه، ووضع كفيه على فخذيه، وقال: يا محمد أخبرني عن الإسلام، فقال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "الإسلام أن تشهد أن لا إله إلا الله وأن محمداً رسول الله صلى الله عليه وسلم، وتقيم الصلاة وتؤتي الزكاة، وتصوم رمضان، وتحج البيت إن استطعت إليه سبيلا"، قال: صدقت، قال: فعجبنا له يسأله، ويصدقه، قال: فأخبرني عن الإيمان، قال: "أن تؤمن بالله وملائكته وكتبه ورسله واليوم الآخر وتؤمن بالقدر خيره وشره" قال: صدقت، قال: فأخبرني عن الإحسان قال: "أن تعبد الله كأنك تراه فإن لم تكن تراه فإنه يراك"، قال: فأخبرني عن الساعة، قال: "ما المسؤول عنها بأعلم من السائل"، قال: فأخبرني عن أمارتها، قال: "أن تلد الأمة ربتها، وأن ترى الحفاة العراة العالة رعاء الشاء يتطاولون في البنيان" قال: ثم انطلق فلبثت مليا، ثم قال لي: "يا عمر أتدري من السائل؟"، قلت: الله ورسوله أعلم، قال: "فإنه جبريل، أتاكم يعلمكم أمر دينكم" رواه مسلم.

Umar Ilma Kaxxaab irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: osomaa nuti guyyaa tokko ergamaa Rabbii bira (SAW) jirruu, tasuma gurbaan uffanni isaa akkaan adii ta'e, kan rifeensi mataa isaa akkaan gurraacha ta'e, kan mallattoon nama imalaa dhufaa jiruu irra hin jirree fi nu keessaa namni tokkos isa hin beekne wayii nutti as bahe. Dhufee Nabiyyii (SAW) bira taa'ee, jilba isaa jilba isaaniitti irkisee, ganaa isaa lamaan gudeeda (Sarbaa) ofii irra kaayate. Yaa Muhammad, waan Islaamummaa naaf himi jedheen. Ergamaan Rabbiitis (SAW): "Islaamummaan: gabbaramaan dhugaa Allaahuu malee hin jiru, Muhammad ergamaa isaati jettee ragaa bahuudha, Salaata dhaabuu, zakaa kennachuu, Ramadaana Soomuu fi Yoo dandeette Hajjii dhaquudha" jedhaniin. Innis: dhugaa jette! Jedheen. Nuti warri dhageeffataa jirru ni dinqisiifanne, gaafii gaafataa, ergasii dhugaa jette jedhaan!

الحديث الثاني
Hadiisa Lammaffaa

Iimaana irraalee naaf himi jedheen. Nabiyyiinis (SAW): "Iimaanni ati Allaahutti, Malaa'ikoota isaatti, Kitaabilee isaatti, Ergamtoota isaatti, guyyaa boodaatii fi murtiiwwan Allaahuu kan gaarii ta'ee fi hamaa ta'ettis amanuudha" jedhaniin. Ammas Ihsaana (Tolinna) irraa naaf himi jedheen. Nabiyyiinis (SAW): "Ihsaanni ati akka waan Rabbiin argaa jirtuutti gabbaruudha, yoo atis argaa hin jirre inni na argaa jiraa beektee isa gabbaruudha" jedhaniin. Innis: Qiyaamaa irraa naaf himi jedheen. Nabiyyiins (SAW): "Qiyaamaa irraa kan gaafatamu, gaafataa caalaa hin beeku" jedhaniin. Innis: mallattoolee qiyaamaa irraa naaf himi jedheen. Nabiyyiin (SAW): "Ati gabrittii kan gooftaa isii deessu arguudha, namootni hiyyeeyyiin miila qullaa fi nafaan daara kan re'oota tikfatuun jiraatan sooromanii kan gamoowwan ol dheerressanii ijaaruu keessatti wal dorgoman arguudha" jedhaniin. Ergasii ni deeme. Guyyaa huddee bubbullee erga jenee, Nabiyyiin (SAW): "Yaa Umar: namicha gaafa kaan nu gaafatu san beektaa?" naan jedhan. Anis: Rabbii fi ergamaa isaattu beeka jedheen. Nabiyyiin (SAW): "Inni JIbriil, diinii keessan isin barsiisuuf dhufe" jedhan. Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisa kanaa:

Umar Ilma Kaxxaab Ilma Nufeeyli, Abbaa Hafsaa jedhama. Faaruqis jechuun moggaafama. *(Faaruuq jechuun: kan Rabbiin sababa isaatiin dhugaa fi dhara addaan baase jechuudha).* Hoogganaa Mu'umintootaati. Godaansa Nabiyyii dura waggaa shan dursee Islaamummaa fudhate. Nabiyyii irraa (SAW) hin fagaanne.

Muslimtoonni gaafa Abii Bakri du'e akka inni isaan hoogganu waadaa seenaniif. Bara bulchiinsa isaa keessa muslimtoonni injifannoo hedduu gonfatan. Islaamummaas babaldhise. Lakkoofsa Hijraatis isatu eegalchiise. Galmeewwan adda addaatis bara isaa jalqaban. Namicha Abbaa Lu'ulu'aa jedhamu kan warra Majuusaattu osoo inni Salaata Subhii salaatu Hijraa irraa waggaa 23ffatti isa ajjeese.

Hiika jechoota Tokko tokkoo:

Harka isaa lamaan sarbaa isaa irra kaaye jechuun:

gaafataan kun sarbaa ofii lamaan irra harka ofii lamaan kaaye jechuudha. Inni kun naamusa namni waa gaafatu ittiin taa'uudha. Kun naamusa, kabajaa fi ulfina jabaa inni Nabiyyiif (SAW) argisiise akeeka.

Isa gaafataa dhugoomsu ni dinqisiifanne jechuun:

sababni isaan raajeffataniif: haalli kun aadaa nama wallaalaaf gaafatuu ni faallessa waan ta'eef, inni kun aadaa nama waan gaafatamaa jiru beekuuti, gadaa san ammoo Nabiyyii (SAW) malee namni waan akkanaa beeku ni jira jennee hin yaadnu jechuu isaaniiti.

Isa gaafataa dhugoomsu ni dinqisiifanne jechuun:

inni kun Islaamummaan baldhattee, warri Muslimtootaa biyya duraan shirkiin qabatte hunda too'atanii, gabroonni heddummaattee, ilmi gabrittiin gooftaa isii irraa dhalte sadarkaa gooftaa isiititti ta'uudha, sababa abbaan isaa nama kabaja qabu ta'eef jechutti hiikamee jira.

Hufaat jechuun:

warroota daasa ykn kophee hin qabneedha

Uraat:

jechuun nama qaama isaa irraa homaa hin qabne (kan hin uffatin) jechuudha.

Aalaa jechuun:

harka qalleeyyii (Hiyyeeyyii) jechuudha.

Tiksitoonni gamoo ol dhedheerrassn jechuun:

Warri baadiyaa fi kan isaan fakkaatan kn dur rakkatoo turan, duniyaan isaanitti baldhattee sadarkaa ijaarsa keessatti wol dorgoman gayan jechuudha.

Maliyyan jechuun:

yeroo dheeraa turee jechuudha.

Ibsa walii gala kan Hadiisa kanaa:

Hadiisni kun hojiiwwan gabbartii (Ibaadaa) muldhattuu fi dhokattuu hunda of keessatti hammatee jira.

i. **Bu'uuraalee limaanaa**

ii. **hojiiwwan qaamaa**

iii. **qulqullina keessoo**

iv. **wantoota hojii namaa galaafatan**

irraa tikfamuu of keessaa qaba. Inumaa beekumsi shari'aa hundi isiituu garuma isaa deebiti. Damee isaa ta'uun isa irraa babaldhatti.

Namni muslimaa sadarkaalee diinii keessatti ol fagaataa deemee sadarkaa sirritti Rabbii isaatti dhiyaatu gaha.

01 Sadarkaaleen Diinii kan jalqabaa: Islaamummaadha. Namni ijaara isaa fi utubaa isaa gadi dhaabe gara sadarkaa lammaffaa tarkaanfata;

02 isiin limaana: ergasii namni limaana mirkaneeffate gara sadarkaa sadaffaa tarkaanfata.

03 Isiin ammoo Ihsaana. kun sadarkaalee diinii keessaa isa ol aanaadha.

Faayidaalee Hadiisa kana irraa argaman:

01 **Barsiisaa wajjiin naamusa qabaatuu:** akka Jibriil Nabiyyii (SAW) wajjiin hojjate kana. Inni Fuuldura Nabiyyii (SAW) teessuma nama naamusa qabuu taa'e isa irraa baratuuf.

02 **Sadarkaa islaamummaan qabu:**
Jalqabni waan irraa gaafatamuu qabuu isa ta'uu. Kanaafuu Nabiyyiin (SAW) wayta ergaawwan isaanii akka gara Rabbii yaamaniif ergan wanti isaan itti ajajan jalqaba: akka Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jirree fi Nabiyyii Muhammad ergamaa Rabbii akka ta'an ragaa bahutti waan hunda dura akka yaaman ajaju.

03 Muhammad Ergamaa Rabbii ta'uu ragaa bahuun akka Rabbiin isa uumamtoota hundaaf ergee fi inni xumura ergamtootaa ta'uu of keessaa qaba. Akkasuma waan inni hime keessatti dhugoomsuu, ajaja isaatiif butamuu fi waan inni dhoorge irraa fagaatuu of keessatti hammatti.
Kana malees Diinii Rabbii keessatti waan Ergamaan Rabbii (SAW) hin barsiisin dabaluu dhabuu; waan Aqiidaa keessatti haa ta'uu ykn waan gochaa fi jechaa kamiinuu. Akkasuma Nabiyyiin (SAW) amala gooftummaa tokkos akka hin qabne, Rabbii gaditti akka hin kadhatamne, wayta inni jiru waan inni danda'u irratti yoo taate malee saniin ala isa irraa birmannaa gaafatuunis akka hin taane nu barsiisa.

04 Iimaanni: qalbiin dhugoomsuu, afaaniin dubbachuu, qaamaa fi humnoota ofiitiin dalaguudha.

05 **Bu'uraaleen Iimaanaa:**

1. Rabbitti amanuu
2. Malaa'ikootatti amanuu
3. Kitaabiletti amanuu
4. Ergamtootatti amanuu
5. Guyyaa boodaatti amanuu
6. murtiilee Rabbii kan gaariif hamaa ta'ettis amanuudha

Isiin tun namni ajaja Rabbii fudhatuu keessatti humna akka qabaatuu fi Allaahuu akka sodaatu taasifti.

Rabbitti amanuun waan afur (4) of keessaa qaba:

1. Jireenya Allaahuutti amanuu
2. Gooftummaadhaan Adda bayuu isaa. Rabbiin isatu gooftaadha, isatu uume, isatu waan hundaa akkaataa ofii fedhetti jijjiira, mootiinis isa qofa jettee amanuu.
3. Gabbaramaa ta'uudhaan Allaahuu adda bahuu isaatti amanuu. Isa qofatu gabbaramaa dhugaa kan isa malee gabbaramaan biraa hin jirre, isa waahila hin qabne ta'uu dhugoomsuu.
4. Maqaalee fi amaloota (Sifoota) Allaahuu akkaataa inni ofiif Qur'aana isaa keessatti ragaasisee fi Ergamaan isaa Hadiisa keessatti isaaf raggaasisetti itti amanuu. Sunis bifa Rabbiif maluun, osoo hiika hin jijjiirin, osoo hin dhabamsiisin, akkaataa isii hin ibsin fi kan uumamtootaatti hin fakkeessin amanuu.

06 Ergamtoota hundatti amanuu. Namni tokko Ergamaa Rabbii Muhammaditti (SAW) osoo amanee warra kaaniin falmee ykn mormee ergamaa Rabbiitti amane hin jedhamu. Inumaa namni sun kaafira. Rabbiin akkana jedha: (Tuutti Nuuhii ergamtoota kijibsiifte) Ashu'araa'i: 105. Jarri garuu Nuuhiin qofa kijibsiisan, isa dura ammoo ergamaan biraa hin ergamne, haa ta'uutii ergamtoota keessaa tokko kijibsiisuun ergaa isaan ittiin dhufan kijibsiisuudha.

07 Kitaabilee Rabbiin ergamtoota isaa irratti buuse tan hin jijjiiraminitti amanuudha. Isiin dhugaa Rabbiin biraa dhufte ta'uu, kitaabilee hunduu Qur'aanaa kan shaaramte ta'uu fi akka Shari'aatti isitti kan hin dalagne ta'uu amanuudha.

08 Guyyaa boodaa kan inni guyyaa qiyaamaa ta'e sanitti amanuu. Inni kun jalqaba qubsuma guyyaa boodaa kan ta'e Qabritti amanuu, qananiiwwanii fi adabbii qabrii keessa jiruttis amanuu of keessatti hammata.

09 **Murtiilee Rabbii kan gaarii ta'ee fi hamaa ta'ettis amanuun dirqama ta'uu isaati.** Murtiin hammeenya hin qabu. Rabbiin Rahmataa fi ogummaa isaatiin kaaye. Hammeenyi waan namaaf murtaa'e keessa jira. Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "Hammeenyi gara keetii miti Yaa Rabbi". Muslimtu gabaase.

10 **Sadarkaa Ihsaanaa Mirkaneessuudha.**
Amantii keessaa sadarkaan caalaan sadarkaa Ihsaanaa (Tolinnaa) fi Rabbiin of irratti eeguuti. Innis: akka waan Allaahuu argaa jirtuutti isa gabbaruudha. Yoo atis isa hin argine inni si arga waan ta'eef. Rabbiin na wajjiin jiraa beekuudha.
Waliin jireenya Rabbii isaa kana beekee gabrichi yaadannaan, keessumaayyuu yeroo Rabbiin gabbaraa jirutti isii fidee of bira qabnaan akka inni Rabbii ofii eegatuuf isa qarqaarti, kun amantii keessaa sadarkaa ol aanaadha, gabrichi ol ta'iinsa Rabbiitti amanuu fi inni isatti kaluu ta'utti amanuus walitti qabata.

11 Namni beekaan tokko waan inni hin beekne irraa yoo isa gaafatan hin beeku jechuu qaba. Kun ammoo sadarkaa isaa hin hirdhisu, inumaa akka inni sodaa Rabbii qabu ragaa isaaf ta'a.

Hubannoof:

- Dalagaawwan namaa hundinuu sirrii kan taatu Shaahaadaa lamaan irratti hundoofteeti. Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiruu ragaa bahuun hojii ofii hunda Rabbiif jecha qulqulleessanii dalaguu of keessaa qabdi.
  Muhammad Ergamaa Rabbii (SAW) ta'uu amanuun ammoo karaa isaanii hordofuu of keessaa qabdi. Hojiin namni dalaguudhaan gara Rabbii dhiyaatuun kamuu ulaagaa kanniin lamaaniin malee fudhatama hin argatu. Isaanis: hojii ofii Rabbiif qulqulleessanii dalaguu fi Ergamaa isaa duuka bu'uudha.

- Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru jechuu ragaa bahuun ibaadaa Rabbiif jecha qulqulleessuu dirqamsiisa. Toowhiidni gosa kanaa Toowhiida Uluuhiyyaa (Gabbartii) jedhama. Hiikni "Laa Ilaaha Illallaahu" jechuu gabbaramaan dhugaan gabbaramu Allaahuu malee hin jiru jechuu waan ta'eef, Rabbiin malee waan biraa hin gabbartu, namni dubbii tana jedhee, garuu qaama biraa Rabbiin malee gabbare kijibaa ta'a.

- Gosoota Ibaadaa Rabbii keessaa: Kadhannaa, isa irraa waa barbaaduu, isa hamiluu, qodhaa godhuu, kakachuunii, gorraasaa fa'a. kanniin keessaa tokkos qaama biraatiif dabarsanii laatuun hin ta'u.

Gaafilee:

01 Sadarkaalee Islaamummaa ibsi. Ol'aantuu isii maaliidha? Maaliif?

02 Hadiisa amma baranne kana irra dhaabatuudhaan warra Bid'aa hojjatan falmi, Bu'uura Hojiin irra dhaabbatuu qabutti irkatuudhaan.

03 Nabiyyii Tokkicha kijibsiisuun akka hunda kijibsiisuutitti maaf laalama? Ragaa Qur'aanaaf Hadiisaa fidi.

04 Arkaanota (Bu'uuraalee) Iimaanaa tokko tokkoon ibsi.



الحديث الثالث
Hadiisa Sadaffaa

03

عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: سمعت رسول الله صلى الله عليه وسلم يقول: "إنما الأعمال بالنيات، وإنما لكل امرئ ما نوى، فمن كانت هجرته إلى دنيا يصيبها، أو إلى امرأة ينكحها، فهجرته إلى ما هاجر إليه" متفق عليه.

Umar Ilma Kaxxaab Irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaa Rabbii (SAW) osoo akkana jedhu dhagaye: "Dalagaan namaa fudhatama kan argattu Niyyaadhaan (Yaadaan yoo ta'eedha), namni hunduu waan niyyate (Yaade) argata, namni godaansi isaa duniyaa argatuudhaaf ta'e, ykn dubartii wayii fuudhuuf ta'e, godaansi isaa garuma waan isaaf jecha godaane sanii ta'a. Bukaarii fi Muslimtu gabaasan.

Hiika Jechoota Tokko tokkoo:

Niyyaa jechuun: fedhiidha, onneen namaa waan tokko hojjachuudhaaf murteessuudha.

Hijraan: akka Afaaniitti biyya tokko irraa gara biyya biraa deemuudha, biyyaa fi maatii ofiitiin adda bayuudha.

Akka Shari'aatti ammoo: Biyya Kufriin (Rabbiin diduun) keessatti moo'e irraa gara Biyya islaamummaan keessatti humna qabuutti; qormaata amantii keessatti nama mudatu sodaa fi biyya haaraa san keessatti waan amantiin namaa itti nama ajaje raawwatuuf deemuudha.

Garuma waan isaaf jecha godaaneeti jechuun: galanni dalagaa isaa kaayyoma duniyaadhaa kan inni isa hamile sani, isa malee waan biraa hin argatu jechuudha.

Ibsa Hadiisaa kan Walii galaa:

Hadiisni kun wantoota gaggaarii ta'e hunda of keessatti hammata. Namni Mu'uminaa kan lubbuu isaatiif nagaha bayuu fi faayidaa argachuu hawwu kamuu hiika isaa hubatuu qaba. Haalaa fi yeroo kamiin keessattuu ergaa Hadiisa kana uf dura qabuu qaba. Isa keessa Rabbii gabbaraniif gabbartii (Hojiiwwan gaggaarii) qulqulleessutu jira. Inni ammoo akka dalagaan kamuu: kan jechaa ta'ee kan gochaa, kan muldhatu ta'ee kan dhokatu fudhatama argatuudhaaf ulaagaadha. Namni dalagaa isaa rabbiif qulqulleesse, kan isa keessatti karaa ergamaa Rabbii hordofe, isa kanatu nama dalagaan isaa fudhatama argatuudha.

Dalagaan niyyaa malee hin argamtu, fudhatamas hin qabdu. Dalagaan takka toluu fi baduudhaaf ulaagaan niyyaadha, guutuu ta'uu fi hirdhuu ta'uufis akkasuma. Namni hojii gaarii dalaguu niyyate, kan isaan fuula Rabbii barbaadu, mindaa fi galata keessaa kan akkaan guutuu ta'e argata.
Namni yaadni isaa (Niyyaan isaa) hirdhatte mindaan inni Rabbiin biraa argatus ni hirdhata.
Namni yaanni isaa kaayyoo kana irraa maqe waan guddatu isa jalaa dabra, yaadaa fi kaayyoo isaa kan duniyaa isa yaraa ta'e san qofa argata.

Kanaafuu Nabiyyiin Rabbii (SAW) akka dalagaawwan biraa kamuu isa irratti safaramuuf fakkeenya taasisan. Akkana jedhan: 0"Namni godaansi isaa gara Gara Rabbii fi ergamaa isaa ta'e, godaansi isaa Garuma Rabbii fi ergamaa isaati". Kana jechuun waan yaade ni argata jechuudha, mindaan isaatis Rabbiin biratti galmaa'aaf. "Namni godaansi isaa duniyaa argatuuf, ykn dubartii fuudhuuf ta'e godaansi isaa garuma waan isaaf jecha godaaneeti".
Asitti erga waan duniyaa hunda walitti qabee dubbatee booda dubartii keessaa maqaa dhayee dubbatuun; wanti kunniin hunduu kaayyoo yaraa fi bu'aa salphaa ta'uu isaa ibsuf.

Faayidaalee Hadiisa kana irraa argannu:

1. Hadiisni kun Hadiisota seerri islaamummaa irratti naanna'u keessaa isa tokkoodha. Kanaafuu hayyoonni akkana jedhan: Naanna'iinisi (Hundeeffamni) Islaamummaa Hadiisa lama irratti, isaanis: Hadiisa Umar kanaa fi Hadiisa Aa'ishaa, kan isa keessatti: "Namni dalagaa nuti itti hin ajajin dalage isa irratti deeffama" jechuun Rasuulli (SAW) ibsan sanaadha. Bukaaritu gabaase.

Hadiisni kun Utubaa hojiilee onneeti, Inni madaala dalagaawwan keessooti, Hadiisni Aa'ishaa ammoo Utubaa dalagaalee qaamaan raawwatamaniiti.

2. **Faayidaa Addaa:**
   - **Niyyaan:** hojii tokko Rabbitti ittiin kalaayuuf hojjachuudha. Jaalala Rabbiitii fi Mindaa isa biraa argatuuf jecha Raawwatuudha. Isa kana keessa: Niyyaa dalagaa, niyyaa qaama isaaf jecha dalagaan raawwatamuu kan Inni Allaahuu (Ol'aanaa) ta'eedha.
   - **Dalagaan Amaanaa ta'uu isaati.** Ibaadaan hunduu yoo isii yaadanii fi niyyatan malee sirrii hin taatu. Dirqama (Waajibas) haa taatuu sunnaan.
   - **Akkasuma Aadaa fi Ibaadaa addaan baasuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf dhiqachuun:** qulqullinaaf ta'uu danda'a ykn hoo'a irraa qabbaneeffatuuf ta'uu mala. Akkasuma sababa Hadasni (Wanti wuduu'a balleessu guddaan) nama irraa argameefis ta'uu danda'a. nama du'e sababa dhiqaniif, guyyaa Jum'aatii fi kkf argamuu danda'a. kanaafuu namni dhiqatu kaayyoo dhiqataafii jiru san niyyatuun (Waan wuduu'a diige of irraa balleessuuf, ykn dhiqannaa sunnaatiif) waan jedhu niyyachuu qaba.

- **San irraa:** tooftaalee dalagaa adda addaati, namni tokko waan gubbaan isaa fi akkaataan inni ittiin raawwatamu sirrii tokko yoo hojjate, garuu yaanni isaa gara hojii dhala of keessaa qabuutti ittiin gayuu yoo yaade, ykn ammoo waan dirqamaa isa irra jiru wayii of irraa ittiin kuffisuu yoo barbaade, ykn gara haraamaatti gahuunii yoo yaade, bakka kanatti kan laalamu yaada isaatii fi waan inni niyyate sanaadha. San malee dubbii gubbaa tan inni afaaniin dubbatuun murtiin hin laatamu. Dalagaan kan argamtu niyyaadhaa.

- **Niyyaan qaama dalagaan isaaf jecha raawwatamtuu ammoo:** gabrichi waan dalaguu fi dhiisu hunda keessatti fedhii fi yaada isaa Rabbiif qulqulleessuudha, waan dubbatuu fi hojjatu hunda keessattis. Rabbiin akkana jedha: "Isaan hin ajajamne Rabbiif jecha Ibaadaa isaanii akka qulqulleessaniif malee" Albayyinaa: 5.
"Ibaadaan Qulqulluun Rabbiin qofaaf" Azzumar: 3.
Wal caalmaan jidduu dalagaawwaniitti argamtu, guddinni mindaa (galata isii) hanguma Iimaanaa fi yaada qulqulluu namichi onnee isaa keessaa qabuutiin.

Hubannoodhaaf:

Niyyaan wantoota Halaala (Hayyamamaa) ta'ee fi dhimmoota Duniyaa keessattis ni argamti. Namni dalagaa isaatii fi oomisha isaa kan duniyaa (Aadaatiin) haqa Rabbii irratti ittiin qarqaarsifachuu fi hojiiwwan Rabbiin dirqama godhe, akkasumatti Sunnaa irratti ittiin qarqaarsifachuu yaade, kan yaada bareedaa kana hojiiwwan isaa gaarii kan akka: Nyaataa, dhugaatii, Hirriba, boqannaa fi dalagaawwan isaa kamiin keessattuu of wajjiin deemate dalagaan isaa kan aadaa kunniin Ibaadatti jijjiiramtiif. Gara kanaatti Nabiyyiin (SAW) akkana jechuun qajeelchanii jiran: "Ati Yaa Sa'ad baasii tokkos fuula Rabbii ittiin barbaaduudhaaf yoo baste ittiin galata argattu malee hin hafu, hanga daangaa waan afaan Haadha warraa teetii keessa keettuuttittis". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Gaaffilee:

01 1Seerotaa(Murtiiwwan) niyyaa irraa qorannoo tokko barreessi.

02 Waan dalagaa ofii Rabbiif jecha qulqulleessuu fi karaa Nabiyyii hordofuu, akka ulaagaa lamaan dalagaan fudhatama argatuuf barbaachisaniitti fudhadhuu irraa haasayi.

03 Niyyaan Fiqhii Islaamaa keessatti baay'ee barbaachiftuudha. Waan kana irraa dubbadhu.

04 Akkam gochuudhaan Aadaa tee gara Ibaadaatti jijjiirta? Waan dubbattuuf fakkeenya kenni.





04

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "الإيمان بضع وستون، أو بضع وسبعون شعبة، أعلاها شهادة أن لا إله إلا الله، وأدناها: إماطة الأذى عن الطريق، والحياء شعبة من الإيمان" (متفق عليه)

Abii Hureeyraa Irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Iimaanni damee Jahaatamii wayi, ykn Torbaatamii wayi. Ol aantuun dameewwan tanniinii Gabbaramaan dhugaa Allaahuu malee hin jiru jechuudha. Gad aantuun dameewwan tanniinii: balfa (Waan nama miidhu) karaa irraa maqsuudha. Qaanfiinis dameewwan Iimaanaa keessaa tokkoodha". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisa kanaa:

Abuu Hureeyraan: Abdurrahmaan Ilma Sakrii kan warra doowsiiti. Nama Islaamummaa keessatti Hadiisota odeessuun beekamuudha. Nabiyyii (SAW) qabatee osoo isaaniin adda hin bayin ture. Hadiisa Kuma shanii ol isaan irraa odeesse. Gaggeessaan Mu'umintootaa Umar Biyya Bahreeyni irratti hooggansa isa taasise, ergasii achi irraa isa kaase. Bara hooggansa Mu'aawiyaa keessa Madiinaa bulche. Hijraa irraa Bara 57ffatti Du'e.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Shu'ubaan: roga takka. Isiin tun akka afaan Arabaatti damee mukaati. As keessatti Iimaanaa fi amaloota isaa muka guddoo dameewwan qabdutti fakkeessutu keessa jira. Mukni tun guutuu kan taatu yoo dameewwan isii ol guutteedha.

Balfa Maqsuu jechuun: karaa irraa fageessuudha. Wanti balfa jennuun: waan nama rakkisu kan akka dhagaa, biyyee, qoree fi waan biraa hundaa hammata.

Qaanfiin(Hayaa'iin): haala lubbuu namaa keessatti argamtuu fi kan akka namni waan faarfamu dalaguu fi waan arrabsamaa irraa fagaatu nama kakaasuudha.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisa kana keessatti ergamaan Rabbii (SAW) iimaanni akka haala takka qofa hin taanee fi dameewwan hedduu qabu ibsanii jiru.

Garuu dameewwan san keessaa caalaan jecha takkaadha.
isiin: "Laa Ilaaha Illallaahu" (Gabbaramaan dhugaa Allaahuu malee hin jiru) jechuudha. Jechi tun osoo samii fi dachii wajjiin madaalamtee jara lamaan ni caalti. Waan isiin jecha Rabbiin qulqulleessuu taateef, namni jechi xumura inni duniyaa irraa galuun isii tana ta'e jannata seena, isiin dameewwan limaanaa keessaa caaltuudha.

Qaanfiinis dameewwan iimaanaa keesaa tokkoodha. Inni amala faarfamaadha. Qaanfatuun amala Nabiyyii (SAW) ture. Inumaa isaan Misirroo gola jirtu ykn ijoollee shamaraa kan bakka addaa jiran irra nama qaanfatuudha.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Iimaanni akka wal caaluu fi Mu'umintoonnis isa qabaatuu keessatti wal caaluu isaanii mirkaneessutu keessa jira. Inni kun akka iimaanni dabaluu fi hirdhatu irraa ragaa guddaadha.

02 Jechi isaa kan "Iimaanni damee Jahaatamii wayi ykn Torbaatamii wayi" jedhu, Shakkii nama Hadiisa kana Abii Hureeyraa irraa odeesseeti. Nabiyyii "Jahaatamii wayi jedhan moo Torbaatamii wayi" jedhanii shake.

03 "Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru" jechuun: jecha tokkichummaa Rabbii labsituudha. Namni yoo akkas jedhe Muslima ta'a. yoo isii irraa boone ammoo Kaafira ta'a. Daangaan amanuu fi kafaruu addaan baasu isiidha. Kanaafuu jechi tun dameewwan iimaanaa keessaa ol aantuu fi caaltuu taate.

04 Iimaanni warra Sunnaa fi Jamaa'aa biratti: jecha Arrabaa, gocha qaamaa fi yaadaa fi dalagaa onnee of keessatti hammata.

05 Balfa karaa irraa maqsuun rogaa fi dameewwan iimaanaa keessaa takkaadha, hojiiwwan gaggaarii keessattis ramadama.

06 Qaanfachuun Iimaana keessatti lakkaa'ama. Namni Rabbiin qaanfatu ajaja isaa fudhata. Waan Rabbiin irraa dhoorge irraa dhoorgama. Nama qaanfatuun akka namni of eeggannoo godhu taasisa, waan nama biratti gaarii fi nama wayyaa isa taasisu hojjata. Waan isa xureessuu fi isa fokkisu irraa ni fagaata. Qaanfatuun gosa isaa hundaanuu iimaana keessatti lakaa'ama.

07 Nabiyyiin dameewwan Iimaanaa hunda hin himne. Inni kun ogummaa Nabiyyiidhaaf Rabbiin kenne keessaa tokkoodha. Isaan hunda himuu dhabuun akka namni Muslimaa tokko ofii isaatii tattaaffii godhee, ragaalee qur'aanaa fi hadiisaa hordofee, dameewwan tannin walitti qabatee itti dalaguuf. Akkasuma namni dameewwan tannin argatuuf futunuu fi kan hin futunne akka adda bayuuf.

Hiikni "Laa'ilaaha Illallaahuu": gabbaramaan dhugaa Rabbii guddaa malee hin jiru jechuudha, wanti Rabbii gaditti gabbaramtu hunduu dhara, Rabbii tokkicha hiriyyaa hin qabne qofatu haqa. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ذلك بأن الله هو الحق وأن ما يدعون من دونه هو الباطل وأن الله هو العلي الكبير﴾ (الحج: 62)

(Sun waan Rabbiin Haqa (Dhugaa) ta'ee fi wanti isaan isaa gaditti waamatan Dhara ta'eef; Rabbiin ol aanaa guddaadha) Alhajji: 62

Gaafilee:

01 Qorannoo tokko barreessii, dhugaa limaanaa achi keessatti ibsi.

02 Hiikni "Laa llaaha lllallaahuu" maaliidha?

03 Hadiisa Kanaan akkamitti: limaanni jecha arrabaan dubbatamu, hojii onnee fi qaamaan dalagamu ta'uu irratti ragaa godhatta?



الحديث الخامس
Hadiisa Shanaffaa

05

عن ابن مسعود رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم قال: "لا يحل دم امرئ مسلم، يشهد أن لا إله إلا الله وأني رسول الله، إلا بإحدى ثلاث: النفس بالنفس، والثيب الزاني، والتارك لدينه المفارق للجماعة" (متفق عليه)

Abdallaa Ilma Mas'uu (RA) Irraa odeeffamee, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Dhiiga nama muslima kan Allaahuu malee gabbaramaan biraa hin jiru jechuu fi Ani Ergamaa Rabbii ta'uu koo ragaa bahuu jigsuun hin hayyamamu tokkoo waa sadi'iitiin malee: tokko yoo nama ajjeese, lubbuun namaaf ni ajjeefamti, Jaarsa sagaagalu, Nama Diinii isaa dhiisee gamtaa Muslimaa keessaa adda baheeti" Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisa kanaa:

Abdallaa Ilma Mas'uud Alhuzaliin (RA), gurguddaa Sahaabotaa keessaa isa tokkoodha, sadarkaa fi sammuunis nama guddaadha, gara Dachii Habashaatti godaansa lamaanuu godaane, Waraana Badrii, uhudii, Kandaqii fi bakkeewwan Hundaa ergamaa Rabbii (SAW) wajjiin dhaqe, nama amalaa fi adeemsa hundaan gara Nabiyyii (SAW) dhiyaatuudha. Afaan isaanii irraa qur'aana boqannaa torbaatama qara'e. Namni tokko isii keessatti kan isaan hin dorgomne. Umar (RA) gara Magaalaa Kuufaatti isa ergee akka warra achii Diinii barsiisu taasise. Hijraa irraa Bara 32ffaatti du'e.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Dhiigni nama Muslimaa hin hayyamamu jechuun: isa ajjeesuun hin ta'u jechuudha.

Lubbuun lubbuudhaaf jechuun: lubbuun nama beekaa nama biraa ajjeesee, bakka lubbuu ajjeefamre sanii isiinis ni ajjeefamti jechuudha.

Jaarsa sagaagalu jechuun: nama Fuudhe kan dhiiraa fi dubartiin heerumte sagaagaluudha. Gaafa kana jara lamaanuu ajjeesuun ni hayyamama.

Nama amantii isaa dhiisee gamtaa keessaa bahe jechuun: nama islaamummaa irraa of duuba deebi'e hunduma ilaallata, bifa kamiinuu haa deebi'uu, namichi kun takkii islaamummatti deebi'ee ykn ajjeefamuudha.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisni kun akka lubbuu nama Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru, Muhammad ergamaa Rabbiiti (SAW) jechuu Ragaa bahee akka walii galaatti tikfamtuu ta'uu irratti ragaadha.
Booda warra tika qaban san keessaa warra amala sadi qaban baase: erga bultii ijaaranii booda sagaagaluu, lubbuu tikfamtuu ajjeesuu, Diin Islaamaa dhiisanii gamtaa muslimtootaa keessaa bahuu. Isii xumuraa tana keessa namni diinii gad dhiise, afaaniin, ykn gochaan, ykn yaadaan gad dhiise hunduu ni seena.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Dhiigni Muslimaa kabajamaa ta'uu isaati. Waan ergamaan Rabbii (SAW):
"Dhiigni nama nama Muslimaa hin hayyamamu" jedhaniif. Inni kun dhimma Irratti walii galameedha. Ragaalee Qur'aanaa, Hadiisaa fi walii galtee Ulamaattu irratti qajeelcha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ومن يقتل مؤمنا متعمدا فجزاؤه جهنم خالدا فيها وغضب الله عليه ولعنه وأعد له عذابا عظيما﴾ (النساء: 93)

(Namni nama Mu'uminaa beekkaan ajjeese galanni isaa jahannam, achi keessa abad taa'a, Rabbiinis isa irratti dallanee, Rahmata ofii irraallee isa fageesse (abaare) adabbii guddaas isaaf qopheessee jira) Annisaa'i: 93

Nama muslimaa kan dhiigni isaa tikfamaa ajjeesuun yakkoota gurguddaa keessatti ramadama, kanaafuu wanti guyyaa qiyaamaa hangafatti murtiin jidduu namaatti keessatti taasifamu dhimma dhiigaati.

02 Nama Muslima hin taane dhiigni isaa jiguun ni hayyamama, nama walii galtee nagaan waliin jiraatuu Muslimtoota wajjiin qabu yoo taate malee, ykn nama si hin tuqnu jedhamee nageenyi kennameed, ykn nama tika muslimtootaa jala jiru. Kan akka warra dubbannee kana yoo taate dhiigni isaa eegamaadha.



Qooda warra Kaafiraa:

1 Kan walii galteen jiraatu:

inni kun jidduu keenna (Muslimaa) fi jidduu isaa walii galteen kan jiruudha. Biyya ofii keessas yoo jiraate. Waan akka Guyyaa Hudeeybiyyaa Jidduu Nabiyyii (SAW) warra Qureeyshaatti taasifame sanaadha.

2 Kan nageenyi kennameef:

nama biyya lolli keessa jiru irraa gara Muslimmtootaa baqatee, daldalatuuf ykn bitatuuf, ykn dalagatuuf kan dhufe, inni kun ni kabajama, dhiigni isaas ni tikfama, osoo warri inni keessaa dhufe diinota keenna kan nu wajjiin lola walitti labsanii jiranis ta'ee, waan isaaf wabii nageenyaa dhuunfatti kennineefii jirruuf.

3 Tikfamaa:

nama Muslima hin taane, kan garuu nu wajjiin jiraate, kan nuti isa eegnu, diina irraa deebifnu, bakka san kan inni gibira nuuf gabbaruudha.

4 Nama nu wajjiin lola qabu:

inni kun nama Muslima hin taanee fi kan jidduu isaatii fi muslimtootaa walii galteen, ykn mirgi wabii fi tikanis hin jirreedha.

03 **Jaarsi sagaagalu ni ajjeefama.**
Dhagaa fi halangaadhaan hanga du'utti tumama, dhiiras haa ta'uu dubartiin, sun hojii isaa yakka guddaa san kan inni waan halaalaa dhiisee haraama fokkataa hojjate irratti galata sirriiti.

04 **Daangaalee (seerota Adabbii)**
Daangaalee (seerota Adabbii) dhaabuun hin hayyamamuu bulchiinsaaf, ykn nama inni bakka buufateef malee. Waan Nabiyyiin (SAW) akkana jedhaniif:
"Yaa Uneeysi ganamaan jaartii namicha kanaa bira deemi, yoo isiin badii isii san amante dhagaan tumii ajjeesi"
Bukaarii fi Muslimtu gabaase.
San gochuu baannee seer malummaa fi hammeenyi argamee, rakkoon Rabbiin malee namni sadarkaa isii tilmaamuu hin dandeenne dhufuu malti.

05 **bikka isaa ni ajjeefama:**
Namni tokko nama amantii keessatti isaan wal madaalu yoo ajjeese, bikka isaa ni ajjeefama.

Faayidaalee Hadiisaa:

Sagaagalummaan (Zinaan) raga namoota dhiiraa afur kan jaalatamoo ta'aniitiin mirkanaa'a. Isaan akka sagaagalummaan kun dhugumaan argame ragaa bahu. Bifa kanaan raguun hedduu ulfaataadha. Kanaaf sheek Al-Islaam Ibnu Teeymiyyaan (Rabbi rahmata haa godhuufii) akkana jedhe: "Takkaa Zinaan ragaadhaan mirkanaa'ee hin beeku". Hanga yeroo inni keessa jiraatee san jechuudha.

Karaan lammaffaa ammoo namichummaan sagaagalummaa hojjate, hojjadhe jedhee amanuudha, akka oduu Maa'iz Bin Maalik (RA) keessatti argame. Inni dhufaa ergamaa Rabbiitti (SAW) zinaa dalagee jira jedhee hime.

Karaan sadaffaa ammo kan sagaagalummaan ittiin mirknaa'u: ulfa. Akkuma Umar (RA) jedhe: "Dhagaan ajjeesuun kitaaba Rabbii keessatti haqa dhaabbataadha, dhiiraa fi dubartii irraallee nama erga gaa'ila dhaabee booda sagaagale irratti, sun yoo ragaan argame, ykn ulfi dubartii irratti muldhate, ykn of kennanii dalaguu isaanii yoo amanan". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

06 Namni Muslimaa sababa Kaafira ajjeeseef hin ajjeefamu, waan Muslimni kaafiraa ol ta'eef, kaafirri muslimaaf jecha ni ajjeefama, waan isaa gadi ta'eef.

07 Yaadni irra caalaan abbaan ilma isaa yoo beekaa ajjeese sababa isaatiif ni ajjeefama. Dhiiras haa ta'uu dhalaa. Waan walii galatti jecha Rabbii:

﴿وكتبنا عليهم فيها أن النفس بالنفس﴾(المائدة: 45)

(Kitaabilee keessatti lubbuun sababa lubbuu biraatiif ni ajjeefamti jechuu isaan irratti murteessine) Almaa'idaa: 45.

Ammas Jechi ergamaa Rabbii kan: "Lubbuun Lubbuudhaa" jedhu waan walitti hammatuuf. Inni kun fira kutuu keessaa sadarkaa ol aanaa waan ta'eef.

08 Namni diinii irraa duubatti deebi'ee, gamtaa muslimootaa keessaa baye ni ajjeefama. Waan ergamaan Rabbii "nama amantii isaa dhiisee, jamaa'aa irraa adda baye" jedhaniif. Ammas Ergamaan Rabbii (SAW): "nama amantii isaa jijjiire ajjeessaa" jedhan. Bukaaritu gabaase.

Hubannoof:

- Qunnamtii dhiirri dhiira wajjiin godhu keessatti –inni sagaagalummaa irra hamaadha waan ta'eef- namni sagaagalu, ykn sagaagalummaan itti hojjatamu kan gaa'ila hojjate ta'uun ulaagaadhaa miti, ulaagaan dhimma kana keessatti nama gahee fi sammuu qabu ta'uu jara lamaanii qofaadha.

- Adabbiin nama hojii warra Luux hojjatuu akkuma warri beektotaa jedhan haala kamiin keessattuu ajjeesuudha, fuudhee jiraatee, kan hin fuudhin ta'ee.

- Sheeyk Al-Islaam Ibnu teeymiyyaan (Rabbiin rahmata haa godhuuf) akkana jedhan: "Sahaabonni nama hojjatee fi kan itti hojjatames akka ajjeefamu waliif galanii jiran". Isa keessatti Hadiisa: "Nama dalagaa warra Luux kan hojjatu argitan, hojjataa fi kan itti hojjatames ajjeessaa" kan jedhuudha. Ahmadii fi Tirmiizitu gabaase. Albaaniin hadiisni sahiiha jedhe.

- Sahaabonni (RA) namoonni kunniin akkamitti ajjeefamu waan jedhu irratti wal dhaban.
  Gariin akka namni jaarsaa kan sagaagale ajjeefamutti ajjeefama jedhan.

  Gariin ammoo bakka ol fuudhamaa wayii irra bayameenii gubbaa gadi darbama, achi duubaan dhagaa isaan irratti gadi dhiisan jedhan. Kun waan Rabbiin tuuta Luuxii bifa kanaan fixeef jedhaniiti.

Gaafilee:

01 Qorannoo tokko barreessi, isa keessatti islaamummaa keessatti waan ajjeechaa nama irratti murteessu ibsi.

02 Jecha Ergamaa Rabbii “kan nama gamtaa islaamaa irraa adda baye” jedhan san ibsi.

03 Bifoota namni lubbuu ajjeesse ittiin ajjeefamu ibsi. Wal dhabdee achi keessa jirus ibsi.





06

عن ابن عباس رضي الله عنهما أن معاذا رضي الله عنه، قال: بعثني رسول الله صلى الله عليه وسلم، قال: "إنك تأتي قوماً من أهل الكتاب، فادعهم إلى شهادة أن لا إله إلا الله وأني رسول الله، فإن هم أطاعوا لذلك، فأعلمهم أن الله افترض عليهم خمس صلوات في كل يوم وليلة، فإن هم أطاعوا لذلك، فأعلمهم أن الله قد افترض عليهم صدقة تؤخذ من أغنيائهم فترد في فقرائهم، فإن هم أطاعوا لذلك، فإياك وكرائم أموالهم، واتق دعوة المظلوم، فإنه ليس بينها وبين الله حجاب" (رواه مسلم)

Abdallaah ilma Abbaas (RA) irraa odeeffamee, Mu'aaz (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) na erganii akkana naan jedhan: "ati tuuta warra kitaaba kennamanitti dhaqxa, isaan san gara Rabbiin malee gabbaramaan biraa hin jiru jechuu ragaa bayuutti waami, Ani (Muhammadis) ergamaa Rabbii ta'uu akka fudhatan itti himi, yoo isaan kana sirraa fudhatan, Rabbiin Salaata Shana halkan hundaa fi guyyaa keessatti dirqama akka isaanitti godhe itti himi, yoo isaan san sirraa fudhatan, Akka Rabbiin Sadaqaa sooreyyii isaanii irraa fudhamtee hiyyeeyyii isaaniitiif kennamtu dirqama isaan irratti taasise itti himi, yoo isaan kanas tole siif jedhan, qabeenya isaanii keessaa irra kabajamtuu eeggadhu hin tuqin, kadhaa nama miidhamaa eeggadhu, kadhaa isaatii fi Allaahuu jidduu wanti dahoo ta'u (Addaan dhoorgu) hin jiru". Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Abdallaa Ilma Abbaas Ilma Abdulmuxxalib kan warra Haashim, beekaa Ummata kanaatii fi hiikaa Qur'aanaati. Daa'imummaadhaan islaamummaa fudhate. Nabiyyii wajjiin addaan hin bayu ture. Hooggantoonni Islaamaa isa kabaju turan. Xumura jireenya isaatti ijji isaa ni jaamte. Ilmii Barsiisuudhaaf taa'a, guyyaa garii Fiqhii (Beekumsa Shari'aa) barsiisa, guyyaa garii hiika qur'aanaa barsiisa, gaafa garii seenaa waraanaa, gaafa garii walaloo, gaafa garii

taateewwan Araba keessatti argamte barsiisa. Xaa'ifitti Hijraa irraa Bara 68ffaa du'e.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Gaggaarii qabeenya isaanii kan jedhame:
horii isaanii keessaa tan caaltuu taate, tan aannan guddaa qabdu, ta bifa bareeddu, ta foon guddaa fi rifeensa guddaa qabdu jechuudha.

Jidduu isaa fi Rabbii dahoon hin jiru jechuun:
kadhaan isaa ni dhagahamti hin deeffamtu jechuudha.

Dhimmi sadaqaa kana keessatti addatti waan kadhaa nama miidhamaa irraa akeekkachiisuun; waan Mu'aaz qabeenya isaanii sassaabuuf, kanaafuu dhimmi kana keessatti namoota miidhuu irraa akka of eegu ajajan, qabeenyi waan namni horatu keessaa irra qaalii waan ta'eef.

Ibsa walii galaa kan Hadiisa kanaa:

Nabiyyiin (SAW) Mu'aaz ilma Jabal Gara Biyya Yaman Hijraa irraa waggaa kudhanaffaa keessa ergan, isaan warra kitaaba qabaniidha, Nabiyyiin (SAW) haala warra Yaman isatti himan akka inni of qopheessee dhaquuf, sadarkaa isaaniif malus akka isaaniif kennuuf, falmii karaa gaarii ta'een isaan wajjiin akka gaggeessuuf.

Ergasiillee Ergamaan Rabbii (SAW) waan jalqaba inni isaan itti yaamuu qabu himaniif, innis Tokkichummaa Rabbii fi ergaa isaa fudhatuudha. Kan haqaan gabbaramu Rabbiin malee hin jiru, isatu gabbaramuu haqa godhata, wanti isa malee jiru kamuu gabbaramuuf haqa hin qabu, wantoota biraa gabbaruun sirrii miti.

Rabbiin Ergamaa isaa (SAW) gara namaa fi Jinniitti erge. Isaan ergaa isa biraa dhufaa ture goolabe. Namni isatti hin amanin warra ibiddaa ta'a.

yoo isaan dubbii kana beekanii ragaa ba'an, akka salaatonni shanii guyyaa fi halkan keessatti isaan irratti dirqama isaanitti taate itti hima, yoo isaan kanas fudhatanii itti amanan, Rabbiin zakaa isaan irratti dirqama godhuu fi zakaan kun sooreyyii irraa fuudhamee hiyyeeyyiidhaaf kan kennamu ta'uu itti hima. Garuu qabeenya isaanii keessaa kan irra qaalii fuudhuu hin qabu, jiddu galeessatu fuudhama, kan isa irratti dirqama ta'u kadhaa nama miidhamaa, kan isiin gara Rabbiitti dhiyoo taate irraa fagaatuudha. Isiin dahoon tokko osoo dura hin dhaabatin ol fuudhama.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Qur'aanaa fi Hadiisni waan namoonni keessatti wal dhaban keessatti akka murtii laataniif bu'an. Seeronni shari'aa baraa fi eddoo kamittuu hojii irra ooluun dirqama.

2. Warra gara Rabbiitti yaaman bakka da'awatti hajamtu hundatti erguun dirqama nama muslimtoota hoogganuuti, Nabiyyiinis (SAW) haaluma Kanaan ergamtoota bakka adda addaatti erguun akka karaa Rabbiititti yaaman taasisaa ture.

3. Nama da'awaa godhuuf haalli ummata da'awan itti godhamuu himamuufii qaba. Akka inni beekumsaa fi amalaanis itti qophaa'u. akka isaan ragaa adda addaa kan dogongorsiisu itti fidanii isa hin dhaabneef.

4. Shaahaadaa lamaanitti (Rabbiin tokkichummaa isaa Ragaa bahuu fi ergamaa Ta'uu Nabi Muhammad ragaa ba'utti aansee) dhimmi jabaan biraa Salaata. Salaanni shaman halkanii fi guyyaa hunda keessatti dirqama. Itti aansee zakaadha, itti aansuun ammoo dirqamoota kaanniin.

5. Kan sirriidhaa: zakaan qabeenya keessatti waajiba. Waan Rabbiin akkana jedheef:

﴿خذ من أموالهم صدقة﴾(التوبة: 103)

(Fuudhi qabeenya isaanii irraa sadaqaa (zakaa)fuudhi jedhu) Attoowbaa: 103

Hadiisa kana keessattis: "Rabbiin sadaqaa qabeenna isaanii irratti dirqama godhee jira".
Haa ta'uutii isiin tun zimmaa (Morma namaatiin) wal qabatti kana jechuun: yoo nama irratti dirqama taatee, garuu namni laafinnuma mataa isaatiif hin kafalin bakka buusuun dirqama itti ta'a.

Dirqamni nama da'awaa godhu irra jiru gara Tokkichummaa Rabbii nama yaamuudhaan eegaluudha, kanaafuu Nabiyyiin Rabbii Yuusuf dargaggoota lamaan mana hidhaa keessatti wal argan wajjiin bifa saniin eegale. Akkana jedha qur'aanni waan da'awaa isaa irraa:

﴿ ياصاحبي السجن أءرباب متفرقون خير أم الله الواحد القهار ما تعبدون من دونه إلا أسماء سميتموها أنتم وءاباؤكم ما أنزل الله بها من سلطان إن الحكم إلا لله أمر ألا تعبدوا إلا إياه ذلك الدين القيم ولكن أكثر الناس لا يعلمون﴾ (يوسف: 39-40)

(Yaa Hiriyyoota koo lamaan Mana hidhaa: sila gooftota adda addaattu caala moo Allaahuu tokkichaa waan hundaa injifateedha. Wanti isin isaa gaditti gabbartan maqaalee ofii keessanii moggaastan, kan Rabbiin gooftummaa jaraa irratti ragaa tokkos hin buusiniidha, murtiin kan Rabbii qofa, inni akka isin isa malee waan biraa hin gabbarre ajajee jira, santu amantii sirriiti, garuu irra hedduun namaa hin beekan) Yuusuf: 39-40

Gara tokkichummaa Rabbii yaamuun nabiyyoonni rabbii hunduu eegalan, yaamichi hunda isaaniituu:

﴿ ياقوم اعبدوا الله ما لكم من إله غيره﴾ (الأعراف: 59)

(Yaa Tuuta tiyya, Rabbiin kophaa isaa gabbaraa, isa malee isin gabbaramaa biraa hin qabdan) Al-A'araaf: 59

6 Zakaan Hiyyeessa irratti dirqama hin taatu. "Dureeyyii isaanii irraa fuudhamtee hiyyeeyyii isaaniitiif kennamti" waan jedhameef. Nama sooressaaf hin kennamtu.

7 Wayta zakaa kaffallu gosoota zakaa fudhatan saddeettan keessaa tokko qofa irrattis gabaabbatuun akka danda'amu argisiisa. Nabiyyiin (SAW) akkas jedhe: "Hiyyeeyyii isaaniitiif kennamti".

8 Zakaan Sadaqaa jedhamtee waamamte, waan qabeenya kennuun dhugaan amanuu nama isa kennee argisiisuuf. Qabeenyi lubbuu namaa biratti jaalatamaadha, namni waan jaalatu hin kennu, waan caalaa jaalatu argatuuf yoo ta'e malee, qabeenya jaalatuu isaa wajjiin yoo baasee kenne, inni kun akka namni jaalala qabeenyaaf qabu caalaa waan Rabbii isaa bira jiru jaalatu argisiisa.

9 Miidhaan dhoorgaa (Haraama) ta'uu isaati. Namni Imaamaa (hoogganaan) warra isaan filee hojii adda addaa irra kaayuu akka isaan Rabbiin sodaatan gorsuu qabaachuu isaa, miidhaa irraa jabeessee isaan dhoorguu akka qabuu fi fokkinna booddee miidhaa isaanii ibsuu akka qabu irraa baranna.

10 Namni Zakaa sassaabu waan dirqamaatii ol fuudhuun isaaf hin hayyamamu, wayta zakaa kafalchiisus qabeenya namaa keessaa ol aanaa filee fuudhuun hin ta'u, waan jiddu jireessa fuudhuu qaba.

11 Kadhaan nama miidhamaa awwaatamtuudha, namni miidhaa eeggatuu fi kadhaa nama miidhamaa sodaatuun barbaachisaadha.



Gaafilee:

01 Qorannoo tokko barreessi, isa keessatti amaloota namni Daa'ii qabaatuu qabu ibsi.

02 Gara islaamummaa yaamuu keessatti shahaadaa lamaaniin jalqabuun maaliif?

03 Hadiisa kana keessatti kadhaa nama miidhamaa irraa maaliif dhoorgan?

04 Qorannoo tokko waa'ee gosoota zakaa fudhatan saddeettan bakka tokkotti argamsiisuu keessatti wal dhabdeen Ulamaan qaban keessatti qopheessi.



الحديث السابع
Hadiisa Torbaffaa

07

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "يأتي الشيطان أحدكم فيقول: من خلق كذا؟ من خلق كذا؟ حتى يقول: من خلق ربك؟ فإذا بلغه فليستعذ بالله ولينته" متفق عليه. وفي لفظ: "لن يبرح الناس يتساءلون حتى يقولوا: هذا الله خالق كل شيء، فمن خلق الله؟".
وفي مسند الإمام أحمد بسند صحيح: "فإذا وجد ذلك أحدكم، فليقرأ: آمنت بالله ورسله، فإن ذلك يذهب عنه".
وعند أبي داود عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: سمعت رسول الله صلى الله عليه وسلم يقول: فذكر نحوه، قال: "فإذا قالوا ذلك فقولوا: الله أحد، الله الصمد، لم يلد ولم يولد، ولم يكن له كفواً أحد، ثم ليتفل عن يساره ثلاثاً، وليستعذ من الشيطانّ وحسنه الألباني.

Abii Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: “Sheeyxaanni tokkoo keessanitti dhufee akkana jedhaan: “Waan akkanaa eenyutu uume? Waan akkanaa eenyutu uume?” Jedheenii. Ergasii Rabbii kee hoo eenyutu uume? Jedhaan. Yoo gaafiin Sheeyxaanaa bakka kana gahe Rabbiin maganfatee haa dhaabbatuu” Bukaarii fi Muslimtu gabaase. Odeessa biraa keessatti: “namoonni of gaafatuu irraa hin deeman hanga kuni silaa Allaahuu waan hunda isatu uumee, isa hoo eenyutu uume jedhanitti”.
Musnada imaamu Ahmad keessatti karaa sirrii ta’een Hadiisa odeeffameen akkana jedha: “tokkoon keessan waan akkasii yoo if keessatti arge, ykn qalbii isaa irra yaa’e: Rabbii fi ergamaa isaatti amane haa jedhuu, wanti isa jeequ sun irraa deemaa” jedhan.

Abuu Daawud kan Abii Hureeyraa (RA) irraa odeessan keessatti akkana jedha: Ergamaa Rabbii (SAW) dhagaye kan inni jedhu: waan akka asii olitti kaafamee kana dubbatee, “Yoo isaan san dubbatan isin jedhaa: Allaahuun tokkicha, kophaa isaa waan hundaa gahaadha (irkoodha) hin dhalanne, hin dhalles, hiriyyaa tokkos hin qabu, ergasii bitaa ofii irratti yeroo sadi haa tufuu, sheeyxaana irraa ammoo haa maganfatuu” jedhan. Albaaniin Hadiisni kun gaariidha jedhe.



Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Sheeyxaanni ni dhufa jechuun:** Ibliis ni abaabbala ykn qarqaartota isaa kan sheyxaanota namaa fi jinni ta'an irraa tokko namatti wal fakkeessee dogongorsiisuu yaala jechuudha.

- **Yoo achi gahe jechuun:** bakka inni Rabbii kee eennutu uume? Jedhu san yoo gahe jechuudha.

- **Rabbitti haa maganfatuu jechuun:** soba sheeyxaanaa kana irraa "A'uuzu billaahi minasheeyxaani-rrajiim" jechuun haa maganfatuu jechuudha.

- **Haa dhoorgamuu jechuun:** haasaa sheeyxaanaa kana wajjiin itti fufee hin deemin, haa dhaabatu jechuudha.

- **Rabbi fi ergamaa isaatti amane haa jedhuu jechuun:**
  Diina Rabbii mata jabeessa kana fallessee, Rabbii kiyyatti amana haa jedhuu, waan ergamaa Rabbii irraa dhufettis amane haa jedhuu.

  Kana jechuun: Sheeyxaanni isa abaabbalu kun yoo isatti dhufe inni ammoo hamtuu isaa jalaa dheessuuf gara Rabbii haa deebi'uu jechuudha. Waan san yaaduu irraallee haa gara galuu. Wanti qalbii keessa na yaa'aa jiru kun hojii Sheeyxaanaati jechuus haa beekuu, inni yeroo hundaa nama balleesuu fi karaa irraa nama maqsuuf deema, kanaaf haasaa isaatiif hin dhageeffatin, waan biraatiin heewwasamuudhaan kan isaa kana balbala haa cufuu.

  Hanga isaan kun Allahuu kan waan hunda uume, isa hoo eenyutu uume jedhanitti: gaafiin sadarkaa isaan kana dubbataniin isaan gaha jechuudha, kun gaafii dogongoraati, Rabbiin uumaadha malee uumamaadhaa miti, waan akkasii gaafatuun mata jabinna.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisa kana keessa qajeelfama nabiyyii kan gaarii ta'etu jira, akka namni waan onnee isaa keessa yaa'u kan sheeyxaanni itti fidu wajjiin hin yaadne, isii fudhachuu akka didu, waan sanniin keessatti sheeyxaana wajjiin deemuu akka dhiisu, yaada kana irraa gara galuu fi Rabbiin maganfatuudhaan akka addaan kutu. Namni gaafiin kun qalbii isaa irra yaa'e, Rabbitti amane jedhee, Suuraa (Boqannaa) iklaas (Qul huwallaahu Ahaduun) haa qara'uu.

Ergasii cinaa isaa kan bitaatti haa tufuu, Rabbitti haa maganfatuu akka sheeyxaanni isa irraa baduuf, sobni isaatis akka irraa cituuf. Sheeyxaanni wanti akkasitti nama sossobuu fi jeequu barbaaduuf jallisuu irraa abdii waan kutateef. Nama waan adda addaatiin isa jeequudhaan rakkisa. Nama kaafiraa ammoo gara barbaadeen itti dhufa, kan isaa dubbiin jeequmsa qofa irratti hin gabaabbatu, inuma bira dabarsee akka fedhetti isaan taphata.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Sheeyxaana darbamaa irraa Rabbitti maganfachuun dirqama ta'uu isaati. Akka sheeyxaanni nama irraa ari'amuuf. Gabrichi humnaa fi mala isaatiin sheeyxaana mooyachuu hin danda'u, kanaaf gara Rabbii isaa dheessee, tika isa irraa barbaaduun rakkoo san kessaa bahuu qaba.

02 Jeequmsi Sheeyxaanaa fi inni lubbuu nama Mu'uminaa keessatti itti haasayuun waan mu'uminni jallisaa kiyya naaf hin fudhatu jechuu abdii kutateef, akkasuma Kufrii isaaf bareechisee akka isa amansiisuu hin dandeennee fi mu'uminni san irraa tika qabaachuu waan hubateef, kanaad kara mala itti baasuu fi lubbuu isaa keessatti itti haasayuun isa rakkisuu barbaada. Waan Mu'uminni jibbuun itti dhufa. Akkuma Ergamaan Rabbii (SAW) jedhan: "Rabbiin guddaadha, Rabbiin guddaadha, Rabbiin irra guddaadha, faaruun kan Rabbii mala sheeyxaanaa gara jeequmsaatti gadi buuseeti" Abuu daawuditu gabaase. Albaaniin Sahiiha jedhe.

03 Sheeyxaanni laafaa ta'uu ifa godha. Inni Mu'umina jallisuu irraa abdii kutatee akka jiruu fi mala biraa dhabnaan gara jeequmsa keessootti deebi'uu isaati. Kanaaf Rabbiin akkana jedhe:

﴿ إن كيد الشيطان كان ضعيفا ﴾ (النساء: 76)
(Malli sheeyxaanaa laafaadha) Annisaa'i: 76


04 Waan Zaata (qaama) Rabbii fi amaloota (sifa) isaatiin wal qabatu keessatti falmuun haraama ta'uudha, irraa dhaabachuu barbaachisa, keessa seenuun hin ta'u.

Gaafilee:

01 Garii jechoota Hadiisaa keessatti Nabiyyiin Rabbii(SAW) "sun ifa galaa limaanaati" jedhan kan jedhutu jira. Hima kana akkamitti ibsita?

02 Jeequmsa Sheeyxaanaa wajjiin tooftaa kam fayyadamta?

03 Rabbiin Qur'aana isaa kabajamaa keessatti laafina Sheeyxaanaa irraa maal jedhe? Ragaalee Qur'aanaaf Hadiisaa irraa fayyadamuudhaan akkamitti Sheeyxaana eeggattee irraallee nama akeekkachiifta?



08

الحديث الثامن
Hadiisa Saddeetaffaa

عن علي رضي الله عنه قال: كان النبي صلى الله عليه وسلم في جنازة، فأخذ شيئا فجعل ينكت به الأرض، فقال: "ما منكم من أحد إلا وقد كتب مقعده من النار، ومقعده من الجنة" قالوا: يا رسول الله، أفلا نتكل على كتابنا، وندع العمل؟ قال: "اعملوا فكل ميسر لما خلق له، أما من كان من أهل السعادة فييسر لعمل أهل السعادة، وأما من كان من أهل الشقاء فييسر لعمل أهل الشقاوة"، ثم قرأ: (فأما من أعطى واتقى وصدق بالحسنى فسنيسره لليسرى) الليل: 5-7. متفق عليه.

Aliyyi irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Nabiyyiin Rabbii (SAW) janaazaa wayii keessa ture, waa lafaa fuudhee dachii ittiin qoqqotuu eegale, ergasii akkana jedhe: "isin irraa namni tokkoo hin jiru bakki teessuma isaa kan Ibiddaa fi bakki isaa kan Jannataallee qophaa'uuf malee" jedhan. Sahaabonni akkana jedhan: Yaa ergamaa Rabbii, erga akkas ta'e kitaaba keenna irratti irkannee, dalagaa hin dhiisnuu ree? Nabiyyiin (SAW) akkana jedhaniin: "Dalagaa, hunduu waan uumameeftu laafaafi, namni warra milkii keessa jiru hojii warra milkiittu isaaf laafa, kan warra hoongoo keessa jiru dalagaa warra hoongoottu isaaf laafa" jedhanii, ergasii Qur'aana kana qara'an: (Nama Rabbiin sodaatee, duniyaa isaa kenne, kan jannata dhugoomse, karaa laafaa (jannataa) isaaf salphifna) Alleeyli: 5-7. Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisa kanaa:

Aliyyi Ilma Abbaa Xaalib, Kan warra Haashim. Bakka bu'oota ergamaa Rabbii keessa isa afraffaa, kan ummanni hundi akkas ta'uu waliif galan. Nabiyyiin (SAW) mucattii isaanii faaximaa itti heerumsiisan. Erga Usmaan (RA) ajjeefamee booda angoo qabate. Garuu dhimmi bulchiinsaa tasgabbaa'ee isa harka hin turre, booda Kuufatti ajjeefame. Warri kawaarijaa (finciltootaa) kaafira isaan jedhan. Warri Shii'aa ammoo isa faarsuu keessatti daangaa dabranii Kulafaa'ota sadan irra caalchisan. Gariin isaan san birayyuu dabranii sadarkaa Rabbummaatti ol fuudhan. Hijraa Irraa waggaa 40ffatti du'e.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Lafa qoqqotuu jalqaban jechuun: dachii gadi dhadhayaa, mallattoo itti godhuu turan.

Bakki isaa barreeffamu malee jechuun: eddiin teessuma isaa godhamuuf malee jechuudha.

Kitaaba keenna irratti hin irkannuu jechuun: isuma dura nuuf barreeffame san irratti of hin dhiifnuu jechuudha.

Hojiin hin dhiifnuu jechuun: hojii dalaguu ni dhiisne, erga dura barreefamee murtaa'ee jiraate, dalagaan faayidaa wayiituu waan hin qabneef jechuu isaaniiti.

Hunduu waan uumameftu laaffifamaaf jechuun: waan dura Rabbi isa qopheesseeftu isaaf laafa jechuudha, wanti achi booda dhufe ammoo yaada kana hiikee jira; yoo warra milkii ta'e hojiin warra milkii, yoo warra hoongoo ta'e hojii warra hoongoottu laafaaf jedhan.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisichi akka rabbiin waan fedhe akka ofii fedhetti dalagee fi garii isii garitti hidhe ibsa. Wantoota kanniin sababaa walii taasise. Rabbiin garuu waan hunda sababa tokko malees argamsiisuu ima danda'a ture. Garuu wanti inni akkas godheef ogummaa isaa kan inni qofti beekuuf, waan dubbiin isaa dura akkasiin dabriteef, aadaan isaa akkas waan taateef.

Namni warra Jannataa ta'uun isaa murtaa'e;	Namni warra ibiddaa ta'uun isa murtaa'e;
hojii gara Jannataa isa dhiyeessutu laaffifamaaf, isatti qajeela, onneen isaa dhugaa fudhachuudhaaf laaftuu taati, jidduu dhugaa fi dharaa addaan baasuu danda'a.	waan faallaa ka warra jannataattu isaaf laafa, fedhii lubbuu isaattu bakka maletti isa gata, onnee isaattu dandi'aaya, gorsii fi mallattooleen Rabbii kan feetes itti dhufnaan homaa isaa hin gootu, hojii warra Ibiddaa hojjata, bifa saniin warra isii ta'a.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Gorsi addaa bakka qabriititti akka barbaachisu irraa baranna. Nama du'e yeroo inni qabrii keessa gadi kaayamu arguun, du'a yaadachuun waan qalbii namaa laaffisuu fi gogginna isaa waan balleessuudha.

2. Uumamtoonni Rabbii hunduu ajaja isaatiin argamte, jecha "Ta'i" jedhuun argaman, wanti hudduu hammaa fi murtii qaba. Waa itti hin dabalaman, irraa hin hirdhatan, waa duubatti hafuun yeroo isii irraa hin jijjiiraman, yeroo isiif kaayamte duras hin dabritu, hiree fi umriinis qoodamtee jirti. Wanti Rabbiin namaaf qoode dabree jira. Warri Jannataa fi Ibiddaatis beekumsa Rabbii keessatti waan dura lafa gaye. Teessoon isaaniis isa biratti ni beekama.

3. Hadiisni kun hundee warri Sunnaa Milkii fi hoongoonis murtii Rabbii kan dur dabreen jedhan san irratti isaan qarqaaruudha.

4. Rabbiin nama isaan bulee Jannata seenuu fi isa didee ibidda seenus ni beeka, Rabbiin itti hajamee tokkoon isaanii hojii gaarii, kuun ammoo hojii yakkaa akka hojjatu hin goone, duraa beekumsa isaa keessati wanti isaa dalagan ifaadha. Rabbiin Waan warra Jannataa irratti akkana jedhe:

﴿جزاء بما كانوا يعملون﴾ (الأحقاف: 14)
(Jannata isaaniif kennine galata waan isaan dalagaa turaniitiif) Al-Ahqaaf: 14

Waan warra Ibiddaa keessattis akkana jedhe:

﴿جزاء بما كانوا بئاياتنا يجحدون﴾(فصلت: 28)
(Ibidda isaan seenisfne galata waan isaan ergaa keenna mormaa turaniitiif) Fussilat: 28

Waan garee lamaanii irrattuu akkana jedhe:

﴿ ليجزي الذين أساؤوا بما عملوا ويجزي الذين أحسنوا بالحسنى﴾ (النجم: 31)

Warri yakka dalagan waan isaan dalaganiin galata kafaluufiif, warra Hojii Gaarii hojjatanis gaarima akkasiitiin galata isaanii deebisuu) Annajmi: 31

Mindaa fi Adabbiin isaatis hojima isaanii irratti akka ta'e hime.

Oduun kun hojii dhiisuu fi guddisuu keessatti dhiibbaa godhuu hin qabu jechuu irraa baranna. Ergamaan Rabbii (SAW):
"Namni hunduu waan uumameefiif laaffifama" waan jedhaniif.

5 Hadiisni kun hojii xiqqeessaa jechuu of keessaa hin qabu, inumaa akka hojii bay'ifatan barsiisa, akkuma of dinqisiifachuu irraa nama dhoorgu, akkasuma yakka walitti hordofsiisaa dalagaa jechuud-haallee miti, namni yakka dalage tola Rabbii irraa abdii kutatuu hin qabu waan yakki isaa baay'atteef, gara toowbaa ariifatuu qaba jechuu of keessaa qaba malee.

Gaafilee:

01 Hiikni Jecha ergamaa Rabbii (SAW): "Dalagaa hunduu waan uumameefiif laaffifamaa" jedhu maal jechuudha?

02 Gama dalagaatiin Hadiisa kana irraa maal fayyadamta? Inni kun dalagaa akka dhiisan nama taasisaa?

03 Waan alaa dubbisuudhaan, garee waan murtii Rabbii keessatti karaa irraa maqxe tami?



09

الحديث التاسع
Hadiisa Saglaffaa

عن عبدالله بن مسعود رضي الله عنه قال: حدثنا رسول الله صلى الله عليه وسلم وهو الصادق المصدوق، فقال: "إن أحدكم يجمع خلقه في بطن أمه أربعين يوما نطفة، ثم يكون علقة مثل ذلك، ثم يكون مضغة مثل ذلك، ثم يرسل الملك فينفخ فيه الروح، ويؤمر بأربع كلمات: بكتب رزقه، وأجله، وعمله، وشقي أو سعيد، فوالذي لا إله غيره إن أحدكم ليعمل بعمل أهل الجنة حتى ما يكون بينه وبينها إلا ذراع، فيسبق عليه الكتاب، فيعمل بعمل أهل النار، فيدخلها، وإن أحدكم ليعمل بعمل أهل النار، حتى ما يكون بينه وبينها إلا ذراع، فيسبق عليه الكتاب، فيعمل بعمل أهل الجنة فيدخلها" (متفق عليه)

Abdallaah ilma Mas'uud irraa odeeffamee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) kan dhugaa dubbataa fi dhugoomfamaa ta'e nuuf odeessee akkana jedhe: "Tokkoo keessan uumaan isaa jalqabaa garaa haadha isaa keessatti guyyaa afurtamatti bishaan ta'ee walitti qabama, afartama akkasii turee gara dhiiga ititaatti jijjiirama, ammas afurtama akkasii ture hanga alanchaa foonii ta'a. ergasii Malakaan ergamuu hafuura itti afuufa, waan afurittis ajajama. Hiree namichaa, jireenya isaa, dalagaa isaa, milkaa'aa ta'aa fi hoonga'aa ta'aa isaatis akka barreessu ajajama. Rabbii Lubbuun kiyya harka isaa jirtuun kakadhee tokkoon keessan hojii warra Jannataa dalagaa turee, ergasii galmeen gaafa duraa barraa'e sun dursee, wayta Jannata seenuuf wanti hanga dhundhuma takkaa isaa haftu hojii warra Ibiddaa hojjatee ibidda seena. Tokkoon keessan hojii warra Ibiddaa dalagaa turee, wayat inni ibidda seenuuf wanti hanga dhundhumaa isaaf haftutti galmeen gaafa duraa sun dursee hojii warra Jannataa dalagee Jannata seena". Bukaarii fi Muslimtu gabaasan.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Dhugaa dubbataa dhugoofmaa jechuun: kan jecha isaa keessatti dhugaa dubbate, beeksisa ykn ergaa isatti dhufu keessattis kan dhugoomfamu jechuudha.

Bishaan ta'ee jechuun: copha (Maniyyii) ta'ee.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Dhiiga ititaa jechuun: dhiiga furdaa, kan Raammoo dhulaandhulaa tan bishaan ciisu keessatti argamtu fakkaata jechuudha.

Alanchaa foonii jechuun: kutaa foonii, waan hanga namni afaanitti alanfatuu jechuudha.

Hafuuratu itti afuufama jechuun: waan qaamni namaa ittiin jireenya argatuudha, akkaataa itti afuufamu Rabbitu beeka, garuu hafuurri sun rimaya keessatti afuufamee, qaamnis ofitti isa fudhata.

Jireenya isaa jechuun: hamma inni duniyaa keessa turu jechuudha. Jireenya kan murteessu Allaahuudha. Namni gariin wayta dhalatu du'a. gariin hanga waggaa dhibbaa jiraata. Hadiisa keessatti ergamaan Rabbii (SAW): "Umriin ummata tiyyaa jidduu Jahaatamaa hanga Torbaatamaati. Isaan keessaa kana chi bira dabru muraasa" jedhan. Tirmizitu gabaase. Hadiisicha wayyaadha jedhe.

Dalagaa isaa jechuun: waan namichi carraaqatu, kan gochaa, kan jechaa fi onneen yaadus jechuudha.

Hojii warra jannataa hojjata jechuun: waan namni laalee argu keessatti jechuudha. Odeessa biraa keessatti bifa Kanaan hiikame.

Hojii warra Ibiddaa hojjata jechuun: hojii dur dalagaa ture san dhiisa. Waan durumaa amalli munaafiqummaa kan dhokataa isa keessa jiruuf, sababa saniin gara qilee Jahannam bada jechuudha.

Dhundhuma kan jedhame: hanga inni du'atti dhiyaatee jiru fakkeenya godhuuf. Ganda dalagaa isii dalagaa ture san bira gayuuf akkuma nama dachii irraa bakka wayii gahuuf dhundhumni tokko hafeefiiti jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisa kana keessatti namichi haadha warraa isaa wajjiin qunnamtii saalaa raawwatee, gadaamessaa isii keessatti bishaan yoo buuse guyyaa afurtama bishaan ititaa (waan akka furrii) ta'ee tura. Suuta suutaan jijjiiramee dhiiga ititaa ta'a, ergasii yabbatee ititee suuta suutaan gaafa guyyaa saddeettama gahu hanga alanchaa foonii gaya. Rabbiin waan kutaa foonii kana irratti akkana jedhe:

﴿من مضغة مخلقة وغير مخلقة﴾ (الحج: 5)
(Kutaa Foonii tan uumamtee nama taatuu fi tan jigdee baddu irraa) Alhajji:5

Guyyaa afurtama turtee, gaafa dhibbaa fi digdama guuttu uumamti. Garuu akkaataan uumama isii guututti ifa hin galu hanga guyyaa sagaltama geettutti. Yoo kutaan foonii tun guyyaa dhibba tokkoo fi digdama guuttu Rabbiin gara isiitti Malakaa gadaamessatti ajajame ergee, hayyama Rabbiitiin hafuura keessatti afuufa. Hafuurri (Ruuhiin) kun dhimmi Rabbii Aalamaa malee qaamni biraa hin beekneedha. Hafuurri tun keessa deemtee qaama guutuu keessa seenti. Gaafa kana nama ta'a, achi dura homaa hin turre.

Malakichi dubbii afuritti ajajama:

1. Hiree isaa barreessuu
2. jireenya isaa
3. dalagaa isaa
4. warra milkii ta'a moo warra hoongootii

Namni tokko yeroo dheeraaf akka namaa muldhatutti hojii warra Jannataa dalaga, ergasii ammoo badii lubbuu isaa fi onnee isaa keessa jirtu irraa kan ka'e dalagaa warra ibiddaatiin isaaf xumurama.

Namni tokko ammo yeroo dheeraaf akka namaa muldhatutti hojii warra ibiddaa hojjata, ergasii ammo waan inni gama Rabbii deebi'ee fi Gara Rabbii isaa dhiyaachuuf carraaqeef hojii warra jannataatiin isaaf goolabama. Kanaafuu gabrichi booddee toluu irratti futunuu fi mala Rabbii irratti of amanuu irraa fagaatuu qaba. Dalagaa ofiitiin sobamuun hin barbaachisu.

Faayidaalee Hadiisichaa:

1. Gaarummaa Tooftaa Abdallaah Ilma Mas'uud Hadiia ittiin odeesseedha, waan Burcuqqoo Nabiyyummaa keessaa baatu fakkaatti. Jechoota ulfaattuu fi mi'ooftuudha.

2. Nama Uumaan isaa garaa haadha isaa keessatti bifa Nabiyyiin (SAW) nuuf himan Kanaan walitti qabama. Kun mallattoolee Nabiyyummaatii fi Raajii isii keessaayi.

3. Ogummaa Rabbiin tartiiba jijjiirama rimayaa keessa kaayeedha, bishaan irraa gara dhiigaatti.

4. Sadarkaan sadaffaan uumaa namaa keessaa kutaa fooniiti. Kutaan foonii tun uumamtuu ta'uu dandeetti, osoo uumaan isii hin guutin hafuu malti. Akkuma Qur'aanni ibse.

Faayidaa addaa:

- Kutaan tun uumamtee nama ta'uu fi osoo uumama guutuu hin taane hafuu irratti hundaa'uun, osoo kutaan tun garaa haadhaatii baatee, dhiigni isii wajjiin bahu dhiiga dahumsaa osoo hin taane, dhiiga ulfi baduuti.
- Namni guyyaa afurtamaaf bishaan ta'ee tura. Ulamaa'iin sadarkaa bishaaniitti gaafa jiru kana baasuun ta'a moo hin ta'uu irratti wal dhabanii jiru:

Deebiin: Garii warra beektotaa baasuun ni ta'a jedhan; waan nama hin ta'iniif, bu'uura namaa kan ta'u dhiigninuu hin argamne waan ta'eef.
Gariin isaanii ammo hin ta'u jedhan. Waan Rabbiin Qur'aana keessatti:

﴿ فجعلناه في قرار مكين إلى قدر معلوم ﴾(المرسلات: 21-22)
(Nuti ilma namaa bishaan taasifnee bakka mijataa gadaamessaa keessa tursiifne, hanga beellama beekamaatti) Almursalaat: 21-22

Kanaafuu nuti bakka mijataa Rabbiin keessa qubsiise kana irratti ugginee rimaya achii baasuu hin qabnu jedhan, isa kanatu garu yaada caalaa irra dhiyaata. Garuu haraamummaan isaa kan akka gaafa ji'a afur ga'eetii miti.

5 Hafuurri (Ruuhiin) qaama keessatti afuufamti, akkaataa itti afuufamtu ammoo hin beeknu, inni kun dhimmoota nama jalaa dhokatan keessa waan jiruuf. Akkuma Rabbiinuu jedhe:

﴿ومريم ابنت عمران التي أحصنت فرجها فنفخنا فيه من روحنا ﴾ (التحريم: 12)
(Maryamiin mucattii Imraan fakkeenya goone, ishee qaama saalaa isii haraama irraa tiksitee, hafuura (Ruuhii) keenna irraa keessa isaatti afuufne) Attahriim: 12

6 Malaa'ikoonni (AS) gabroota, ni ajajamu, ni dhoorgamu. Waan Hadiisa kana keessatti "Jechoota afuritti ajajama" jedheef. Ajajaan ammoo Allaahuudha.

7 Wantoonni kunnii afran ilma namaa irratti barreeffamtuudha. Hireen isaa, ajalli isaa, hojiin isaa, milkaa'aa ta'uu fi hoonga'aa ta'uun isaa.
Kana jechuun: nuti sababa hiree ittiin argamsiifannu hojjachuu hin qabnu jechuu miti, nutis ni hojjanna, wanti nuti hojjannu garuu hiree nuuf barreeffame sana hordofa.

8 Namni waan isaaf barreeffamee jiru hin beeku. Kanaafuu wan isa fayyadu argamsiifachuuf akka carraaqu ajajame. Kun ajaja akkanumatti masakamuufiin dirqama ta'uudha. Hundi keennaa waan nuuf barraa'e hin beeknu. Garuu waan nu fayyadu argamsiifachuu fi waan nu miidhu dhiisuuf akka tattaafannu ajajamnee jirra.

9 Murtii (Qadara) raggaasisuu keessatti ragaa ifa ta'etu jira. Wanti uumama keessatti argamu kan miidhaa fi faayidaa kamuu murtii Rabbiitiin.

10 Bifa dalagaawwaniitiin sobamuu dhabuu, dalagaa irraa kan laalamu xumura ta'uu isaati.



Hubannoof:

Hafuurri kan rimaya keessatti afuufamu erga baatii afur guutee boodaadha. Hadiisa kana keessatti: "Ergasii Malakaan ergamee hafuura keessatti afuufa" jedha waan ta'eef. Kana irraa ka'uudhaan:

a > Rimeenni erga lubbuun itti afuufamtee booda yoo dubartii irraa bahe ni dhiqama, ni uffifama, irratti salaatama, qabrii muslimtootaa keessatti awwaalama, maqaanis itti moggaafama, aqiiqaanis irraa qalama; waan nama ta'eef jechuudha. Seerri isaa seeruma nama guddaati.

b > Erga lubbuun (Hafuurri) itti afuufamee booda rimaya baasuun haraama (Dhoorgaa)dha.
Gaafa kana isa baasuun sababa balleessaa isaa waan ta'eef. Isa ajjeesuun hin ta'u, nama ta'ee jira waan ta'eef.

Gaafilee:

01 Hiikni jecha Nabiyyii: "Tokkoon keessan dalagaa warra jannataa dalagee hanga jidduu isaatii fi jannataatti dhundhuma takka malee hin hafnetti galmeen isa dursee hojii warra ibiddaa hojjatee isii seena" jechuun maal jechuu isaati?

02

03 Sadarkaalee (Marsaalee) uumaa namaa fi seerota Kanaan wal qabatan dubbadhu.

04 Wal dhabdee ulfa baasuu keessatti jiru ibsi. Akkaataa baratte irratti hundaa'uun. Qorran-noowwan biraatiinis deeggari.

05 Dhiigni dubartii irraa erga rimeenni irraa bayee booda bayu murtiin isaa maaliidha? Adda baasii ibsi.





10

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "المؤمن القوي خير وأحب إلى الله من المؤمن الضعيف، وفي كل خير، احرص على ما ينفعك، واستعن بالله ولا تعجز، وإن أصابك شيء، فلا تقل: لو أني فعلت كان كذا وكذا، ولكن قل: قدر الله وما شاء فعل، فإن لو تفتح عمل الشيطان" (رواه مسلم)

Abii Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) jedhan: "Mu'umina jabatu caalaa fi gara Rabbiitittis irra jaalatamaadha, Mu'umina laafaa irra. Hundinuu keeyrima qaban. Waan si fayyadu irratti futuni. Rabbiin qarqaarsifadhu, hin dadhabin, yoo waa si mudatan: osoo akkas godhee jiraadhee silaa akkas ta'a hin jedhin. Garuu kan ati jechuu qabdu: Rabbitu murteessee waan fedhe hojjate. (Osoo) jechuun dalagaa sheeyxaanaa namatti banti". Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

Mu'umina jabaa jechuun: kan iimaanni isaa cimaa, waan Rabbiin dirqama isa irratti godhe hundaan kan dhaabbatu jechuudha. Nama amantiin isaa laafaa Iimaanni isaatis laafaadha, akka inni waan dirqamaa hojjatuuf isa hin kakaasu, haraama irraa isa hin dhoorgu.

Gara biraatiin akkana jechuun hiikan: Mu'umina jabaa jechuun kan Iimanni isaa cimaa, qaamaanis jabaa hojiin isaatis Mu'umina iimaanni isaa laafaa irra gaarii (Kheeyrii), Mu'umina qaamni isaa fi dalagaan isaa laafaadhaa kan caalu jechuudha.

Sababni isaas: Mu'uminni jabaan hojjatee Muslimtootaaf oomisha, humna isaa kan qaamaa fi iimaanaatiinis muslimtoota fayyada, Muslimtootni qabsoo keessatti fi Islaamummaa irraa qolachuu (Deebisuu) keessattis isa irraa fayyadamana.

Hunduu keeyrii qabu jechuun: Mu'uminni cimaa fi laafaan keeyrima qabu, waan lachuu iimaana qabaniif jechuudha. Namni laafaan suni hanga humna isaatiin Rabbiin ni gabbara waan ta'eef.

Wanti Nabiyyiin "Hunda keessaa keeyritu jira" jedhaniif; akka namni tokkos Mu'uminni laafaan faayidaa hin qabu jechuu hin seeneef, Mu'uminni laafaanis keeyrii ni qaba, Rabbii isaa Tokkoomsa, Isa gabbara, maqaa isaa dubbata, ibaadaa biros hojjata.

Waan si fayyadu irratti futuni jechuun: waan isa hojjachuun Rabbiif buluu ta'e irratti futuni, waan isa bira jiru kajeeli, waan duniyaa keetii fi Aakirattis bu'aa siif qabu hojjadhu jechuudha. Rabbiin qarqaarsifadhu jechuun: Rabbiin qarqaarsifachuu hin dagatin, osoo waan laafaa irrattis ta'ee, osoo qarqaarsi Rabbii jiraachuu baatee dhimmi kee kamuu siif hin laafu ta'uu jala muri beeki.

Hin dadhabin jechuun: hojii keessatti itti fufi, duubatti hin jedhin, dadhabbii fi laafinni turtii yeroo gabaabaa booda sitti hin dhagayamin, sababa saniif dalagaa dhiiftaa jechuudha.

Yoo waa si mudatan osoo akkas hojjadhee akkana akkana ta'a hin jedhin jechuun: erga futuntee, waan dandeettuun tattaafattee, Rabbii keetiin qarqaarsifattee hojjattee, booda yoo dubbiin faallaa waan ati barbaadduu ta'e; osoo duraa akkas hojjadhee silaa akkas ta'a ture hin jedhin. Wanti kun dhimmi humna keetii olii waan ta'eef.

Garuu murtii Rabbii fi waan inni fedhe jedhi jechuun: kun waan Rabbii murteessee raawwateedha, Rabbiin ammoo waan ofii fedhe ni hojjata jechuudha.

(Osoo)n dalagaa sheeyxaanaa banti jechuun: balbala gaabbii, yaadduu fi jeequmsaa sitti banti, haala wanti ta'u hunduu raawwatamee jiruun, wanti raawwatame sun ammoo hin jijjiiramu jechuudha.

Ibsa walii galaa Kan Hadiisa

Hadiisa guddaa kana keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) Mu'umintoota keessaa jabaa fi laafaan akka jiru ibsan. Garuu ammoo Mu'umina cimatu laafaa irra caala jedhan, waan namni Mu'uminaa cimaan ofii fi namoota birootis fayyaduuf. Faayidaan isaa gara warra isaa, gosaa fi hawaasa isaatti dabriti. Mu'umina laafaa ammoo faayidaan isaa mataa qofa irratti dhaabatuu mala. Mu'uminni jabaan humna isaa fayyadamee tuuta sheeyxaanaa cabsuu danda'a, yoo dubbate dubbiin isaa jabaadha, yoo hojjates dalagaan isaa cimaadha.

Namni iimaana cimaa qabu wayta qabsoo keessatti diinaan wal gahan fuulduratti deema, hojii gaaritti nama ajajuu irrattis kutannoon isaa cimaadha, hamtuu irraa nama hoorguu keessattis akkasuma. Salaata irratti, sooma irratti, Rabbiin yaadachuu (Zikrii) irratti fi hojiiwwan Ibaadaa hunda irrattuu baay'ee futunaa fi fedhii qabaata.

Ergasii Nabiyyiin (SAW) dhaamsa walii gala hawaasa isaanii hundaaf dhaamuudhaan itti fufanii akkana jedhan: "waan si fayyadu irratti futuni (Bololi)" kana jechuun: waan fayyadu argamsiisuu fi ittti aantee hojjachuu irratti tattaafadhu, yeroo kan kee waan diinii fi duniyaa keessattis faayidaa qabu irrati dabarsi, yoo bu'aan duniyaa fi diinii wal bira sitti dhufte; tan diiniitiif dursa kenni, sababni isaas: yoo diiniin namaa tole duniyaanis ni tolti, duniyaan garuu yoo isii qofa irratti fuulleffatan amantiin namaa ni bada.

Ergasii ammoo hanga dandeettu yaalii gootee, Rabbii keetiin qarqaarsifattee, dubbiin ammoo faallaa waan ati feetuu fi eegduu yoo ta'e hin gaabbin. Osoo akkas godhee silaa akkas ta'a hin jedhin; akkas taate taanaan sobni sheeyxaanaa, gaabbii fi gaddi sitti banamee jireenya kee qulqulluu sirratti booressa. Kun ammoo erga wanti hundi xumuramee booda waan ta'eef, dhimmi kee hunda gara Rabbii jabaa ta'eetti irkiftee, kun murtii Rabbiitii fi waan inni fedhetu raawwatame jedhi jechuun nuuf dhaaman.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Waan diinii fi duniyaa keessatti nama fayyadu irratti futunuu fi fedhii cimaadhaan fuula itti deebi'uu.

02 Sababa geessuudhaan Rabbitti qarqaarsifachuu, namni sababoota barbaachisu dalaguu dhiise nama dadhabaa fi waan gochuu qabu irraa duubatti harkifate ta'a.

03 Murtii Rabbiitiif masakamuun dirqama, waan ini murteesse jaalatuunis.

04 Waan raawwatamee dabre irrati gaabbuu irraa akeekkachiisutu keessa jira, akkasumas karaalee Sheeyxaanni namatti seenuun irraa dhoorguun.

Faayidaa addaa:

Itti fayyadama (Osoo):

01 Inni duraa karaa waan dabre irratti gadduu fi murtee Rabbii irratti obsa dhabuutiin. Inni kun kan ergamaan Rabbii (SAW) irraa dhoorganiidha. Gabrichi Mu'uminaa wanti murtii Rabbii keessatti isa mudata jedhamee kaa'ame akka isa hin dhabnee fi wanti Rabbiin si hin tuquu murteesse akka isa tuquu hin dandeenne amanuu qaba.

02 Jecha (Osoo) kana waan dabre irratti gadduuf osoo hin taane dubbachuudha. Fakkeenyi isaa jecha Allaahuu:

﴿ لو كان فيهما آله إلا الله لفسدتا ﴾ (الأنبياء: 22)

(Osoo dachii fi samii keessa Rabbiin malee gabbaramtoonni biraa jiraattee silaa jarri lamaan badan) Al-Anbiyaa'i: 222

Ykn ammoo jaala Keeyrii fi fedhii isaaf qabaniif yoo jedhan, akka fakkeenya: "osoo anis qabeenya akka ebaluutti qabaadhee silaa akkuma isaa waan gaarii hojjadha" jechuun fa'a, kan akkanaa kun ni hayyamama.

Faayidaalee Hadiisaa:

Ibnul Qayyim (Rabbiin rahmata isaaf haa godhuu) akkana jedhe: Hadiisni kabajamaan kun hundeelee gurguddoo limaanaa of keessaa qaba, isaanis:

1. Rabbiin ol aanne jaalalaan ni himama, inni dhugumaan jaalata jechuu.
2. Rabbiin waan maqaa isaa fi sifa (amala) isaatiin wal qabatu ni jaalata. Rabbiin jabaadha, Mu'umina jabaas jaalata. Rabbiin tokkicha salaata qaraa (Witrii) jaalata. Rabbiin bareedaadha, waan bareedas jaalata. Rabbiin beekaadha, beektotas jaalata.
   Rabbiin kan nama nagaa godhu (Mu'umini), mu'umintootas jaalata, Rabbiin tola oolaadha, warra tola oolanis ni jaalata, Rabbiin obsaadha, warra obsa qaban jaalata, Rabbiin galatoonfataadha, warra galata galchanis ni jaalata.
3. Jaalalli Rabbiin Mu'umintootaaf qabu wal caalti, garii isaanii garii caalaa jaalata.

Gaafilee:

01 Jechi Nabiyyii (SAW): "Mu'umina jabaa" jedhu maal jechuudha?

02 Qajeelfamni hadiisa kana keessatti dhufe, kan akkan namni yeroo hundaa dhimmi duniyaa fi aakiraa keessattis carraaqu barsiisu maaliidha? Maal irraa hubattas?

03 Jaalala Rabbiif ragaasisuun hadiisa kana keessatti ifatti muldhata. Ragaalee Qur'aanaa fi Hadiisaa waan kana irratti qajeelchitu dubbadhu.

04 Seerota jecha (osoo) ibsi, yoom akkas jechuun hayyamama?





11

عن ابن عباس رضي الله عنهما أنه سمع عمر رضي الله عنه يقول على المنبر: سمعت النبي صلى الله عليه وسلم يقول: "لا تطروني كما أطرت النصارى ابن مريم، فإنما أنا عبده ورسوله، فقولوا عبدالله، ورسوله" (رواه البخاري)

Abdallaah Ilma Abbaas irraa odeeffamee (RA) inni Umariin (RA) kan Minbara gubbaa dhaabatee akkana jedhu dhagahe: Nabiyyii Rabbii (SAW) akkana kan jedhan dhagaye: "Faaruudhaan daangaa na hin dabarsinaa, akka kiristaanonni lisaa Ilma Maryam faaruun daangaa kuchisiisanitti, an gabricha Rabbii fi ergamaa isaati, gabricha Rabbii fi ergamaa Rabbii naan jedhaa". Bukaaritu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Faaruun daangaa na hin dabarsinaa jechuun:** jajuu kiyya keessatti baay'ee achi hin fagaatinaa, ykn waan sobaa fi dharaatiin kijibdanii nah in faarsinaa jechuudha.
- **Akka Kirsitaanonni Ilma Maryam daangaa dabarsanitti jechuun:** isaan lisaadhaa gabbaramaadha jedhanii, ykn ilma Rabbiiti jechuuniin waan inni hin qabne irra kaayan.
- **Ani gabricha isaatii, gabricha Rabbii fi ergamaa isaa naan jedhaa jechuun:** akkuma Rabbiin kiyya saniin na ibse isin isumaan na ibsaa, Gabricha Allaahuu fi ergamaa isaa jedhaa jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Nabiyyiin (SAW) tokkichummaa Rabbii mirkaneessuu irratti waan futunaniif, ummatni isaanii shirkii warri asiin dura keessa galetti seenuus waan sodaataniif; akka faaruu isaanii keessatti daangaa hin dabrine akeekkachiisan. Wantoota Rabbiin ittiin ibsamuu fi hojii Rabbiif dhuunfaa gara isaanii akka hin irkisne, akka kiristaanonni lisaa keessatti daangaa dabranii: gabbramaadha, ykn ilma Rabbiiti jedhaniin san akka hojjatanii shirkii keessa isaan hin seenne dhaaman.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ لقد كفر الذين قالوا إن الله هو المسيح ابن مريم وقال المسيح يابني إسرائيل اعبدوا الله ربي وربكم إنه من يشرك بالله فقد حرم الله عليه الجنة ومأواه النار وما للظالمين من أنصار ﴾

(Warri Masiih Ilma Maryam Allaahi jedhaniin kafaranii jiru. Masiihiyyuu Yaa Ilmaan Israa'iil Allaahuu gabbaraa, gooftaa kiyyaa fi keessan, namni Rabbitti waa dabalee isa wajjiin gabbare Rabbiin Jannata isa irratti haraama taasise, qubsumti isaa ibidda. Warra lubbuu isaanii miidhaniif qaamni tumsu hin jiru).

Kan barbaachisu waan Rabbiin na ibseen kan gabrummaa fi ergamummaatiin na himuudha. Daangaa gabrummaa bira na dabrsitanii gara gabbaramummaa fi gooftummaa na hin geessinaa, akka Kiristaanonni hojjatan san. Isaanuu waan saniin kafaranii karaa irraa maqanii, haqxi Nabiyyootaa gabrummaa fi ergamummaadha. Gabbaramummaan haqa Rabbii qofa.

Nabiyyiin (SAW) akka isaan waan sobaatiin isa hin faarsine dhoorgan, isaan ibsa Rabbiin ittiin ibse kan inni isaaniin kabajeen ibsuun ammoo dirqama Rabbiin nama isaan itti ergaman hunda irra kaayeedha. Waan akka nabiyyiin ofiin ibsanii fa'aan ibsuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf:

"Ani caalaa Ilmaan Aadami Guyyaa qiyaamaa, nama jalqaba Qabriin irraa baqaqxuudhas, Jalqaba nama jaarsummaa namaaf dhaabatee jaarsummaan isaatis fudhatama argattuuti". Muslimtu gabaase.

Hubannoof:

Karaalee gara Shirkii nama geessan cufuutu as keessa jira. Shirkiin waan yakka guddichaa fi miidhaa hunda keessaa ol aanaa ta'eef, akkasuma yakka Rabbiin namaa hin araaramnee fi kan namni isa hojjate akka Jannata hin seenne Rabbiin haraama godhee fi qubsumti isaa ibidda ta'e waan ta'eef, hammeenya isaa kana irraa ka'uun Nabiyyiin (SAW) isa irraa baqachiisan, waan gara isaa nama geessu hunda irraa dhoorgan, san keessaa tokko Nabiyyii (SAW) haqaan malee faarsuudha.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Faaruu keessatti daangaa dabruu irraa dhoorguu fi waan sirrii hin taaneen faarsuu irraa ittisuu.

02 Kiristaanonni sababni kafaraniif waan Masiihiin keessatti daangaa dabraniif, inni ilma Rabbiitiin ykn inninu Rabbi waan jedhaniif. Rabbiin waan isaan himan san irraa ol ta'iinsa guddaa ol ta'e. kijibni isaanii kun akka isaan kitaaba qulqulluu jijjiiranii waan kijiban kana irratti ragaa ittiin godhachuuf yaalan isaan taasise.

03 Namni nama tokko bakka inni haqa godhatuu caalaa ol fuudhe, sadarkaa isaa bira kan isa dabarsee waan inni hin qabneen isa hime, inni nama daangaa dabraa fi dili'aawaadha. Sun osoo kan hayyamamuutii silaa Haqa Nabiyyii keenna caalaa uumamtootaa keessatti hayyamama ture. Kan dirqama ta'u namni hunduu sadarkaa Rabbiin isaaf murteese irratti gabaabsamuudha, achi bira dabrasuun hin ta'u.

04 Iisaa haadhaan himuu gabbaramummaa irraa isa fageessuu of keessaa qaba, inni nama ta'uu mirkaneessuudha, gabricha Rabbii fi ergamaa Rabbii ta'uu isaatis ibsuudha.

01 Sadarkaan ol aanaan sadarkaa gabrummaati. Rabbiin waan deemsa Nabiyyiin (SAW) Makkaa irraa gara Beeytal Maqdas deeman keessatti akkana jedhe:

02 ﴿سبحان الذي أسرى بعبده﴾

(Qulqullinni kan Rabbii gabricha isaatiin deemsiseeti)

Ammas akkana jedhe:

﴿وأنه لما قام عبدالله يدعوه﴾

03 (Gabrichi Rabbii isa kadhatuuf dhaabannaan)

Ammas akkana jedhe:

﴿فأوحى إلى عبده ما أوحى﴾

(Rabbiin beeksisa godhe gara Gabricha isaa waan beeksisa godhe)

Ammas akkana jedhe:

04 ﴿وإن كنتم في ريب مما نزلنا على عبدنا﴾

(Yoo waan nuti gabricha kenna irratti buufne keessatti shakkii qabaattan)

Kana hundaa Nabiyyiin (SAW) duniyaa fi Aakiraa keessattis nama hunda irra durfamuu haqa godhate, lisaanuu guyaa qiyaamaa wayta Namoonni isa bira deemanii akka inni Rabbiin biratti manguddummaa (Shafaa'aa) isaaniif dhaabatu gaafatan akkana jedha: "Muhammdiin bira dhaqaa, inni gabricha Rabbiin waan dabree fi kan boodaatis yakka isaa araarameefi" jedha. Ibnu Hibaantu gabaase. Arnaa'uux hadiisni kun Sahiiha ta'uu mirkaneesse.

Faayidaa Addaa:

Nabiyyiin jidduu gabricha Rabbii ta'uu isaaniitii fi ergamaa Rabbii ta'uu walitti qabuun, isaan keessatti daangaa dabruu fi haqa isaanii mormuu keessatti gabaabbachuu irraalee dhoorguuf. Sheek Muhammad Bin Abdulwahaab Rabbiin Rahmata haa godhuufii akkana jedhan:
"Gabricha hin gabbaramu, Ergamaadha hin kijibsiifamu tole jedhamee hordofama". Inni kun waan Shahaadaan: Muhammad ergamaa Rabiiti jechuu ragaa bahuun of keessatti hammattuudha. Hiikni isii akka sheekni ibsanittii (Rabbiin rahmata haa godhuufii): "Waan Nabiyyiin ajaje keessatti tole jechuu, waan isaan himan dhugoomsuu, waan isaan irraa dhoorgan irraa fagaatuu fi waan isaan karaa taasisaniin malee Ibaadaa gochuu dhiisuudha".

Hubannoof:

Faaruun arrabsamaan kan namni Rasuula Faarsu isaan daangaa dabree, faarsaan sun sababa faaruu saniitiif waan dhoorgamaa Rabbii fi Nabiyyiin (SAW) hin jaalanne keessa bu'uudha. San keessa jechi Buseeyrii kitaaba isaa Burdaa keessatti:

> *(Yaa irra kabajamaa uumaa ani nama itti dheessu hin qabu Weeyta balaa nama walitti qabu dhufe) jedhe san fa'aadha.*

Ergaan walaloo kana keessa jiru kun waan Rabbiif malee qaama biraatiif oolfamuu hin qabne of keessatti hammata. Rabbii tokkicha malee namni tokko haqa hin taasifatu. Rabbitti maganfatama, gara isaatti dheessan, haada isaa qabatan, Nabiyyii Muhammadii fi (SAW) qaama biraatiifis kun hin malu.

Gaafilee:

01 Hiikni Jecha Nabiyyii: "gabricha Rabbii fi ergamaa isaati" jedhuu maal jechuudha?

02 Faaruun hayyamamuu fi daangaa isa keessatti dabruun dhoorgaa ta'uu. Waan kana hadiisatti qarqaarsifadhuu ibsi.

03 Toowhiida tiksuu keessatti faayidaalee Hadiisni kun qabu barreessi.

04 Akkamitti Nabiyyiin (SAW) Toowhiida eega akka turan ibsi.

05 Kitaaba Toowhiidaa kan Sheek Muhammad Ilma Abdulwahaab yoo dubbistu, Hadiisa kana irratti maal jedhan?



الحديث الثاني عشر
Hadiisa Kudha Lammaffaa

12

عن جندب بن عبدالله بن سفيان البجلي رضي الله عنه قال: سمعت النبي صلى الله عليه وسلم قبل أن يموت بخمس، وهو يقول: "إني أبرأ إلى الله أن يكون لي منكم خليل، فإن الله تعالى قد اتخذني خليلاً، كما اتخذ إبراهيم خيلا، ولو كنت متخذا من أمتي خليلا لاتخذت أبابكر خليلا، إلا وإن من كان قبلكم كانوا يتخذون قبور أنبيائهم وصالحيهم مساجد، ألا فلا تتخذوا القبور مساجد، إني أنهاكم عن ذلك." رواه مسلم.

Jundub ilma Abdallaah Ilma Sufyaan kan gosa Bajaliii irraa Odeeffamee (RA) akkana jedhe: Nabiyyii Rabbii (SAW) osoo hin du'in dura guyyaa shaniin kan akkana jedhan dhagaye: "Ani gama Rabbiitti qulqullaa'a isin keessaa jaalallee addaa taasifatuu irraa, Rabbiin jaalallee na taasifatee jira, akkuma Ibraahimiin jaalallee taasifate, osoo Ummata kiyya keessaa jaalallee kan taasifadhuutii silaa Abaa Bakriin Jaalallee taasifadha. Warri isiniin duraa Qabriiwwan Nabiyyota isaanii fi namoota gaggaarii isaanii Masjidoota taasifatu turan. Dhagayaa: Qabriiwwan Masjidoota hin taasifatinaa, ani kana irraa isin dhoorga". Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Jundub Ilma Abdallaah Ilma Sufyaan kan warra Bajalii, Waahila Nabiyyii (SAW), Kuufaa fi Basraas qubatee keessa jiraatee jira. Hadiisota heddu odeesse. Huzeeyfaa irraa odeesse, Aswad Bin Qeeysi, Anas Bin Siiriin, Hasan Albasriyyii, Safwaan Bin Mihrazii fi namoonni biraatis isa irraa odeessanii jiru. Hijraa Irraa Bara 70ffaa du'e.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Gara Rabbii qulqullaa'a jechuun:** irraa dhoorgama, ni marmas jechuudha.

- **Isin keessaa jaalallee taasifatuu jechuun:** gosa jaalallee keessaa afaan Arabaatiin: Khaliila kan jedhamu nama jaalala keessatti daangaa gaheedha. Wanti nabiyyiin isin keessaa jaalallee hin taasifadhu jedhaniif: waan onneen isaanii jaalala Rabbii, isa guddisuu fi beekumsa isaatiin guutameef, jaalala nama biraatiif bakka hin qaban.

- **Rabbiin jaalallee na taasifate jechuun:** gosti jaalala kanaa jaalalaa biraa kamiin caalayyuu sadarkaa olii ta'uu isaa argisiisa.

Faayidaa Addaa:

Ibnul Qayyim akkana jedhe:

"Wanti namni gariin se'u kan jaalalatu (Mahabbaan) jaalala (Khullaa) irra guutuudha se'u sun, achi irraa ka'uun Ibraahim Khaliila Rabbiiti. Muhammad (SAW) Habiiba Rabbiiti jechuun addaan baasuu kan yaalan sun wallaala isaanii irraa kan ka'eedha. Jaalalli Mahabbaa jedhamtu tan walii galaati.
Khaliilummaan ammoo dhuunfaa namoota muraasaati. Isiin gosa jaalalaa keessaa fiixxee xumuraati. Nabiyyiin (SAW) akka Rabbiin Khaliila (Jaalallee keessoo) ofii isaan taasifate himanii jiru. Ammas Rabbii ofii malee jaalallee addaa akka hin qabnes waakkatan. Garuu akka Aa'ishaa fi Abbaa isii, akkasuma Umarii fi namoota biraatis jaalatan himanii turan.

Qabrii Nabiyyootaa fi namoota gaggaarii isaanii Masjidoota taasifatan jechuun: Qabriiwwan isaanii irraa bakka salaataa godhatan, achitti salaatu, kadhannaa isaanii, hawwii fi waa barbaaduu keessatti gara isii gara galan jechuudha.

Qabriiwwan Masjidoota hin godhatinaa!
An isii irraa isin dhoorga jechuun: dhoorgaa jalqabaa san gadi jabeessuudha. Waan irraa dhoorgame kana irraa baqachiisuudha, innis Qabriiwwan Masjidoota taasifatuudha.

Ibsa walii galaa Kan Hadiisaa:

Nabiyyiin (SAW) Hadiisa kana keessatti sadarkaan jaalallee keessoo ta'uun bakka isaan Rabbii isaanii biraa qaban ta'uu himanii jiru, akkuma Ibraahim (AS) sadarkaa kana Rabbiin biraa qabu. Nabiyyiin osoo filatee Ummata isaa keessaa jaalallee dhuunfaa kan godhatu ta'ee akka Abii Bakriin filatu hime. Waan Inni jaalallee sadarkaa sanii ta'uuf maluuf.
Garuu waan dhoorgaan jiruuf san hin goone. Wanti jaalala akkasii dhoorge waan onnee Nabiyyii (SAW) beekumsa Rabbii, jaalala isaatii fi eegdoo isaatiin guutama ta'eef, kanaaf Qalbiin isaanii nama biraa jaalala akkasii jaalatuuf bakka hin qabaanne.

Ergasii Nabiyyiin (SAW) guddinna Dhimma Toowhiidaa (tokkichummaa Rabbii) ibsan. Rabbitti waa dabaluu irraa dhorgan. Karaa gara Shirkii nama geessu hunda irraa ittisan. Qabrii irratti akka hin ijaarre, bakka wal gahii akka hin taasifanne, Bakka salaataa akka hin godhanne dhoorgan. Kun hunduu akka booda gara warra ahitti gabbarame awwaaluu hin geessine, haajaa nuu fixaa jechuun isaan akka hin kadhanne. Nabiyyiin (SAW) akka kun hojii warra asiin duraa ta'ee fi ka'umsi Shirkii dhala namaa keessatti argameetuu akka isa ta'e himan.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Nabiyyiin (SAW) toowhiida eeguu isaanii fi futunni isaan ummata isaanii irratti qaban guddaa ta'uu, hawaasa isaanii akka shirkii keessa hin buune akeekkachiisuu isaanii irraa hubanna. Nabiyyiin (SAW) balbala gara Shirkii nama geessu kamuu osoo hin cufin hin dhiifne, hanga xumura jireenya isaaniitittis waan kana irratti xiyyeeffatanii barsiisaa turanii jiru.

02 Abuu Bakri (Siddiiq) caalaa sahaabotaa fi Nabiyyitti (SAW) aanee dursaa ummata tanaa ta'uu isaati. Rasuulli (SAW) Hadiisa kana keessatti osoo jaalallee addaa kan taasifataniitii akka isa Jaalallee godhatan himanii jiru.

03 Shii'aa (Raafidaa) warra Abuu Bakriin arrabsan irratti deebisuu. Sadarkaan Abuu Bakri Nabiyyii (SAW) biratti qabu ol aanaa ta'uu isaati.

04 Qabrii biratti salaatuu fi gara isiititti gara galanii salaatuunis isii Masjida taasifatuu keessatti ramadama. Masjidnis yoo achitti ijaaramuu baate. Kanaafuu Bakka qabriititttii fi gara Qabriititti salaatuunis dhoorgaadha. Gonkumaa Ibaadaan bakka sanitti godhan hin taatu, Hadiisni kun san irratti waan qajeelchuuf.

Faayidaa Dabalataa:

- Yaadni Namoota Qabrii biratti salaatuun kan dhoorgame sababa Najisa (Balfa) achitti argamuutiif jedhan sirrii miti. Wanti Rasuulli (SAW) ibsuu barbaadan Kanaan ala. Sababni Nabiyyiin (SAW) dhoorganiif ummanni isaanii waan akka Yahuudotaa fi Kiristaanonni keessa galtee keessa seenuu sodaataniiti. Akasuma Shirkii warri Laatii fi Uzzaa gabbaru keessa gale san keessa akka hin galleef. Kana irratti kan ragaa ta'u Nabiyyiin (SAW) Warra Yahuudaa fi Kiristaanotaa kan Qabriiwwan Nabiyyoota Isaanii Masjidoota taasifatan waan abaareef. Kana irraa akka hubatamutti dhoorgaan Nabiyyii sababa Najisaatiif miti. Bakki Qabrii isaan biratti eddoo qulqulluu fi xaahira, wanti achitti salaatuun dhoorgamuuf waan gara Rabbitti waa dabaluutti nama geessitu qofaaf.

- Qabriiwwan irratti Masjidoota ijaaruun dhoorgaa ta'uu fi ijaaramtee yoo argamtes Qubbaawwan adda addaa isii irraa diiguudha.
  Sheekul Islaam akkana jedhan: "Masjidoota Qabrii irratti ijaaruu gareen hunduu dhoorgaa ta'uu isaa ifa galchanii jiru, waan hadiisonni sirrii ta'an kana irratti qajeelchaniif".
  Ibnul Qayyim akkana jedhe: "Qubbaawwan Qabrii irratti ijaaramte diiguun dirqama, waan faallaa karaa Nabiyyii (SAW) irratti hundeeffamteef".

Gaafilee:

01 Hiikni jecha Nabiyyii (SAW): "Qabrii Nabiyyoota isaanii fi namoota gaggaarii isaanii masjidoota taasifatan" jechuun maal jechuudha?

02 Qorannoo afaanii kan sadarkaa jaalalaa lamaan: Mahabbaa fi Kullaa adda addummaa isaanii ibsu barreessi. Sadarkaan Nabiyyii hoo kamiin keessa akka jiru ibsi.

03 Maaliif Qabriiwwan Masjidoota taasifatuun dhoorgame? Ragaalee Shari'aa keessatti waan kana jabeessu beektaa?

04 Warra Raafidaa kan Abii Bakriin arrabsan irratti akkamitti deebifta? Barnoota Hadiisa kana irraa baratte irratti hundaa'uun.



الحديث الثالث عشر
Hadiisa Kudha Sadaffaa

13

عن عمر رضي الله عنه أنه جاء إلى الحجر الأسود فقبله، فقال: "إني أعلم أنك حجر، لا تضر ولا تنفع، ولولا أني رأيت النبي صلى الله عليه وسلم يقبلك ما قبلتك" (رواه البخاري)

Umar irraa odeeffamee (RA) Inni Hajar Al-Aswad bira dhufee dhungatee akkana jedhe: “Ani ni beeka akka ati dhagaa, nama hin miine, nama hin fayyadne taate, osoo ani ergamaa Rabbii (SAW) kan si dhungatu arguu baadhee silaa si hin dhungadhu”. Bukaaritu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Hin miitu hin fayyaddu:** mataa keetii jechuudha, faayidaan argamu isa irraa mindaa ajaja Rabbiitiif awwaatuudhaan isa dhungatuu irraa argamuun fayyadaman malee.
- **Si hin dhungadhu:** kana keessatti Umar (RA) akka gochi kun hojii Ibaadaa waan ta’eef hojjannu, kan sababa isaa gaafatuu hin barbaachifne ta’e akeeke, akkasuma Toowhiida dhugaa kan Ummanni islaamaa itti hojjatus ibse.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisni kun karaa nabiyyii hordofuun barbaachisummaa inni qabuu fi naamusa isii ibsa. Umar (RA) dhagaa gurraacha dhungate, Rabbiin (SW) gabroota isaatiif akka isa dhungatan karaa taasise, akka isaaf gadi of qabanii, isaaf gabroomaniif.

Toowhiidaaf eegumsaa fi tika gochuuf jecha Umar (RA) yeroo isa dhungate akkas jedhe: “Ani akka ati dhgaa taate ni beeka, hin miitu hin fayyaddu”, nama miidhuu fi fayyaduunis harka Rabbii jira.

Ergasii isa dhungatuun isaa akka Nabiyyii (SAW) hordofuu qofaaf ta'e ibsee akkas jedhe: "Osoo ani ergamaa Rabbii (SAW) kan si dhungatu arguu baadhee silaa si hin dhungadhu". Kana jechuun si dhungatuun koo Nabiyyii (SAW) hordofuudhaaf malee, na fayyaddaa abdadhee, ykn na miitaa sodaadheetii miti jechuudha.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Ergamaa Rabbiitti (SAW) hidhatuu irratti kakaasutu jira dhagaa gurraacha dhungatuu keessatti, sunnaawwan irratti sammuu ofiitiin mormii kaasuun akka hin barbaachifne ibsa, dhagaa dhungatuun isaatis dhagicha gabbaruu osoo hin taane, Rabbiin gabbaruudha, ajaja isaa fudhatuudhaan, akkuma Malaa'ikootaanis Aadamiif sujuuda bu'aa jedhee ajaje.

1. Sunnaawwan gochaa fi jechaanis ibsuu, Imaamni yoo hojii inni raawwatu wayii irraa hubannoo dogongoraattu fudhatama jechuu shake ariifatee ibsuu qaba.

Xabariin akkana jedhe:
Umar wanti akkana jedheef: Rabbitu beekaa- waan namoonni yeroo san dhiyoo gabbartii taabotaa irraa as deebi'aa jiraniif, akka wallaaltonni Umar dhagaa kana dhungatuun akkuma dur Arabni yeroo wallaalaa hojjattu san hojjataa jira jechuu isaanitti fakkaataa sodaatee, isa dhungachuun kiyya Rabbiin guddisuudhaaf, ajaja Nabiyyii isaa (SAW) guutuudhaaf qofa akka ta'e ifa taasisuu fedhe.
Hojiin isaa kun mallattoolee Hajjii kan Rabbiin akka isiin kabajamtu ajajeedha, faallaa hojii warra Jaahiliyyaa kan gabbartii taabotaa san miti; jarri wayta jara kanniin gabbaran Rabbitti nu dhiyeessiti jedhanii gabbaru ture. Kanaaf Umar nuti yaada kana irraa fagoo jirra, wanti nama hin fayyadnee fi hin miine gabbaramuu hin qabu, kan gabbaramuu qabu Rabbii miidhaa fi faayidaanis harka isaa jiru qofaadha jechuu hubachiise.

3 Ka'abaa kabajamtuu irraa dhagaa gurraacha malee qaamni biraa dhungatamuu hin qabu, Ruknii (Dhaabni) gara Yaman ammoo harkaan tuqama, jara kanniin lamaan malee ammoo bakka biraa salaammatuun sunnaa miti, waan hojiin akkasii Nabiyyii (SAW) irraa hin dhufiniif.

Gaarummaa fi fokkina waan tokkoo kan murteessaniin Shari'aadhaan malee yaada sammuu ofiitiin miti, wanti shari'aan itti ajaje hunduu gaarii fi faarfamaadha, iccitiin isaa ammoo Rabbiif gabroomuu qofaadha, wanti ittiin Rabbiin gabbaramu akaakuu lama qabdi: garii isii hiika, sababaa fi faayidaa isiitis beekna, garii ammoo sababa ajaja Rabbiitiif masakamuuf hojjatuu irraa kan hafe iccitii isii beekuu hin dandeennu.

3 Dhagaa gurraachaan wal qabatee sunnaan harka mirgaatiin haxaayuu fi dhungatuudha, yoo sun hin mijatin harkaan salaammatanii (tuqanii) harka san dhungatu, yoo sun hin mijatin ammoo waan harkaa qabaniin, ykn harka ofiitiin isatti akeekan, garuu hin dhungatan.

Dhimmoota Diinii keessatti shari'aaf butamuun, haala gaariidhaan waan itti ajajaman kan hiikni isaa namaaf hin galin keessatti hordofuun, seera guddaa Nabiyyii (SAW) hordofuu keessatti kaayameedha waan isaan hojjatan keessatti, osoo sababa isaatis beekuu baattee, gabrichi guututti Rabbii isaatiif buluu kan ibsu inni waan sababaa isaa beekee fi hin beekin keessatti ajaja Rabbii guutuu isaati.

Jechi Nabiyyii (SAW): "Milkii Abbaa isaatiin yoo dhugaa dubbate" jedhan sun kakuudhaa miti. Isiin dubbiin Arabni osoo haasaa isii keessa hin seenin dubbattuudha, isa kana yoo dubbattu kakuu itti yaaddeetii miti.

Dhoorgaan kan dhufe nama kakuuf akkas jedheen. Waan isa keessa qaama ittiin kakatan san guddisuun jiruuf, Rabbiin wal fakkeessuun waan keessa seenuuf. Gara biraatiin ammoo: dubbiin Nabiyyii sun kakumaa, garuu osoo wantoota kanniin kakatuun hin dhoorgamin dura warri jedhanis jiru.

Gaafilee:

01 Jecha Umar "Osoo Nabiyyii (SAW) kan si dhungatan arguu dhabee si hin dhungadhu" jedhu san ibsi.

02 Seerota Hajar Al-Aswadiin wal qabatan kan kallattiiwwan Ka'abaa kaanniin wajjiin wal bira qabii ibsi.

03 Akkamitti beekumsa Umar (RA) irratti ragaa godhachuu dandeetta, waan hadiisa kana irraa baratteen?

04 Akkamitti hadiisa kana irraa waan tokko gaaromsuu fi fokkisuunis deebisaan isaa gama Shari'aa ta'uu hubanne? Waan dubbattu Qur'aanaan deeggari.



الحديث الرابع عشر
Hadiisa Kudha Arfaffaa

14

عن عبدالله بن عمر رضي الله عنهما أن رسول الله صلى الله عليه وسلم أدرك عمر بن الخطاب رضي الله عنه، وهو يسير في ركب، يحلف بأبيه، فقال: "ألا إن الله ينهاكم أن تحلفوا بآبائكم، من كان حالفاً فليحلف بالله أو ليصمت" (رواه البخاري)

Abdallaa Ilma Umar irraa odeeffamee (RA), Ergamaan Rabbii (SAW) Umar Ilma Kaxxaab (RA) osoo inni imala wayii wajjiin deemaa jiru Rasuulli (SAW) dhaqqaban. Inni Abbaa ofiitiin kakate. Rasuulli (SAW) akkana jedhan: "Rabbiin akka isin abboota keessaniin hin kakanne isin dhoorgee jira, namni kakatuu barbaade Allaahuun haa kakatuu, ykn haa caldhisuu" Bukaaritu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Kakataa: k**an kakatuu barbaadu jechuudha.
- **Haa caldhisu jechuun:** haa usuu, inumaa hin kakatin jechuudha.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Namni dubbatu yeroo garii haasaa isaa jabeessuuf, oduun isaa dhugaa ta'uu mirkaneessuuf tooftaalee dubbii ittiin cimsatu adda addaa ni fayyadama. Tooftaalee sannii keessaa tokko kakatuudha. Waan tokko irratti kakatuun, wanti irratti kakatamaa jiru sun jabaa ta'uu ibsa, waan namichi dhagayaa jiruu fi dubbataa jirus guddisan waan of keessatti qabateef.

Hadiisa kana keessatti ergamaan Rabbii (SAW) yeroo kakatuu barbaannu eenyuun kakatuu akka qabnu nu barsiisan. Wanti ittiin kakatamu Allaahuu qofa akka ta'e nuuf ibsan. Waan Rabbiin hin ta'iniin kakatuun akka hin taane himan. Guddinna dhugaa bakka kanatti kan Allaahuu qofaadha, isatu guddisafamuu haqa godhata.

Hadiisichi waan Rabbiin malee jiruun kakatuun Haraama ta'uu ibsee, Nabiyyii ta'ee Jaalallee Rabbii (Waliyyii) ta'ee. Dirqamni Muslimaa kakuu Rabbiif qofa godhuudha, maqaa isaatiin, ykn sifa (amala isaatiin) kakatuu qaba. Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "namni waan Rabbiin malee jiruun kakate, kafaree jira, ykn shirkii hojjatee jira". Tirmizitu gabaase, Hadiisichi gaariidha jedhes.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Rabbiin malee waan biraatiin kakatuun Haraama ta'uu. Qaamni ittiin kakaktamu abbaa fedhes haa ta'u, waan Nabiyyiin (SAW) hundaa walitti qabanii dhoorganiif, inni kun Shirkii ykn Kufrii ta'uun ibsamee jira.

2. **Faayidaa Addaa:**

   Kakuu takka yoo kakattu fedhii Rabbii maqaa dhayuun gabaabsi, waan Nabiyyiin (SAW) akkana jedhaniif: "namni waan irratti kakatamu wayii irratti kakatee, weeyta kakatu: yoo Rabbi fedhe "Inshaa'allaah" jedhe, kaffaltii sababa kakuutiif barbaadamu hin kaffalu" Ahmadii fi Tirmiizitu gabaase. Albaaniin Sahiiha jedheen. Yoo kakkattu akkana jechuu qabda: "Rabbiin kakadhee waan akkanaa hojjadha yoo Rabbi fedhe" haa jedhuu. Isa kanaan faayidaa lama argatta:

   a. Wanti irratti kakatte siif laafa.
   b. Osoo waan irratti kakatte sanis hojjachuu baattee Kaffaaraan (Kaasaan) ati kafaltu hin jiraatu.

3. **Faayidaa addaa:** kakuun yoo guutuu baatan kaffaltii (kaffaaraa) qabdu tan waan fuulduraa irratti kakataniidha. Yoo waan fulduraa irratti kakatte, Rabbiin kakadhee waan akkanaa hin hojjadhu jettee, bakka kanatti yoo hojjatte kaffaltiitu (kaffaaratu) sirra jira, yoo hin dalagin ammoo homaa sirra hin jiran.

Yoo waan Rabbiin malee jiruun kakatte ammoo kakuun tun homaa faayidaa hin qabdu, kakuun sun hin hidhamtuuyyu, garuu namichi kakate ni dili'aawa. Kanaaf sahaabonni (RA) Waan Rabbiin malee jiruun gonkumaa hin kakatan.
Abdallaa Ilma Mas'uud irraa odeeffamee akkana jedhe: "Kijiba irratti Rabbiin kakatutu, dhugaa dubbadhee waan Rabbiin malee jiruun kakatuu irra naaf wayya" jedhe. Abdurrazzaaqtu gabaase kitaaba isaa keessatti. Albaaniin sahiiha jedhe.

Kana jechuun: waan Rabbiin malee jiruun kakatuun Shirkiidha, osoo wanti dubbatan dhugaas ta'ee, kijiba irratti Rabbiin kakatuun ammoo haraama (dhoorgaadha), kanaafuu shirkitu Haraama biraa irra guddaadha, osoo yakki isaatis guddaa ta'ee.

4 Waan dabre irratti kakatuun Kaffaarraa (kaasaa) hin qabu, garuu wanti irratti kakatame yoo kijiba ta'e namichi ni dili'aawa, yoo dhugaa taate ammoo homaa irra hin jiran.

5 **Faayidaa addaa:** Rabbiin malee waan biraatiin kakatuun hin ta'u. isa kana beektonni hunduu dhoorgaa ta'uu irratti waliif galanii jiru.

Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate, wanti inni kakatee Nabiyyii ta'ee, Waliyyi ta'ee, Ka'abaa ta'ee, awwaala ebaluu ta'ee, haadhaa fi abbaa isaa ta'ee, tola Rabbiin itti oole keessaa tokkoon kakatee fi waan biraatis ta'ee, wanti kun yakka guddaadha. Shirkii keessa galcha. Rasuulli (SAW) akkana jedhan: "Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate, Kafaree jira ykn shirkii dalagee jira" Tirmizitu gabaase, Hadiisni gaariidha jedhe.
Waan Rabbiin malee jiruun kakatuun waan ittiin kakatamaa jiru ulfeessuu (kabajuudha), namni waan Rabbiin malee jiruun kakate, wanti sun waan fedhes osoo ta'ee, qaama san guddinna kana keessatti Rabbitti dabalee jira, kun ammoo Rabbiin malee qaama tokkoofuu hin malu.

Kun Shirkii xiqqaa keessatti ramadama, yoo namichi kakatu sun dubbiin kun arrabuma irra dhufee jedhee fi qalbii isaa keessa wanticha guddisuun hin jiraatin.

Shirkii guddaa ta'a, yoo namichi ittiin kakate, uumama ittiin kakate kana akka Rabbiitti guddisuu yaadee jiraate, akkuma Amma warri suufiyyaa gariin Awliyoota fi sheekkotaan kakatuun hojjatan, warra lubbuun jiran ta'ee warra du'an.
Inumaa yeroo garii waan jara kana guddisaniif soba irratti ittiin hin kakatan, Rabbiin ammoo kijibaallee yoo jiraatan ni kakatuun, kun ammoo shirkii guddaa islaamummaa keessaa nama baasuudha, isaan waan ittiin kakataa jiran san Rabbiin caalaa guddisanii sodaatan waan ta'eef, ykn waan Rabbitti isa qixxeessaniif.

Hubannoof:

- Namichi waan irratti kakate hojjachutu caala moo dhiisuudha?

Nabiyyiin (SAW) ati yoo waan tokko irratti kakattee, waan biraattu isa irra gara soda Rabbii si dhiyaassaa argite, kakuu keetiif kaffaaraa kafaltee, waan irra caalu san akka hojjatuu qabdu ibsanii jiru.

Abii Hureeyraa Irraa odeeffamee (RA) ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:
"namni waan irratti kakatamu wayii irratti kakatee, ergasii wanti biraa akka caalu arge, kakuu isaa san irraa kaffaaraa (kaasaa) kafalee waan irratti kakate san haa hojjatuu" jedhan.
Muslimtu gabaase.

Namni tokko: ebaluun hin dubbisu jedhee nama fira isaa wayii irraa yoo kakate, kan caalaa soda Rabbiitti dhiyaatu isa dubbisuu, ykn isa ziyaaruudha. Nama muslimaatiin ooduun haraama waan ta'eef, fira sufachuun dirqama waan ta'eef, isa dubbisee, kakuu isaatiif ammoo kaffaltii barbaachisu kafaluu qaba.

- Namni kakuu wayii irratti amantii islaamummaa hin taaneen kakate, kan inni kijiba ta'uu beekaa kakate, inni akkuma jedhe san. Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "Namni waan irratti kakatamu wayii irratti haala kijibaa ta'een amantii islaamummaa hin taaneen kakate inni akkuma jedhe san" Bukaarii fi Muslimtu gabaasan.

- Namni tokko yoo akkana jedhe: ani Yahuudaadha, ani kirista-anaa fi waan kana fakkaatu yoo dubbate, garuu dubbiin faallaa waan inni jedheetis yoo ta'e, wayta kakatu kana itti yaadee yoo kakate, murtiin kakuu kanaa murtima kakuu dhugaa ta'a, yoo fedhiin isaa dubbii kana himuu taate akkasuma ta'a.

- Namni tokko waan ta'e wayii irratti yoo Rabbiin kakate, dubbiin akkuma inni jedhe san isatti fakkaatee, ergasii ammoo wanti sun akka inni yaade yoo ta'uu baate, yakkas hin qabu, aarsaan inni kafalus hin jiraatu. Inni akka se'aa isaatti itti fakkaatee kakate malee beekeetii miti. Kanaaf nabiyyiin (SAW) namicha "Rabbiin kakadhee Madiinaa tana keessa maatiin nurra hiyyeessaa hin jiru jedhee kakate jalaa dubbii san dhugoomsa". Bukaarii fi Muslimtu gabaase. Inni jidduu shakakkeera madiinaa lamaan jechuu fedheeti. Bakka dhagaan kurraachi madiinaa jiruudha. Namichi kun akka isatti fakaatetti kakate. Kanaaf nabiyyiin (SAW) homaa isa irratti hin murteessine.

- Jechi Nabiyyii (SAW):
"Milkii Abbaa isaatiin yoo dhugaa dubbate" jedhan sun kakuudhaa miti. Isiin dubbiin Arabni osoo haasaa isii keessa hin seenin dubbattuudha, isa kana yoo dubbattu kakuu itti yaaddeetii miti.
Dhoorgaan kan dhufe nama kakuuf akkas jedheen. Waan isa keessa qaama ittiin kakatan san guddisuun jiruuf, Rabbiin wal fakkeessuun waan keessa seenuuf. Gara biraatiin ammoo: dubbiin Nabiyyii sun kakumaa, garuu osoo wantoota kanniin kakatuun hin dhoorgamin dura warri jedhanis jiru.

Gaafilee:

01 Jecha Ergamaa Rabbii: “Rabbiin haa kakatuu ykn haa caldhisuu” jedhan hiikni isaa maaliidha?

02 Qaama ittiin kakatamu faallessuu murtiin isaa maaliidha? Adda baasi. Waan jettu irratti ammoo ragaa dhiyeessi.

03 Rabbiin malee waan biraatiin kakatuun maaliif Shirkii ta’e? Haraamummaa isaa irratti ragaa dhiyeessi.

04 Hadiisa keessatti: “Milkaa’e abbaa isaatiin yoo dhugaa dubbate” kan jedhu dhufee jira. Mee akkamitti hadiisa kanaa fo kan waan Rabbiin malee jiruun kakatuu dhoorgu walitti araarsita? Maddoota bira qarqaarami.



الحديث الخامس عشر
Hadiisa Kudha Shanaffaa

15

عن أنس رضي الله عنه، أن رجلاً سأل النبي صلى الله عليه وسلم عن الساعة، فقال: متى الساعة؟ قال: "وماذا أعددت لها؟". قال: لا شيء، إلا أني أحب الله ورسوله صلى الله عليه وسلم، فقال: "أنت مع من أحببت".
قال أنس: فما فرحنا بشيء، فرحنا بقول النبي صلى الله عليه وسلم: "أنت مع من أحببت". قال أنس: "فأنا أحب النبي صلى الله عليه وسلم وأبا بكر وعمر، وأرجو أن أكون معهم بحبي إياهم، وإن لم أعمل بمثل أعمالهم" متفق عليه.
وفي رواية لهما: "ما أعددت لها من كثير صوم، ولا صلاة، ولا صدقة، ولكني أحب الله ورسوله صلى الله عليه وسلم".

Anasiin irraa Odeeffamee (RA), gurbaan tokko Nabiyyii (SAW) Qiyaamaa irraa gaafate, Qiyaamaan yoom? Jedheen. Nabiyyiin: "Maal qopheessiteef?" jedhaniin. Innis: waan tokkos hin qopheessine, Rabbii fi Rasuula (SAW) jaalachuu kiyya malee. Nabiyyiinis: "Ati warra jaalatte wajjiin taata" jedhaniin.
Anas akkana jedhe: nuti waan tokkoonuu gammannee hin beeknu hanga Jecha Nabiyyii (SAW) kan isaan: "Namni nama jaalate wajjiin ta'a" jedhan.
Anas akkana jedhe: "Ani Nabiyyii (SAW) Abaa Bakriin, Umariin jaaladha, jaalala isaaniif qabuun, akka Rabbiin isaan wajjiin na taasisu kajeela, osoo hojii kan isaanii fakkaatus hojjachuu dhabee". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessa Bukaarii fi Muslim keessatti: "Ani qiyaamaadhaaf sooma hedduu, salaata hedduu, sadaqaa hedduu qopheesseefii hin jiru, Rabbii fi ergamaa isaa jaalatuu malee".

Odeessaa Hadiisaa:

Anas Ilma Maalik Ilma Nadrii kan warra Ansaaraa irraa odeeffamaa, Kaadima ergamaa Rabbii kan ta'e, hanga gaafa isaan du'aniitti isaan tajaajile.ergasii gara Magaalaa Dimshqi (Damaskoo) imalee, achi irraa gara Basraa imale, achitti du'e. inni Sahaabota keessaa nama Xumura Basrattu du'eedha. Hijraa irraa waggaa 93ffatti du'e.

Odeessaa Hadiisaa:

Qiyaamaan yoom: yeroon qiyaamaan dhaabattu yoom?

Maal isiif qopheessite? Jechuun: hojii gaarii ati qiyaamaaf naaf ta'a jettu kan qopheeffattee lafaa qabdu maaliidha?

Ati nama jaalatte wajjiin jechuun: ati nama jaalala isaa kan qaama biraa irra durfatte wajjiin taate, kan lubbuu tee, maatii kee fi qabeenya keetii olitti jaalattu wajjiin. Garee jaraa keessa seenta.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Gurbaan warra Baadiyaa tokko, maqaan isaa Zul Kuweeysiraa jedhamaa, warra Yamanii Nabiyyii Rabbii (SAW) guyyaa qiyaamaa irraa gaafate. Nabiyyiin (SAW) waan san caalaa isaaf murteessaa ta'etti isa qajeelche. Hojii guyyaa qiyaamaatiif toluuf gaggaarii qopheessee jiraa gaafate. Gurbaanis akka hojii guddaa kan salaataa fi soomaa qopheessee hin jirree fi wanti inni guyyaa kanaaf qopheeffate jaala Rabbii fi Ergamaa isaa (SAW) ta'e hime, Nabiyyiinis (SAW) inni nama jaalate wajjiin akka ta'u isa gammachiisan, namni gabricha tokko Rabbiif jecha jaalate, Rabbiin jidduu jara lamaanii Jannata keessatti walitti qaba, yoo dalagaa isaa keessattis gabaabbatee jara bira gahuu dadhabe.

Namni jaalatu warra gaggaarii kan jaalateef hojii isaanii gaggaariif waan ta'eef, jaalalii durumaa hojii onneetii, innis hojii kanniin waan itti amaneef, Rabbiin isas mindama warra gaggaarii saniif kenne isaaf barreessee. Hundeen waan hundaatuu Niyyaa waan taateef, hojiin niyyaa hordofa, Rabbiin tola ofii abbaa fedheef kenna.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Nama waa nama gaafatu dhimma isaaf faayidaa qabuu fi caalaa murteessaa ta'e isa qaabsisuun barbaachisaadha. Akkuma Ergamaan Rabbii (SAW) gaafataa kanaaf godhan. Qiyaamaadhaaf maal qopheessite jedhaniin?
Hojiin gaggaariin ati qopheessitee, galata isaa Guyyaa qiyaamaan dhaabatte Rabbiin biraa argatuu kajeeltu maaliidha? Yeroo isii beekuu irra kanatu murteessaadhaa. Kun dubbii kana fakkaatu hedduu qaba. San keessaa Jecha Rabbiiti:

﴿ يسألونك عن الأهلة قل هي مواقيت للناس والحج ﴾ (البقرة: 189)
(Yaa Muhammad si gaafata ummanni kee waan baatiiwwanii irraa, ati isii waytii Rabbii namaaf godhe, akkasuma Hajjii ittiin haa beekaniif godhe jedhiin) Albaqaraa: 189

Waan isaan ilaaluu fi akka shari'aatti isaan fayyadu isaaniif ibsee, waan biraa itti dhiisee.

2. Sadarkaa jaalalli Rabbi fi ergamaa Rabbii (SAW), akkasuma Sahaabota Nabiyyii, warra gaggaarii, Beektota Warra Rabbiin sodaatanii fi warra keeyrii jaalatuun qabuudha.

3. Jaalala Rabbii fi Nabiyyii irraa ajaja jara lamaanii hordofuu fi waan isaan lamaan dhoorgan irraa fagaatuu, akkasuma qajeelfama shari'aa qabatuudha.

4. Namni tuuta takka jaalate isaan wajjiin ta'a, dhugaa keessatti haa ta'uu dhara keessatti, isa keessa warra karaa sirrii hin jirre, kan akka weellistootaa fa'a irraa akeekkachiisuu keessa jira.

5. Jaalala nama gaggaariitiin fayyadamuuf hojii akka isaanii hojjachuun ulaagaa miti, osoo waan akka isaanii hojjatee silaa inninuu isaan ta'a, ykn nama akka isaanii ta'a,

akkasuma isaan wajjiin ta'a jechuunis waan hunda keessattuu isaan fakkaata, galata akka isaanii Rabbiin biraa argata jechuu miti.

6 Yaada gaarii Ummata isaaniitiif qabaatuu Ergamaa Rabbii (SWA) fi garaa isaanitti laafuu isaaniiti, waan milkii fi gammachutti isaan geessutti isaan qajeelchuudhaan.

7 Gaarummaa Islaamummaa nama tokkoo irraa waan isa ilaalutti dhimmamuu isaati, waan isa hin ilaalle dhiisuudha.

8 Ganda Aakiraatiif qophaa'uun, waan du'a booda nama fayyadu dalaguun, isaadha wanti ijoon yaanni namaa irratti xiyyeeffatuu qabu.

Faayidaalee Hadiisaa:

- Sadarkaa Abii Bakrii fi Umar (RA), qabanii fi ilaalchi warra Raafidaa kan jara lamaan arrabsanii dogonga ta'uu isaati. Ansa (RA) jidduu jara lamaanii fi Nabiyyii (SAW) walitti qabe jaalala keessatti, jara lamaan jaalatuu Jaalala Nabiyyii (SAW) irraayi, Jaalalli dhugaa qaama jaalatan san waan inni jaalatuu fi waan inni jibbu keessatti akkeessuudhaan ta'a waan ta'eef, Abuu Bkarii fi Umar Jaalleewwan Lamaan Nabiyyii fi hiriyyoota isaaniiti. Namni Nabiyyii jaalatu jara lamaan ni jaalata, namni Nabiyyii Jibbu jara lamaanis ni jibba. Namni faallaa kanaa himatu ammoo ni kijiba.

- Namni dalagaa ofii tuffatuu fi isaan sobamuu dhabuutu hadiisa kana irraa baratama. Yeroo hundaa namni waan isa irraa barbaadamu guututti akka hojjachuu hin dandeenne amanuun barbaachisaadha.

- Sahaabonni Abii Bakrii Fi Umariin akka kabajanii fi isaan jaalatan, sadarkaa jarri lamaan qabanis akka beekan hubanna. Rabbiin hunda irraayyuu haa jaalatu.

Gaafilee:


01 Jechi Nabiyyiin (SAW): "ati nama jaalatte wajjiin" jedhan maal jechuudha?

02 Akkaataa Hadiisa kana irraa barat-tetti, sadarkaan warra gaggaarii jaalatuu maaliidha?

03 Hubannoo Sahaabotaa ibsi hadiisa kana irra dhaabadhuutii? Raafidaan ilaalcha akkamii qaban?

04 Nabiyyiin (SAW) hadiisa kana keessatti akka namni waan isa fayyadutti dhimmamu ajajan. Isa kana ibsi. Qur'aana irraa wanti kana irratti qajeelchu jiraa?





16

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "لا تسبوا أصحابي فوالذي نفسي بيده لو أنفق أحدكم مثل أحد ذهباً ما أدرك مد أحدهم ولا نصيفه" (أخرجه البخاري ومسلم)

Abii Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Waahiloota (Sahaabota) kiyya hin arrabsinaa. Rabbii lubbuun tiyya harka isaa jirtuun kakadhee osoo tokkoon keessan Warqii hanga gaara Uhudii gayu kennatellee, ganaa harkaa tokkoon isaanii kennatuu fi walakkaa isaatis hin geettu". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Ganaa tokkoo isaanii hin gahu jechuun:** ganaan (Muddiin) tokko afreessuu (Kurmaana) Qunnaati; wanti Kanaan safareef isatu irra xiqqaa waan isaan yeroo san sadaqatanii waan ta'eef.

- **Walakkaa isaa jechuun:** walakkaa muddiiti. Kana jechuun: tokkoon keessan warqii guddinna irraa gaara Uhudii gay sadaqatuudhaan sadarkaa fi mindaa isaan nyaata ganaa lamaanii (muddii) kennatuun yookiin walakkaa isaa kennatuun aragtan hin argatu jechuudha.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Hadiisa kana keessa Sahaabota arrabsuu irraa dhoorkaa ifa galaa ta'etu jira. Waan xiqqoo tokkoon sahaabotaa kennatutu gara mindaatiin waan guddaa namni biraa kennatu caala. Sababni isaas isaan waan jireenya dhiphaa keessa turanii waan xiqqoo sanuu osoo itti hajaman kennatan.

Ammas kennaan isaanii yeroo hedduu Nabiyyii (SAW) tumsuu fi isaan tiksuu keessatti ta'a. akkuma kennaan isaanii mindaa fi galata dabalataa qabdu, hojiin isaanii biraatis sadarkaa addaa qabdi, kan akka qabsoo (Jihaadaa) fi wanti birootis. Isaan garee jalqabaa karaa haqaa, qajeellumaa fi waan gaarii saaqe waan ta'aniif. Isaan sadarkaa dursummaa kan sadarkaan kamuu isa hin fakkaanne argatan. Kana malees Sahaabota (Waahiloota) Nabiyyii Rabbii (SAW) ta'an. Lubbuu isaanii arjoomanii Nabiyyii Rabbii (SAW) fi diinii irraa qolatan.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Sahaabonni hundi isaaniituu warra qajeeloo fi amanamoodha, isa kana irratti Qur'aanni, Hadiisaa fi walii galteen Ulamaa'ota-as qajeelcha.

2. **Faayidaa ddaa:**
Caalaan sahaabotaa bakka bu'oota Nabiyyii (SAW) afaran, akkuma Tartiiba isaaniitti: Abii Bakri, Umar, Usmaan fi Aliyyi. Warra Kurnan Jannataan gammachiifaman jara afran irratti dabalamuun ol guutantu itti aana. Ergasii warra duula Badrii dhaqan. Ergasii Warra duula Uhud hirmaatan. Ergasii warra walii galtee (kakuu) Jaalaa (beey'atarridwaan) hirmaatan. Warra sadarkaa addaa qaban kan bakka aqabaa (Gooba) lamaanitti Nabiyyiin wal gahan kan Ansaarotaati, akkasuma warra dursanii hangafatti islaamummaa fudhatan, Mu'aawiyaanis sahaabota kabajamoo keessaa nama tokkoodha, waahiloota nabiyyii warra filatamoo keessaa nama tokko.

Waraanni jidduu isaaniitti argame ammoo gareen hunduu yaada itti amananii fi sirrii irra jirra akka jedhanii yaadan isaan taasise qaban. Hundi isaaniituu akkasitti hiikkataniiti, Kanaan tokkoon isaaniitis haqummaa irraa hin bayu.
Waan dhimmoota adda addaa keessatti tattaaffii (ijtihaada) godhaniif akkuma warri isaaniin boodaatis tattaaffii godhu. Kana irra dhaabatuun tokkoon isaanii hirdhuudha jechuuniin hin danda'amu.

1. Sahaabonni arrabsuun Haraama. Inni yakkoota haraamaa keessaa isa tokkoodha. Sahaabota qormaata adda addaatti dabalamanis haa ta'uu kaan arrabsuun hin ta'u. isaan waraan keessatti hirmaatan sanniin gara sirriitti yaadanii gaggeessan waan ta'aniif.

2. Sahaabota arrabsuun, isaan eeybessuun (waraanuun) waan ragaa sirrii kan qur'aanaa fi hadiisaa faallessuun yoo taate kufrii ta'a, akka Haadha Mu'umintootaa Aa'ishaa ni sagaagalte jedhanii maqaa yakkuu, ykn ammoo Bid'aa fi ajaja Rabbii faallessuu ta'a.

Hubannoof:

Wantoota Bu'uuraa warri sunnaa fi Jama'aa irra jiran keessaa Sahaabota Ergamaa Rabbii (SAW) jaalatuudha, waan gaggaarii isaanii dubbatuudha, sadarkaa qabuutii isaanii amanuu fi waan gaarii isaan islaamummaaf dalaganii dabarsanii beekuudha. Onneen namaa isaan waanyuu, jibbuu fi diinomuunii irraa bilisa ta'uudha, arrabni namaatis isaan arrabsuu fi maqaa yakkuu irraa nagaa bahuudha. Isaaniif akka Rabbiin rahmata godhu, araaramu kadhatuufii, hammeenya isaanii dubbachuu fi waan jidduu isaaniitti argame irraa arraba ofii qabuu, maqaa isaanii yoo dhayan "Radiyyallaahu Anhu" (Rabbi irraa haa jaalatu) jechuu fi Rabbiin isaaniif kadhatuudha. Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedhe:

﴿ والذين جاؤوا من بعدهم يقولون ربنا اغفر لنا ولإخواننا الذين سبقونا بالإيمان ولا تجعل في قلوبنا غلا للذين آمنوا ﴾(الحشر: 10)

(Warri isaan booda dhufan Ni jedhu: Rabbii keenna nuuf araarami, obboleewwan keenna Kan limaanaan nu dura dabraniifis araarami, onnee keenna keessatti jibbaa warra amananii hin kaayin". Alhashri: 10

Gaafilee:

01 Gareewwan Hadiisni kun bira gahuu qabu eenyu fa'i? Sahaabonni maal dalaganii sadarkaa kana gahan?

02 Qorannoo gabaabaa murtii Sahaabota Arraabsuu keessatti qopheessi.

03 Ijjannoon sirrii waan jidduu Sahaabotaatti bara rakkoo (Fitnaa) argame irraa nuti qabaatuu qabnu maaliidha? Maddoota alaatis fayyadamuu dandeetta.





17

عن أنس بن مالك رضي الله عنه عن النبي صلى الله عليه وسلم قال: "ثلاث من كن فيه وجد حلاوة الإيمان: أن يكون الله ورسوله أحب إليه مما سواهما، وأن يحب المرء لا يحبه إلا لله، وأن يكره أن يعود في الكفر كما يكره أن يقذف في النار" متفق عليه.

Anas Ilma Maalik irraa odeeffamee (RA) Ergamaa Rabbii irraa(SAW) odeessee, akkana jedhan: "Waa sadi namni keessatti argaman isiidhaan mi'aa limaanaa ni argata: Rabbii fi ergamaan isaa isa biratti irra jaalatamaa ta'uudha, waan isaan lamaan malee jiru irra, Namicha jaalatuudha, kan Rabbiif malee bu'aa biraatiif isa hin jaalanne haala ta'een, Kufritti deebi'uu jibbiidha, akka ibiddatti darbamuu jibbutti.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Mi'aa limaanaa argata jechuun:** Qomti isaa limaanaaf baldhata, hojii Rabbiin itti ajaje yoo dalagu itti tola, diinii keessatti rakkoo itti dhufu ni baata jechuudha.
- **Rabbiif malee hin jaalatu jechuun:** Jaalala isaa san irraa bu'aa duniyaa wayii hin barbaadu, Rabbiif qofa jaalata jechuudha.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Hadiisni kun hadiisa guddaadha, hundee hundeewwan islaamaa irraa ta'eedha, limaanni mi'aa hafuuraa (lubbuu) qaba, gammachuu onnee qaba, gammachuun takkaa isitti hin qixxooftu, garuu mi'aa limaanaa san kan argachuu danda'u nama haalonni hadiisa keessatti dhufte tunniin isaaf guutamte. Isiinis:

1ffaa **Rabbii fi ergamaan Rabbii waan jala lamaan malee jiru kamiin caalaayyuu isa biratti jaalatamoo ta'uu.** Kana jechuun jaalalli Rabbii lubbuu isaa mooyatee, miira isaa fi fedhii isaa hunda irra caalee, jaalalli Inni Rabbii fi ergamaa isaatiif qabu, jaalala inni Abbaa isaatiif, Ilma isaatiif, Qabeenya isaatiif, kabaja isaatiif qabu hunda caalee, inumaa bira dabree jaalala inni lubbuu ofiitiif qabu irras yoo caale, fedhiiwwan isaa kan lubbuu hunda bira yoo dabreedha. Iimaanni dhugaa isa kana, kan gabrichi yoo sadarkaa san gaye, fedhiin isaa guutuun Waan Nabiyyiin dhufeen jala isaaf deemu.

Mallattoo sanii keessaa:

ajaja Rabbii bifa guutuu ta'een fudhatuu,

karaa guutuu Ta'een Nabiyyii (SAW) hordofuudha.

Kanaafuu Ibnu Qudaamaan akkana jedhe:
"Namni Rabbiin jaalatu isa hin didu". Akkas jechuun isaa: jaalalti Ilaahii guutuun jidduu gabrichaa fi yakka dalaguu addaan daha (Dhoorga), mi'aan Iimaanaa fi Jaalalli Rabbii waan isa dallansiisu hunda irraa nama dhoorgiti waan taateef.

2ffaa **Namicha jaalatuu, kan Rabbiif malee waan biraatiif isa hin jaalanne haala ta'een.** Namichi obboleessa isaa kan Muslimaa jaalatuudha, jaalala qulqulluu, kan isii duubaan jaalala Rabbii barbaadu, waan gabrichi inni jaalatu kun haala addaa of biraa qabuuf, ykn faayidaa shari'aa kan irraa fayyadamu wayii waan isa biratti argeef; kan akka beekumsa nama fayyaduu, ykn amala gaarii, ykn tolinna wayiitii fi Ibaadaa biratti argee bu'aa duniyaatiif osoo hin taane kanniiniif itti dhiyaateedha.

3ffaa **Kufritti deebi'uu jibbuudha, akka ibiddatti darabamuu jibbutti.** kana jechuun: Gammachuun limaanaa onnee isaatti makamtee, Gara kufrii deebi'uu jibba, erga Rabbiin islaamummatti isa qajeelchee booda, akkuma Ibidda keessatti darbamuu jibbutti, waan ifatti kufriin sababa ibidda seenanii achitti hafuu namatti taati jechuu beekuuf.

Faayidaalee Hadiisaa:

Bu'uura warra sunnaa fi jamaa'aa irraa: Jaalatuu fi diinomuun isaaniitis Karaa Rabbii keessatti, haalli kun lamaan Shari'aa keessatti bakka guddaa qabdi, bifoota itti aanu Kanaan ibsamuu dandeetti:

1. Isiin tun Shaahaadaa gabbaramaan biraa Rabbiin malee hin jiru jedhuuf qaama tokko, hiikni isii waan Rabbii gaditti gabbaramu hunda irraa bilisa ta'uu waan ta'eef. Rabbiin akkana jedhe:

﴿أن اعبدوا الله واجتنبوا الطاغوت﴾(النحل: 36)

(Rabbiin gabbaraa, jallistoota irraa fagaadhaa)
Annahli: 36

2. Isiin irra cimtuu haada limaanaati. Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "Irra jabduun haada limaanaa: Rabbiif walii tumsuu, karaa Rabbii keessatti namaan diinomuu, Rabbiif jecha wal jaalachuu, Karaa Rabbii keessatti wal jibbuudha". Xabraanitu odeesse, Albaaniin Sahiiha jedhe.

3. Isiin sababaa namni Mi'aa iimaanaa argatuu fi dhugaan itti gammaduu waan taateef.

4. Amantiin tun namaa guutamuudhaan, limaanni namaa guutuu ta'a. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Nama Rabbiif jecha Jaalate, kan Rabbiif jecha Jibbe, kan Rabbiif jecha kenne, kan Rabbiif jecha dhoorgate, Imaanni isaa guutuu ta'eef". Abuu Daawuditu gabaase. Albaaniin Hadiisni Sahiiha jedhe.

Rabbiif jecha Jaalallee (Aantee) wal godhachuun Haqoota guuttatuu qabdutu jira. Isiinis:

1. Biyya kaafirtootaa irraa gara Biyya Muslimtootaa godaanuudha. Dhimmi kana keessaa namni laafaanii fi namni sababa Rakkoo fudhatama qabuutiif godaanuu hin dandeenne keessaa baafama.

2. Muslimtootaaf tumsuudha, lubbuudhaan, qabeenyaan, Arrabaan isaan qarqaaruudha. Gammachuu fi gadda isaanii keessatti waliin hirmaatuudha.

3. Waan Lubbuu ofiitiif jaalatu Muslimtootaaf jaalatuu, waan keeyrii isaaniif fedhuu fi hamtuu isaan irraa deebisuuf, isaanitti qoosuu dhabuu, jaalala isaanii, isaan wajjiin taa'uu fi waliin mari'atuu irratti futunuu.

4. Haqa isaanii guutuudha. Kan akka dhibamaa isaanii gaafatuu, Du'aa isaanii hordofee gaggeessuu, isaanitti laafuu, isaaniif kadhatuu, araarama isaaniif kadhatuu, nagaa isaan gaafatuu, waliin jireenyaa fi dalagaa keessatti isaan sobuu dhabuu fi qabeenya isaanii karaa maleen nyaatuu dhabuudha.

Warri Sunnaa fi Jamaa'aa jaalalaa fi jibbaa keessatti namoota bakka sadi'itti qaadan:

1. Nama walumaa galatti jaalala haqa godhatu: isaan Mu'umintoota Rabbii fi ergamaa Rabbii (SAW) itti amanan. Kan mallattoolee diinii hunda bifa qulqullinna qabuun raawwataniidha. Rabbiin akkana jedha:

﴿إنما وليكم الله ورسوله والذين آمنوا الذي يقيمون الصلاة ويؤتون الزكوة وهم راكعون ومن يتول الله ورسوله والذين آمنوا فإن حزب الله هم الغالبون﴾(المائدة: 55-56)

(Jaalalleen keessan Rabbi, ergamaa isaatii fi warra Rabbitti amanan, warra salaata salaatanii, zakaas keennatanii, kan Rabbiif gadi jedhaniidha. Namni Rabbiin, ergamaa isaatii fi warra amanan jaalallee godhate, isaan tuuta Rabbiiti, tuuta Rabbiittu mooyatoodha" Almaa'idaa: 55-56

2 Nama gara tokkoon jaalala, gama biraatiin ammoo irraa qulqullaa'uu haqa godhatu: inni kun nama Muslimaa kan yakka dalaguu fi wantoota dirqamaa garii kan gatu, waan haraamaa garii kan sadarkaa kufriitiin isa hin geenne kan hojjatuudha. Nama kana tola isaa yaadanii, gocha isaa san harkatti mormuun dirqama. Osoo inni yakka hojjatu itti caldhisuun hin ta'u. irratti mormanii, waan beekamaa Shari'aan deeggartutti ajajanii, waan shari'aan balfitu irraa dhoorguun dirqama. Yoo isaan daangaa cabsan addabbiiwwan shari'aa isaan irratti dhaabanii isaan jiilchuun, akka isaan yakka isaanii san irraa of qusatanii fi badii isaanii irraa toowbatan taasisuun murteessaadha.

3 Nama guutumatti irraa qulqullaa'uu haqa godhatu: inni kun nama Mushrikaa fi kaafiraati. Yahuudaa ta'ee, Kiristaana ta'ee, Majuusaa ta'ee, Nama Diinii Rabbi mormu kan amantaa hin qabne ta'e, warra dhakaa muka gabbaru ta'ee hundaa hammata. Murtiin kun nama Muslimaa kan waan sadarkaa kufrii bira gahu hojjates ni dabalata, akka waan Rabbiin malee jiru kadhatuu, Rabbiin malee waan biraa irraa birmannaa barbaaduu, Waan Rabbii gadii irratti irkatuu fi Rabbii Ergamaa isaa, akkasuma Diinii isaa arrabsuu fa'aadha.

Muslimtoonni namoota kanniinitti qabsaa'anii, lafa itti dhiphisuu qabu, akka isaan badii ofii dachii keessa babaldhisan dhiisuu hin qaban. Rabbiin akkana jedha:

﴿يا أيها النبي جاهد الكفار والمنافقين واغلظ عليهم ومأواهم جهنم وبئس المصير﴾ (التحريم: 9)

(Yaa Nabiyyii kana: warra Kaafirtootaa fi munaafiqtootaatti qabsaa'I, isaan irratti jajjabeessi, qubsumni isaanii Jahannam, bakki itti galan achi ta'uun waa fokkate" Attahriim: 9

Karaa Rabbii keessatti namaa dinomuunis waan hedduu of keessaa qabdi, isii keessaa:

1. Kufrii fi kaafiroota jibbuu, garaa ofii keessatti diinummaa isanaii qabatuudha.

2. Kaafirtoota jaalallee taasifatuu dhabuudha, isaan jaalatuu dhabuu, isaan irraa guututti addaan bahuudha, osoo jarri fira namaatis ta'anii.

3. Biyya Kaafirtootaatiin ooduudha, rakkoof yoo taate malee garas godaanuu dhabuudha, sanuu yoo achitti amantii ofii ifatti gaggeeffatuun kan danda'amu taate.

4. Waan isaan addatti qaban keessatti isaanitti fakkeeffatuu dhabuudha, waan Diinii keessatti haa ta'uu waan Duniyaa keessatti. Wanti diinii akka mallatoo isaanii kan isaan amantii isaanii keessatti itti fayyadaman kan muldhatuu fi dhokatuuti, kan duniyaa ammoo waan akka adeemsa uffannaa isaaniitii fi kkf, waan isaan addatto ittiin beekaman, kan Muslimtoota keessa faca'ee hin beekamneedha. Wanti sun adeemsa keessa jaalala isaanii fi keessoon aantummaa isaanii horachutti nama geessa waan ta'eef.

5. Kaafirtootaa tumsuu dhabuudha, isaan faarsii dhabuu, Muslimtoota irratti isaan qarqaaruu dhiisuu, isaanitti qarqaarsifachuu dhabuu yoo bakka rakkootti ta'e malee, akkasuma gara isaanii dabuu dhabuudha.

6. Ayyaana isaanii keessatti fi gammachuu isaanii keessatti isaan wajjiin hirmaatuu dhabuu, baga gammaddan jechuunis sagantaa adda addaa kan amantii irratti isaan gammachiisuu dhabuudha.

7. Araarama isaaniif kadhatuu dhabuu, Rahmata isaaniif kadhatuu dhabuu, yoo isaaniin walitti dhufe dursee nagaa isaan gaafatuu dhabuudha.

Karaa Rabbii keessatti namaa dinomuunis waan hedduu of keessaa qabdi, isii keessaa:

1. Kufrii fi kaafiroota jibbuu, garaa ofii keessatti diinummaa isanaii qabatuudha.

2. Kaafirtoota jaalallee taasifatuu dhabuudha, isaan jaalatuu dhabuu, isaan irraa guututti addaan bahuudha, osoo jarri fira namaatis ta'anii.

3. Biyya Kaafirtootaatiin ooduudha, rakkoof yoo taate malee garas godaanuu dhabuudha, sanuu yoo achitti amantii ofii ifatti gaggeeffatuun kan danda'amu taate.

4. Waan isaan addatti qaban keessatti isaanitti fakkeeffatuu dhabuudha, waan Diinii keessatti haa ta'uu waan Duniyaa keessatti. Wanti diinii akka mallatoo isaanii kan isaan amantii isaanii keessatti itti fayyadaman kan muldhatuu fi dhokatuuti, kan duniyaa ammoo waan akka adeemsa uffannaa isaaniitii fi kkf, waan isaan addatto ittiin beekaman, kan Muslimtoota keessa faca'ee hin beekamneedha. Wanti sun adeemsa keessa jaalala isaanii fi keessoon aantummaa isaanii horachutti nama geessa waan ta'eef.

5. Kaafirtootaa tumsuu dhabuudha, isaan faarsii dhabuu, Muslimtoota irratti isaan qarqaaruu dhiisuu, isaanitti qarqaarsifachuu dhabuu yoo bakka rakkootti ta'e malee, akkasuma gara isaanii dabuu dhabuudha.

6. Ayyaana isaanii keessatti fi gammachuu isaanii keessatti isaan wajjiin hirmaatuu dhabuu, baga gammaddan jechuunis sagantaa adda addaa kan amantii irratti isaan gammachiisuu dhabuudha.

7. Araarama isaaniif kadhatuu dhabuu, Rahmata isaaniif kadhatuu dhabuu, yoo isaaniin walitti dhufe dursee nagaa isaan gaafatuu dhabuudha.

Karaa Rabbii keessatti namaa dinomuunis waan hedduu of keessaa qabdi, isii keessaa:

1. Kufrii fi kaafiroota jibbuu, garaa ofii keessatti diinummaa isanaii qabatuudha.

2. Kaafirtoota jaalallee taasifatuu dhabuudha, isaan jaalatuu dhabuu, isaan irraa guututti addaan bahuudha, osoo jarri fira namaatis ta'anii.

3. Biyya Kaafirtootaatiin ooduudha, rakkoof yoo taate malee garas godaanuu dhabuudha, sanuu yoo achitti amantii ofii ifatti gaggeeffatuun kan danda'amu taate.

4. Waan isaan addatti qaban keessatti isaanitti fakkeeffatuu dhabuudha, waan Diinii keessatti haa ta'uu waan Duniyaa keessatti. Wanti diinii akka mallatoo isaanii kan isaan amantii isaanii keessatti itti fayyadaman kan muldhatuu fi dhokatuuti, kan duniyaa ammoo waan akka adeemsa uffannaa isaaniitii fi kkf, waan isaan addatto ittiin beekaman, kan Muslimtoota keessa faca'ee hin beekamneedha. Wanti sun adeemsa keessa jaalala isaanii fi keessoon aantummaa isaanii horachutti nama geessa waan ta'eef.

5. Kaafirtootaa tumsuu dhabuudha, isaan faarsii dhabuu, Muslimtoota irratti isaan qarqaaruu dhiisuu, isaanitti qarqaarsifachuu dhabuu yoo bakka rakkootti ta'e malee, akkasuma gara isaanii dabuu dhabuudha.

6. Ayyaana isaanii keessatti fi gammachuu isaanii keessatti isaan wajjiin hirmaatuu dhabuu, baga gammaddan jechuunis sagantaa adda addaa kan amantii irratti isaan gammachiisuu dhabuudha.

7. Araarama isaaniif kadhatuu dhabuu, Rahmata isaaniif kadhatuu dhabuu, yoo isaaniin walitti dhufe dursee nagaa isaan gaafatuu dhabuudha.

Hubannoof:

Jaalalli Ergamaa Rabbii (SAW) jaalala Rabbii Irraa maditi, isiis hordofti. Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:
"Rabbii fi ergamaan isaa waan jara lamaan malee jiru irra isa biratti jaalatamuu", akkas malee: Ergasii ergamaan isaa hin jenne, namni ergamaa Rabbii hanguma Rabbiin jaalatuun jaalata, akkuma Jaalalli inni Rabbiif qabu dabalaa dhuftuun, jaalalli inni Ergamaa isaatiif qabus dabalaa deema.
Garuu namni gariin Ergamaa Rabbiin waliin jaalata, Garuu Rabbiif jecha hin jaalatu, Ergamaa Rabbii (SAW) kan Rabbiin caalaa jaalatu isa argita, akkana jechuun: jaalala Keessatti hiriyyaa (Waahila) Rabbii isa taasisa jechuudha, inumaa Rabbiin caalaa isaan jaalata. Inni kun gosa Shirkiiti. Yoo wanti ergamaa Rabbii dubbatamu gogaan isaa jaalalaa fi kabaja isaaf qabu irraa ni suukanaaya, garuu yoo Rabbiin dubbatamu qabbanaa'aa homaa itti hin dhagayamne ta'uu isaa argita, isa kana jaalalti tun isa hin fayyaddu, waan jaalala Shirkii taateef.

Gaafilee:

01 Aqiidaa jaalachuu fi irraa qulqullaa'uu irraa dubbadhu, akka isiin bu'uraalee warra Sunnaa fi Jamaa'aa keessa tokko taatetti laaluudhaan.

02 Akkaataa namni jaalala limaanaa itti horatu ibsi, akka Hadiisa kana irraa barattetti.

03 Jaalalli Ergamaa Rabbii (SAW) faarfamtuu fi arrabsamtuun isii tamiidha?



الحديث الثامن عشر
Hadiisa Kudha saddeetaffaa

18

عن عائشة رضي الله عنها قالت: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "من أحدث في أمرنا هذا ما ليس فيه، فهو رد" (متفق عليه)
"وفي رواية لمسلم: "من عمل عملا ليس عليه أمرنا فهو رد

Aa'ishaa irraa odeeffamee (RA) akkana jette: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Namni dhimmi keenna kana keessatti waan isa keessa hin jirre haaraa fide, wanti sun isa irratti deeffamaadha". Bukaariif Muslimtu irratti waliif galanii gabaasan.
Odeessa Karaa Muslimiin dhufe tokko keessatti: "Namni hojii ajajni keenna irra hin jirre hojjate wanti sun isa irratti deeffamaadha".

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Aa'ishaa Dhugaa dubbattuu mucatti Abii Bakri, Haadha Mu'umintootaa, Haadha Warraa Ergamaa Rabbii (SAW), irra jaalatamtu dubartoota isaanii isaan biratti, irra beektuu dubartii addunyaati. Shari'aa beekti, Aartii Arabaa fi walaloo isaanii sirritti beekti, Sahaabonni gurguddaan dhimmi diinii keessatti isii bira deemanii gaafatuun turan.
Taabi'ichi Masruuq Jedhamu Hadiisa isii irraa odeessu yoo Himu: Dhugaa Dubbattuu intalli dhugaa dubbataa (Assiddiiqatu Binti Assiddiiq) naaf odeessite jechuun eegala. Gaafa waraana Gaalaa Aliyyiin irratti fincila baate, ergasii yaada kana irraa deebite, Aliyyis kabajamtuu haala taateen gara mana isiitti isii deebise. Hijraa Irraa Bara 58ffaa keessa duute.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Kan baasa fide jechuun:** waan haaraa kan uume jechuudha. **Dhimma keenna kana jechuun:** Diinii keenna, Islaamummaa keessatti jechuudha.
- **Waan isa keessa hin jirre jechuun:** Waan Qur'aanaa fi Hadiisa keessa hin jirre, kan murtii jara lamaanii jala hin seenne, ykn kan seerota jara lamaanii faallessu jechuudha.
- **Deebifamaadha jechuun:** dhara, waan dhugaadha jedhamee fudhatama argatuu miti jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisni kun seera guddaa bu'uura seerota islaamaa keessa tokko ta'eedha. Inni jechoota nabiyyiin (SAW) dubbatan kan waan hedduu of keessatti hammatan keessaa isa tokkoodha. Inni ifatti akka wanti baasa (bid'aa) ta'e hundi fi wantii diinii keessatti haaraa dhufe kamiyyuu akka fudhatama hin qabne argisiisa, sammuu namaatiif karaa inni waan diin irraa hin taane fuudhee diinitti dabaluun tokkos hin hayyamuuf.

Hadiisni kun waan namni qayyabatuu (haffazuu) qabuudha, akkasuma waan shari'aa faallessu kamiinuu ittiin falmuudhaaf itti fayyadamuun barbaachisaadha. Warri beekumsa qaban akkana jedhan:

"Isaan ragaa godhatuu heddummeessuun barbaachisaadha"

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Hadiisni kun bu'uura guddaa bu'uraalee islaamaa keessa tokko ta'eedha. Isa irratti jecha Rabbii kan itti aanu kanatu qajeelcha.

﴿وأن هذا صراطي مستقيماً فاتبعوه ولا تتبعوا السبل فتفرق بكم عن سبيله﴾ (الأنعام: 153)

(Inni kun karaa kiyya, diriiraa gadi dhaabataadha, isa hordofaa, xurreewwan biraa hin hordofinaa karaa kiyya irraa isiniin baddi (Isin facaafti)) Al-An'aam: 153

2. Diinii Rabbii keessatti waa haaraa uumuun osoo yaada gaariinis ta'ee Haraama ta'uu isaati, waan qalbii nama laaffisee, namni fuula itti deebi'us osoo taatee, kun hojii sheeyxaanaati waan ta'eef.

3. Waan tokko Diinii Rabbii keessatti fiduun osoo hundeen isaa shari'aa keessas jiraattee hin ta'u, yoo bifa addaa kan shari'aan ittiin barsiifte irraa maqe, gaafa san didamaa ta'a. akka bid'aa namoonni gariin fidan kan Du'aa'ii, zikriiwwanii fi waan biroo.

4. Hordoffiin Nabiyyii (SAW) kan mirkanooftu yoo wanti namni hojjatu waan jaha keessatti shari'aan wal simateedha, isaanis: sababa dalagameef, gosa hojii dalagamee, hamma dalagaa sanii, akkaataa dalagaan ittiin raawwatame, yeroo dalagaan keessatti raawwatame fi eddoo itti hojjatame. Wantoota jahan kana keessatti shari'atti hin qajeelin wanti dalagame sun sirrii miti. Waan namichi diinii Rabbii keessatti waan haaraa fideef.

Inni kun baldhinaan yoo laalamu akka itti aanu kana:

1. Dalagaan sababaa keessatti shari'aan wal fudhatuu fakkeenyi isaa: akka namni Ibaadaa takka sababa Rabbiin karaa hin godhiniif hojjachuuti, fakkeenyaaf osoo Muslimoonni injifannoo wayii gonfatanii, guyyaa isaan injifatan san Fakkeenyaaf Gaafa lola Badrii lida godhatanii inni kun fudhatama hin qabu, waan namichi dalagaa isaa kana sababa Rabbii fi Ergamaan isaa (SAW) karaa hin godhiniin wal qabsiiseef.

2. Dalagaan gosa isaa keessatti shari'aan wal galuu: namni tokko osoo Ibaadaa bifa isii Rabbiin karaa hin godhin wayii hojjate fudhatama hin qabaattu.
Fakkeenyi isaa: namni tokko osoo farad qalee, inni kun fudhatama hin qabu. Waan inni gosa isaa keessatti shari'aa faallesseef. Wareegni ykn Udhiyyaa kan karaa godhamte Beeyladoota irraa qofa waan ta'eef.

3. Dalagaan hamma keessatti Shari'aan wal galuu: namni tokko osoo hamma Shari'aan karaa gootee ol hojjachu-un Rabbiin gabbaruu yaalee, hojiin isaa sun fudhatama hin qabu. Fakkeenyaaf: Namni tokko qaama isaa kan Wuduu'aa yeroo afur osoo dhiqatee, tan dabalamte sun fudhatama hin qabdu, isiidhaaf ni dilaawa, waan barsiisa Shari'aa irratti dabaleef.

Faayidaa Addaa:

Ulamaa'onni Ibaadaan kamiyyuu seera lama yoo guuttatte malee fudhatama hin qabdu jechuu irratti walii galanii jiru:

1- Dalagaa Rabbiif jecha qulqulleessanii hojjachuu.
2- Hojii keessatti karaa Rasulaa (SAW) hordofuu.

4 Dalagaan akkaataa keessatti shari'aan wal galuu: namni tokko dalagaa wayii ibaadaadhaaf jecha osoo hojjatee, garuu akkaataa Raawwii isaa keessatti shari'aa irraa maqee dalagaan sun fudhatama hin qabaatu. Fakkeenyaaf namni tokko Salaata salaatee, osoo jilba hin qabatin Sujuuda yoo bu'e, salaanni isaa sirrii miti, irratti deebifamti, waan inni akkaataa raawwii keessatti shari'aa faallesseef.

5 Dalagaan yeroo itti raawwatamu keessatti shari'aan wal galuu: osoo namni tokko salaaya yeroon isii osoo hin gahin salaatee, salaanni sun fudhatama hin qabaattu, waan yeroo shari'aan daangesseen alatti raawwateef.

6 Osoo akkasuma namni tokko Ibaadaa yeroodhaan daangeffamtu rakkinna malee gara boodaa harkisee, akkas Subhii erga aduun baatee booda salaatuu fa'a, salaanni isaa hin fudhatamu irratti deebifama, waan inni dalagaa ajajni Rabbii fi ergamaa isaa irra hin jirre hojjateef.

Dalagaan Eddoo itti raawwatamu keessatti shari'aan wal galuu: osoo namni tokko Masjidaan ala bakka bira Ibaadaadhaaf taa'ee, akka Mana Barumsaa keessa, ykn Mana jireenya isaa keessa taa'ee, I'itikaafni isaa sirrii hin ta'u, waan inni bakka ibaadaa itti godhe keessatti shari'aan wal hin galleef.

Gaafilee:

01 Ulaagaa Ibaadaan sirrii ta'uu dubbadhu.

02 Hordoffiin Nabiyyii yoo hojiin waan jaha keessatti shari'aan walitti gale malee hin mirkanooftu. Yaada kana ibsi.

03 Jidduu ibaadaawwanii fi dalagaawwan biraa, waan hayyamamuu fi dhoorgamu keessatti addaan baasii ibsi.





19

عن أبي نجيح العرباض بن سارية رضي الله عنه قال: وعظنا رسول الله موعظة، وجلت منها القلوب وذرفت منها العيون. فقلنا: يارسول الله، كأنها موعظة مودع فأوصنا، قال: "أوصيكم بتقوى الله عز وجل والسمع والطاعة وإن تأمرعليكم عبد، فإنه من يعش منكم فسيرى اختلافاً اختلافاً كثيراً؛ فعليكم بسنتي وسنة الخلفاء الراشدين المهديين، عضوا عليها بالنواجذ، وإياكم ومحدثات الأمور، فإن كل محدثة بدعة، وكل بدعة ضلالة". رواه أبو داود والترمذي، وقال: حديث حسن صحيح.

Abbaa Najiih Irbaad Ilma Saariyaa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) gorsa bakka geettuu takka nu gorsan. Onneen teenna gorsa tana irraa ni rifatte, ijji imimmaan buuste. Nus: Yaa Ergamaa Rabbii: gorsi tun garsa dhaamannaa fakkaattii mee nuuf dhaami jenneen. Isaanis akkana jedhan: "Sodaa Rabbii guddaa isiniif dhaama, hooggantoota keessaniif dhageettanii akka bultaniif isinii dhaama, osoo gabrichi wayiitis bulchaa keessan taasifamee. Isin keessaa namni umrii dheeratee jiraate wal dhabdee hedduu arguuf taa'a. karaa kiyyaa fi kan bakka buutota koo qaqqajeeloo, qajeelfamoo ta'anii hordofuun isin irra haa jiraatu. Isii irratti qarriffaan ciniinaa. Waan baasa guyyaa keessa dhufu irraa of eegaa, wanti haaraa dhufu hundi bid'aadha, wanti bid'aa ta'e hundi jallinna". Abuu daawudii fi Tirimizitu gabaase. Hadiisni gaariidha, qulqulluudha jedhan.

Odeessaa Hadiisaa:
Irbaad Ilam Saariyaa kan warra Banii suleeym. Magaalaa Himsaa keessa jiraate. Inni warroota boo'icha heddummeessan kan qur'aanni faaruu isaaniitiif bu'e keessaa nama tokkoodha. Rakkoo (walitti bu'iinsa) Bara Abdallaah Ibnu Azzubeeyr san keessatti du'e. achi booda du'e warri jedhanis jiru. Bara 75ffatti du'e.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Nu gorse jechuun: waan qalbii nama laaffisu nu yaadachiise jechuudha.
Onneen isa irraa rifatte jechuun: kan sodaatte jechuudha.
Akkuma Rabbiin qur'aana keessatti:

﴿الذين إذا ذكر الله وجلت قلوبهم﴾(الأنفال: 2)

(Warra yoo Rabbiin dubbatamu onneen isaanii sodaattu) Al-Anfaal: 2



Ijji imimmoofte jechuun: imimmaan ija irraa yaa'e jechuudha.
Akka waan isiin jechuun: gorsi isin nu gorsaa jirtan tun gorsa dhaamannaa fakaatti; akkaataan dubbii keessaniitii fi mata dureen irraa gorsaa jirtan, haalli isin ittiin muldhattan akka nama dhaamataa jiruuti jechuu isaaniiti.
Gorsi nama keessatti fudhatama argatuuf wantoota sababa ta'an keessaa:

- Mata duree
- haala namicha nama gorsu
- fi sochii isaati

Sodaa Rabbii isiniif dhaama kan jedhu: dhaamsi kun Qur'aana jecha Rabbii kan itti aanu kana irraa fudhatamte. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ولقد وصينا الذين من قبلكم وإياكم أن اتقوا الله﴾(النساء: 131)

(Warra isiniin duraatii fi isiniifis Rabbiin sodaadhaa dhaamsa jedhu dabarsinee jirra) Annisaa'i: 131



Rabbiin sodaachuun mataa waan hundaati. Hiikni isaa: Rabbiif buluudha, ajaja isaatiif butamuudhaan, waan inni dhoorge irraa fagaatuu fi beekumsaa fi ifa irratti ta'uudhaan.


Dhagayaa tole jedhaa jechuun: warra angoon harka isaanii jiruuf jechuudha.
Erga waan sodaa Rabbii dubbatee jara kana lamaan adda baasee wanti himeef; jarris silaa taqwama keessa jiranii; garuu waan jarri lamaan ijoo ta'anii fi hooggantoota irratti finciluun hammeenya waan qabuuf.

Yoo gabrichi wayiitis isin irratti moo'e jechuun: gabrichi Amiira (hoogganaa) keessan ta'ee isin bulchuu yoo jalqabe jechuudha.
Isin keessaa namni jiraate jechuun: kan Umriin isaa dheerate jechuudha.

Waldhabdee hedduu arga jechuun: Aqiidaa (Amantii) keessatti, dalagaa keessattii fi sirnaa fi seera keessatti jechuudha.

Karaa kiyya hordofaa jechuun: isii jabeessaa qabadhaa jechuudha.
Bakka kanatti Sunnaa Nabiyyii (SAW) jechuun: karaa inni irra jiru qabadhaa, waan haaraa diinii Rabbii guddaa keessatti hin fidinaa jechuudha. Shari'aa keessaallee hin bayinaa jechuudha.

Karaa Bakka bu'oota qajeeloo jechuun: Warroota Nabiyyii Irraa (SAW) bakka bu'anii ummata isaanii gaggeessan jechuudha.



Qajeelfamoo jechuun: ibsuma duraanii kan jabeessuudha. Namni tokko yoo qajeelaa ta'e, qajeelfamaa ta'uun isaatin beekamaadha, namni tokko qajeelaa ta'uuf qaama isa qajeelche qabaata.

Qarriffaan ciniinaa jechuun:
sunnaa tiyyaa fi kan kulafaa'otaa qabadhaa jechuudha. Qarriffaa daangaa A'oo irratti kan argamuudha.
Nabiyyiin (SAW) sunnaa hordofuu irratti jajjabeessuu qofatti hin geeffanne, itti dabaluudhaan Bid'aa irraa dhoorgan. **"Waan guyyaa keessa dhufe irraa isin dhoorga"** jedhan. Wantoonni guyyaa keessa dhufan kan jedhaman kun: waan dhimmi Diiniitiin wal qabatuudha, waan Qur'aana, Hadiisaa fi walii galtee Ulamaa'otaa biratti hin beekamne.

Wanti dhimmi duniyaatiin wal qabatee haaraa dhufe dhoorgaa kana keessa hin seenu. Wanti haaraan duniyaa keessatti dhufu kan nama fayyadutu jira, inni Kheeyriidha, kan nama miidhutullee jira, inni ammoo hamtuudha.

Wanti dhimmi Diinii keessatti haaraa dhufu ammoo hunduu hamtuudha. Kanaafuu Nabiyyiin (SAW): "Wanti haaraa dhufe hunduu dur hin jirreedha" jedhan. Waan isiin baasa haaraa eegaluu taateef.
Wanti baasa taate hunduu jallinna jechuun: kan diinii Rabbii keessatti haaraa dhufe hunduu karaa (sababa) jallinnaati jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisa kana keessatti Rabbiin sodaatuu fi hooggantootaaf dhagayanii ajaja isaaniitiin bulutti ajajutu keessa jira, osoo hoogganaan sun gabrichas ta'ee, dhaamsa kana keessa milkii duniyaa fi Aakiraattu jira. Rabbiin sodaatuun durumaa dhaamsa warra duraa fi boodaatilleedha. Dhagayanii hoggantootaaf ajajamuun ammoo akka jireenyi gabrootaa sirnaa fi seera godhatu taasisa, Diinii isaanii fi tole jedhanii Rabbiin buluu isaanii ibsa. Sunnaa Nabiyyiitis akka qabatan ajajni keessa jira.
Karaa bakka bu'oota Nabiyyii warra amantii, dalagaa fi jechoota keessattis qajeeloo ta'an san hordofuu of keessaa qaba. Waan dur hin jirree taate irraa akeekkachiisa, isiin waan shari'aa keessatti hundee hin qabnee fi guyyaa keessa uumameedha. Namni muslimaa guutumatti irraa fagaatuu qaba.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Wanti ijoon gabrichaaf dhaamamu sodaa Rabbiiti, Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "Sodaa Rabbii isiniif dhaama". Inni kun sadarkaan sodaa Rabbii qabd argisiisa. Waan isii dhaamsa jalqabaa taateef.

2. Dhaamsa Nabiyyiin (SAW) hooggantootaaf tole jedhanii buluufitti ajajaniidha. Dhimmi bulchiinsaa fi tika hawaasaatiin wal qabatu keessatti hooggantootaaf ajajamuun dirqama Qur'aanaa fi Hadiisaan mirkanaa'eedha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ يا أيها الذين آمنوا أطيعوا الله وأطيعوا الرسول وأولي الأمر منكم﴾(النساء: 59)

(Yaa Warra Rabbitti amantan Rabbiif ajajamaa, ergamaa isaatiifis ajajamaa, isin keessaa warra angoo qabaniifis ajajamaa) Annisaa'i: 59

3. Sunnaa Nbaiyyii fi karaa warra bakka bu'oota isaanii warra qajeeloo ta'anii san hordofuun dirqama. Haala kamiin keessattuu waajiba. Keessumaayyuu yeroo wal dhabiinsi argametti ammoo dirqamummaan isaa ni jabaata.

Hubannoof:

1. Hiikni jecha Nabiyyii (SAW) kan "Namni waan gaarii karaa godhe" jedhan sun: namni sunnaa raggaatuu taate takkatti hojjachuu kan dura eegale jechuudha.
Kana irratti kan akeeku Nabiyyiin (SAW) dubbii kana kan dubbatan gaafa keessummoonni rakkattoonni gara Madiinaa dhufnaan akka sahaabonni waa sadaqatan ajajan, Sahaabaan hundi isaaniituu waan Rabbiin isaaniif laaffise fidan, gurbaan Ansaara irraa ta'e tokko qalqala harka isaatti ulfaatte takka qabatee dhufee, Nabiyyii birra kaaye. Achi irratti Nabiyyiin (SAW): "Namni islaamummaa keessatti seera gaarii karaa taasise mindaa gocha san karaa godhuutii fi kan warra karaa isaa san deemeetis hanga guyyaa qiyaamaatti isaaf yaa'a jedhan. Kan jechuun dalagama duraan jirtu kan itti hojjachuu eegale jechuudha malee' waan haaraa lubbuu isaa irraa baasee fida jechuu miti.

2 Deebiin lamuu: "Namni islaamummaa keessatti karaa gaarii godhe" jechuun, kan karaa waan barbaadamaa biraan nama gahu karaa godhe jechuudha. Kan akka Sahaabonni Qur'aana Mushafa tokko keessatti walitti deebisaniiti. Inni kun karaa gaariidha. Wanti isaan san irraa fedhan muslimtoonni akka addaan hin facaanee fi garii isaanii akka wal hin jallisneef.

3 Bid'aa irraa lolutu keessa jira, kan bid'aan dhoorgamte Diinii keessatti malee Duniyaa keessattii miti. Kan duniyaa keessatti baasan takkii Arrabsamaa ykn barbaadamaa ta'a. akkuma bu'aan inni itti nama geessu wal dhabaa deemu jechuudha.

4 Wantoota dur hin jirree diinii keessatti walitti qabuun jallinna malee qajeelluma of keessaa hin qabu. Isin hammeenya. Osoo namni guyyaa keessa isii eegale hojii gaarii taatee isaaf hin qabamtu. Waan nabiyyii (SAW) "Wanti baasa ta'e hunduu jallinna jedhaniif". Waan tokkos keessaa addattu hin dhufa.

Gaafilee:

01 Karaa warra bakka bu'oota Nabiyyii hordofuun dirqama. Waan kana ibsi.

02 Akkamitti Hadiisni kun hammeenya bid'aa irratti ragaa ta'a? adda baasii ibsi.

03 Akkamitti hadiisota lamaan "Wanti haaraa ta'e hunduu bid'aadha jedhuu fi Hadiisa: "Namni islaamummaa keessatti karaa gaarii baase mindaan isiitii fi kan warra boodaan isii hordofeetis isaaf yaa'a" akkamitti walitti araarsina.



الحديث العشرون
Hadiisa Digdamaffaa

20

عن عبدالله بن مسعود رضي الله عنه قال: خط لنا رسول الله صلى الله عليه وسلم خطا، ثم قال: "هذا سبيل الله"، ثم خط خطوطا عن يمينه وعن شماله، ثم قال: "هذه سبل قال يزيد: متفرقة- على كل سبيل منها شيطان يدعو إليه"، ثم قرأ: "وأن هذا صراطي مستقيما فاتبعوه ولا تتبعوا السبل فتفرق بكم عن سبيله" الأنعام: 153 (أخرجه أحمد والنسائي وحسنه الأرناؤوط)

Abdallaa Ilma Mas'uud irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) Sarara tokko nuuf sararee, ergasii akkana jedhe: "Kun karaa Rabbiiti" jedhe, ergasii sararoota biraa mirgaa fi bitaa irraan sararee, ergasii akkana jedhee. "Isiin tun xurreewwan, Yaziid: Addaan facaatuudha jedhan jedhe, karaalee xixiqqoo tana hunda irra Sheeyxaana dhaabatee gara isiitti yaamutu jira" jedhan. Ergasii Aayaa tana qara'an: "Kun karaa kiyya gad dhaabataadhaa, isa hordofaa, xurreewwan hin hordofinaa karaa isaa irraa isiniin baddii" Al-An'aam: 153. Ahmadii fi Nasaa'itu gabaase. Arnaa'uux hadiisa gaariidha jedheen.

Hiika jecha tokko tokkoo:

Sarara nuuf sarare jechuun: nuu dhiyeessuuf, akka hubannu nu taasisuuf jechuudha. Inni kun waan dhokataa bifa waan muldhatu kan namni arguutiin ifa namaaf baasuudha.
Kun karaa Rabbiiti jechuun: Diinii Rabbii qajeelaa fi karaa Rabbii diriiraadha jechuudha. Jarri lamaan amantii dhugaatii fi dalagan gaarii karaa warra Sunnaa fi jamaa'aati.

Ergasii sararoota sarare jechuun: inni kun jidduu warra daangaa dabranii fi duubatti harkifatanii jiddutti jiraatutti akeekuudhaaf. Karaaleen warra Bid'aa karaa haadhoo irraa dabduu waan taateef.
Karaa jechuun: daandii Diinii islaamaa jechuu isaati.
Gadi dhaabbataa jechuun: qajeelaa, diriiraa dabnana hin qabne jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisni kun hundeelee Islaamaa keessaa hundee cimaa tokkoodha. Innis karaa warra sunnaa fi Jamaa'aa irra deemuudha. Karaalee gareewwan jallattuu, tan karaa irraa maqxee deemuu dhabuudha. Karaa kanatti Nabiyyiin Rabbii (SAW) akeekan, jecha isaanii "Waan anii fi sahaabonni kiyya irra jirru" jechuun. Tirmizitu gabaase. Hadiisni gaariidha jedhe. Wanti isaan irra turan: kan limaanaa, jechaa fi gochaati.

Hadiisa Kanaan yaanni garee niti karaa sirrii irra jirra jettu hundaa itti deebifama, isaan warri dubbii karaa sirrii kana himatanii addaan bayee, eenyutu dhugaan Karaa Nabiyyii, karaa warra bakka bu'oota isaanii qajeeltotaa fi warra isaan malee jiru kana sahaabaa hordofeen ifa gala. Warra Diinii Rabbii Afaan Ergamaa Irraa (SAW) hubatanii, beekumsaa fi ifatti fudhatan, faallaa warra karaa garee lubbuu ufii jala deemuu fi bid'aa oofanii hordofaniitti. Warra garee torbaatamii lamatti addaan bayan. Isa kanadha kan sararoota bitaa fi mirgaan sararamte saniin itti akeekuun barbaadame.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

1. Rabbiin Mu'umintoota gamtummatti ajaje, wal dhabuu fi addaan faca'uu irraa ni dhoorge.

2. Hadiisa kana keessa karaan Rabbii jiddu jireessa jechutti akeekutu jira. Duubattis hin harkifatu, fuuldurattis ce'ee daangaa hin dabru.
   Isa keessa Toowhiida, gadi dhaabbannaa fi daangaa lachuu eeggatanii karaa sirrii irra deemutu jira, karaan warra Bid'aa (dur hin jirree ammoo) gara cinaatti dabdi, isii keessa dirqama bayuu irraa gabaabbatuu fi dalgatti dabuun, akkasuma karaa irraa maquun, garee heddutti babbahuun heddummaatuu fi wal dhabutu jira. Kan akka qadariyyaa, Jabariyyaa, Kawaarijaa fi Raafidaa, Mu'axxilaa fi Mushabbihaa fa'atti addaan cicciramanii daangaa lamaan deemutu dhufa.

3 Garee arrabsamtuu yoo jennu warra dameewwan fiqhii keessatti, halaalaa fi haraama irratti wal dhaban jechuu keennaa miti, kan asitti ibsuun barbaadame warra Aqiidaa keessatti dhugaa irraa maqee, hundee Toowhiidaa gad dhiisee, jaalala Sahaabotaa gatee fi kkf dha.

4 Mallattoo gareewwan karaa irraa maqxee keessaa, qur'aana irraa waan ergaan isaa wal fakkaatu jala deemuudha, waan ifatti hubatamu dhiisuudha, fedhii ofii jala deemuun, isa Ragaalee shari'aa irra dursuudha, yaada irratti irkatanii, sammuu ufii murtii laachisiisuudha.

Sababoota akka ilaalchotaa fi gareewwan jallattuun muldhattu taasifte wantoota armaan gadii keessatti cuunfinee kaayuun ni danda'ama:

1 **Diinii wallaaluudha.** Akkuma barri dheerataa, Namni faana ergaa samii irraa fagaataa deemuun, beekumsi xiqqaataa, wallaalli faca'a. kana Ergamaan rabbii (SAW) akkana jechuun himan:
"Rabbiin Ilmii butiinsaan gabroota isaa keessaa hin luqqisu, haa ta'uutii karaan Ilmiin ittiin fuudhamtu karaa ulamaa'ota fudhatuutiin (ajjeesuutiin), Gaafa aalimni du'ee dhumate namni matoota (hooggantoota) wallaaltota taasifata, isaan dhimmi shari'aa gaafataman, deebii laatan beekumsaan malee, ofiillee jallatanii namootas jallisan". Bukaarii fi Muslimtu gabaasan.

2 **Fedhii ofii hordofuu:** namni Qur'aanaa fi Hadiisa irraa gara galee fedhii ofii hordofa. Akkuma Rabbiin jedhe:

﴿ فإن لم يستجيبوا لك فاعلم أنما يتبعون أهواءهم ومن أضل ممن اتبع هواه بغير هدى من الله ﴾ (القصص: 50)

(Yaa Nabiyyii keenna: ummanni kun yoo siif awwaatuu dhaban aka isaan lubbuu isaanii (fedhii isaanii) hordofaa jiran beeki, namni irra jallataan hin jiru nama fedhii isaa qajeelfama Rabbiin irraa ta'een ala hordofe irra" Alqasas: 50

3 **Yaada wayiitiif ykn Namootaaf Looguu (Butamuu):**
Inni kun jidduu namichaa fi ragaa hordofuu addaan daha, dhugaa beekuuf akka inni hin yaalle isa taasisa. Rabbiin akkana jedhe:

﴿وإذا قيل لهم اتبعوا ما أنزل الله قالوا بل نتبع ما ألفينا عليه آباءنا﴾ (البقرة: 170)

(Yoo Waan Rabbiin buuse hordofaa jedhameen, nuti waan abboota keenna irratti argine hordofna jedhu) Albaqaraa: 170

Haalli hardhas akkanuma warra Garee isaaniitiif loogan (bitaman) kan Suufiyyootaa fi warra qabrii gabbaruutis. Yoo Qur'aanaa fi hadiisa hordofaa jedhanii isaan yaaman, waan irra jirtan kana dhiisaa yoo jedhameen, sheekkota isaanii, abbootaa fi akaakayyoota isaaniitiin ragaa godhatan.

4 **Kaafirtootatti fakkeeffatuudha.**
Inni kun irra jabaa waan balaa ilaalchota jallattuu san keessa nama galchuuti. Akkuma Bukaarii fi Muslim keessatti Hadiisa Abbaa Sa'iid Alkudriyyii irraa odeeffamee (RA), ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "ni hordoftan karaa warra isiniin dura dabree, taakkuu taakkutti, dhundhumaa dhundhumatti, hanga isaan yoo boolla (goda) Wakkalleetis seenan wajjiins eentanitti". Ni jenneen Yaa ergamaa Rabbii: Warra nuun duraa sanitti Yahuudaa fi Kiristaanota baantaa? Ni jedhe innis: "eennu ree" jara malee jechuudha.

Gaafilee:

01 Nabiyyiin Rabbii (SAW) tooftaa Da'awaa isaanii fi ibsa namootaaf kennan gosa adda addaatiin fayyadamu. Isa sana karaa hadiisa kanaatii fi ragoolee biraatiin ibsi. Maddoota alaattis fayyadami.

02 Mallattoollee gareewwanii fi ilaalchonni jallattuun akka muldhattuun akka muldhattu taasiftu maal fa'a akka taate ibsi.

03 Gareewwanii fi ilaalchonni hunduu nutu karaa sirrii irra jirra jetti. Akkaataa barattetti dhimmi kana xiinxalli.

04 Bifa dimshaashaatiin sababoota gareewwan karaa irraa maqxuu taate muldhattuuf himi. Ragas dhiyeeffadhu.





21

عن أبي هريرة رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم، قال: "من دعا إلى هدى، كان له من الأجر مثل أجور من تبعه، لا ينقص ذلك من أجورهم شيئاً، ومن دعا إلى ضلالة كان عليه من الإثم مثل آثام من تبعه، لا ينقص ذلك من آثامهم شيئاً" (رواه مسلم)

Abii Hureeyraa Irraa Odeeffamee (RA) ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Namni gara qajeellumaa nama yaame, mindaa akka ka warra isa hordofee argata, osoo kan isaanii irraa homaa hin hirdhatin, nama gara jallinnaa nama yaames yakka irraa kan akka warra karaa isaa hordofeettu irratti barraa'a osoo kan isaanii irraa homaa hin hirdhatin. Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota Tokko Tokkoo:

- **Namni gara qajeellumaa yaame jechuun:** kan isa namaaf ifa baasee itti yaame jechuudha, akka nama Raka'aan lamaan duhaa (Waaraa) salaatamtu sunnaa ta'uu namaaf ibsee fa'a.
- **Namni gara jallinnaa yaame:** kan gara yakka hojjachuu, ykn waan yakki keessa jiruutti nama yaame, kan akka nama taphaa faayidaa hin qabnetti, sirbatti, dhala nyaachuu fi waan isa fakkaatutti yaame jechuudha.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Hadiisni kun ifatti akka namni karaa qajeelatti nama yaamee sababaa qajeellumaa ta'e minda akka warra isa hordofee argatu hima, kan jallinnatti nama yaames yakka akka warra barsiisa isaa san hordofee akka argatu ifa baase, akkuma oduu ilma Aadam kan obboleessa isaa ajjeese keessatti, lubbuu ajjeefamtu hunda irraa qooda yakkaattu isa irratti barreeffame jedhame san, sababa inni nama jalqaba ajjeechaa karaa godhe ta'eef. Bukaarii fi muslimtu gabaasan.

Qajeellumaa fi jallinna san jalqabuma irraayyuu kan eegale isa ta'uu, ykn namni biraa kan isa dursee hojjate jiraatuu, inni sun beekumsa nama barsiisuu, ykn Ibaadaa nama barsiisuu, naamusa nama barsiisuu fi waan biraa ta'uu, hojiin kun jireenya isaa keessatti kan dalagame ta'ee du'a isaa booda ta'ee qooda isaa ima argata.

Hadiisni akka waan gaarii karaa godhuun jaalatamu argisiisa, karaa badaa ammoo namaaf baasuun haraama ta'uus barsiisa. Namni gara qajeellumaa nama yaame, kan karaa gaarii baase mindaa akka warri karaa sanitti hanga guyyaa qiyaamaatti hojjatuu argata, kan karaa badaa baase, jallinnatti nama yaame, yakka (Dilii) akka warra karaa isaa san irra deemanii kan hanga guyyaa qiyaamaatti isa irratti barreeffama.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Sadarkaa Ilmiiti. Ilmiidhaan karaa qajeelatti nama akeekuun, sodaa Rabbii irratti nama kakaasuun argama waan ta'eef. Ilmii baratuun, isa facaasuun, qabeenya kennuu irra sadarkaa hedduun caalaadha. Osoo namni waa kennatu qabeenya guddaallee kennee. Kunoo Sheekal Islaam Ibnu Teeymiyyaan, Ibnul Qayyim, warri jara malee jiran kan Ulamaa'aa du'anii jiru, garuu maqaan isaanii ni jira, namoota barsiisan, karaa Kanaan mindaa argatan, ofii isaan qaamaan qabrii isaanii keessa jiran.

2. Gara waan Beekamaatti ajajuu fi waan jibbamaa irraa dhoorguu keessa namoota hawwisiisuudha. Inni kun hojii ergamtootaa fi sirreessitootaati. Isa keessa ammas falmii jabaa fi dhaadannoo guddatu jira warra Namoota qabatanii karaa ittiin badaniif, kan yakka dalaguu isaaniif bareechisan.

3. Jallinna irraa baqachiisuu, bid'aa irraa fagaatuu fi wantoota diinii keessatti guyyaa keessa baafamte hunda irraa dhoorguudha. Karaa Mu'umintootaa irraallee maquu dhoorguudha. Bifti dhoorgaan ittiin kaayame namichi bid'aa fidu akka salphatti laaluu danda'a gara jalqabaa,

badii sababa kanaaf dhufu hubachuu dhiisuu danda'a, yakki nama waan sanitti dalaguu isa irratti barreeffamuun rakkoo guddaadha, osoo innis mataa ofiitii itti dalaguu baatee, kan hundetti bid'aa tana uume isa waan ta'eef.

4. Gara qajeellumaa nama yaamuu fi gara yakkaa nama yaamuun jechaa fi gochaanis ta'uu dandeetti, keessumattuu namni hawaasni fakkeenya isa godhatu, inni nama ummanni itti hidhatu ta'uu wajjiin yoo waa dalage akka waan dalagaa jedhee itti yaameeti, kanaaf dalagaa isaatiin ragaa godhatan.

5. Baay'ina mindaa Nabiyyiiti (SAW); waan inni ummata karaa qajeellumaa irra kaayeef, namni karaa qajeellumaa tanatti hojjate kan ummata isaa hunduu, hojii isaanii keesaa Nabiyyiin (SAW) mindaatu barreeffamaaf, osoo kan isaanii irraa homaa hin hirdhatin.
Isa Kanaan dogongorri nama mindaa (Sawaaba) Ibaadaa isaa Rasuulaaf erguu ifa ta'a. sababni isaa: hojiin ati hojjattu kamuu, mindaan isaa siif ta'us, Ergamaan Rabbii (SAW) kanuma akka ati argattuu argata. Osoo sawaaba hojii isaaniif erguun waan sirrii ta'ee silaa warra nu dura gara isaanii achi aanantu san godha, kan jaalala Nabiyyii (SAW) tiinis nu caalan, isaan sahaabota, hordoftoota isaanii fi Imaamman isaan booda dhufaniidha. Isaan garuu waan san hin hojjanne.

6. Akka dalagaan hordoftootaa dabalaa deemuun mindaanis dachaa ta'aa dhufa, waan hin lakkaayamnee fi hin daangeffamne godhe. Isaan sadarkaan warra godaanee fi Ansaarotaa addaa baafama. Akkanuma Warri duraanii kuunniin warra Kalafaa (kan boodaa) wajjiin sadarkaa walii ni baratu. Akkasuma Ulamaa'onni warri ijtihaada godhan warra isaan hordofuun yoo wal bira leelte, sadarkaa warra duraa fi ammaa ni hubatta.

7. Sunnaawwan ajjeefamte, tan dhiifamtee namni ittiin oode akka dalagan kakaasuudha. Namni isii jiraachise, mindama akka ka warra itti kaase, kan yaadachiisee san ta'a. Sunnaa wanti jedhamu islaamummaa keessaatti takkii:

1. Sunnaa badduu

Isiin tun bid'aadha, namni isii jalqaba karaa godhe gaarummaa isaa haa taatu. Waan nabiyyiin (SAW) **"Wanti baasa ta'e hunduu jallinna".**

2. Sunnaa gaarii.

Isiin qooda lama qabdi:

a. Sunnaan homa dura shari'aan karaa gote taate, ergasii namni isii haarawoomsu ni haarawoomsa. Akka dhaabata Ramadaanaa Imaamaan dhaabatuu. Nabiyyiin (SAW) ummata isaaniitiif jalqaba Salaataa irratti akka imaamaatti hidhatan kraa godheef. Ergasii isaan irratti waajiba ta'uu malti jedhanii sodaatan. Gadaa Abii Bakrii fi jalqaba angoo Umar keessa ture sun. ergasii Umar nama Imaama tokko irratti walitti qabuun waanyoon ol deebisaa jirti. Umara (RA) islaamummaa keessatti sunnaa gaarii karaa godhe. Kanaaf inni nama sunnaa kana jiraachisee nu dhiise.

b. Namni jalqaba itti ariifatuun akka namicha dafee sadaqaa kennateeti. Akka namni wal hordofee waan inni dalage irratti hanga wol hordofanii isaan walii galanitti.
As irraa ka'uudhaan jallinna ummata waan diinii Rabbii keessa hin jirree haaraa baasanii, zikrii fi akka salawaata ittiin buusan bid'aa fidanii, wakkanas jedhan: isiin tun karaa gaariidha, kun irratti deebifama.bid'aan hunduu jallinna waan taateef. Bid'aa keessa wanti gaari jedhu hin jiru. Kan barbaadame nama dursee, hojii gaarii du'e san deebisee muldhisuudhaa jiruu itti godhe jechuudha. Inni kun mindaa ofiitii fi kan warra karaa san deemeetis ni argatan.

Gaafilee:

01 Bid'aan hunduu jalinn. Waan kana akkaataa baratteen ibsi.

02 Hima "Nama karaa gaarii baase" jedhu irratti yaadonni dogongoraa dhufte maal fa'a? hiikni isaan sirriin hoo maali?

03 Mindaa hojiiwwan gaggaarii warra du'aniif erguun ta'aa? Maddoota alaatti qarqaarami.



الحديث الثاني والعشرون
Hadiisa digdamii lammaffaa

22

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "إن الله عز وجل قال: من عادى لي وليا فقد آذنته بالحرب، وما تقرب إلي عبدي بشيء أحب إلي مما افترضته عليه، وما يزال عبدي يتقرب إلي بالنوافل حتى أحبه، فإذا أحببته: كنت سمعه الذي يسمع به، وبصره الذي يبصر به، ويده التي يبطش بها، ورجله التي يمشي بها، وإن سألني لأعطينه، ولئن استعاذني لأعيذنه، وما ترددت عن شيء أنا فاعله ترددي عن نفس المؤمن، يكره الموت وأنا أكره مساءته".
(أخرجه البخاري)

Abii Hureeyraa irraa odeeffame (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Rabbiin ol aane jedhe: nama jaalallee kiyyaan diinome waraana itti labsee jira, gabrichi kiyya gara kootti hin dhiyaatu waan kamiinuu waan ani dirqama isa irratti taasise hojjachuu caalaa, Gabrichi kiyyaa waan sunnaa (kan dirqama hin taaneen natti dhiyaatuu irraa hin deemu hanga ani isa jaaladhutti. Gaafa isa jaaladhe: gurra isaa kan inni ittiin dhagayu isaaf ta'a, ija isaa tan inni ittiin argu isaaf ta', harka isaa tan inni ittiin qabatu isaaf ta'a, miila isaa tan inni ittiin deemu isaaf ta'a, yoo na gaafate ni kennaaf, yoo tika narraa barbaade isa tiksa, waan dalaguu barbaadu keessatti duubatti deebi'ee hin beeku lubbuu nama Mu'uminaa ajjeesuu caalaa, inni du'a ni jibba, ani isa mufachiisuu hin jaaladhu". Bukaaritu gabaase.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Abuu Hureeyraa Abdurrahmaan Ilma Sakrii, Odeessaa Islaamaa, Nabiyyitti (SAW) maxxanee, Hadiisa kuma shanii ol isaan irraa odeesse. Umar (RA) Bahreeyni irratti hoogganaa isa taasise, ergasii angoo san irraa kaase. Ergasii bara Bulchiinsaa Banii Umayyaa keessa Madiinaa irratti angeeffame. Hijraa irraa Bara 59ffaa keessa du'e.

Hiika jecha tokko tokkoo:

Nama jaalallee kiyyaan diinome jechuun: kan aduwwii (Diina) isa taasifate jechuudha.
Lola itti labse jechuun: isa akka balleessuu fi akka adabu beeksise jechuudha.
Waan ani dirqama irratti taasise caalaa jechuun: waajiba dhuunfaan namni hunduu dalaguu qabuu fi kan garee irratti waajiba ta'u jechuudha, wanti dirqama ta'e hunduu waan namni fedhaan (dabalataan) hojjatu caalaa Rabbiin biratti jaalatamaadha.
Gabrichi kiyya sunnaadhaan natti dhiyaatuu irraa hin deemu hanga isa jaaladhutti jechuun: sunnaadhaan natti dhiyaachuu itti fufa, hanga jaalala kiyya argatutti jechuudha.

Gurra isaa ta'aaf jechuun bifa lamaan ibsame:

1. Namni tokko yoo jaalallee Rabbii ta'e Rabbiin gurra isaa tiksaaf, gurri isaa waan Rabbiin jaalatu hordofa jechuudha. Ijjis, harkis, miillis akkanummatti ibsamuu danda'a.

2. Rabbiin Dhageettii isaa, Ija isaa, harka isaa fi miila isaa keessattis gara dhugaatti isa qajeelcha jechuudha. Kanatu caalatti haqatti dhiyaata.

Yoo tika narra barbaade jechuun: waan sodaatu irraa yoo natti dheesse jechuudha.
Duubatti hin jenne jechuun: Sheek Ibnu Useeymiin akkana jedhan: "Rabbiin yaada isaa keessa ni deebi'a jechuu akka walii galaatti amala isaa godhanii ibsuun hin ta'u, waan Rabbiin dhimmi fedhii isaa ykn murtii isaa keessatti duubatti jechuu qabxii kana keessatti qofa dubbateef: waan dalaguu fedhu keessatti duubatti jedhee hin beeku jechuun. Inni kun hojiin kun faayidaa qabaatuu keessatti shakkeetii miti, hojii kana dalaguu hin danda'u jechuufis miti, Gabricha isaa kan Mu'uminaatiif Rahmata yaadeeti malee".

Isa hammeessuu jechuun: waan inni jibbu itti hojjachuudhaan isa hammeessuu jechuudha.

Hiika walii Galaa kan Hadiisaa:

Hadiisa kana keessatti nama jaalalleewwan Rabbiititti diinomeef dhaadannoo jabatu jira. Irra jaalatamaan dalagaa Rabbiin biratti waan inni dirqama godheedha. Nama sunnaa dalaguudhaan gama Rabbii dhiyaate Rabbiin isa jaalata, ni tumsaaf, isa tiksa, kadhaa isaa awwaata, sadarkaa Ilmaanaa irraa gara Ihsaanaa ol isa fuudha. Waan Rabbiin jibbu hin dubbatu, qaamni isaa waan shari'aa faallessu keessatti hin sochootu.

Faayidaalee Hadiisaa:

- Jaalalleewwan Rabbi jiraatuu mirkaneessuu, isa kana falmuun (mormuun) hin ta'u, Waan Qur'aanaa fi hadiisa keessa jiruuf. Kan barbaachisu eenyuudha namni jaalallee Rabbii jedhamu waan jedhu addaan baasuudha.

- Jaalala Rabbiin Jecha isaa itti aanu Kanaan ibsee jira:

﴿ ألا إن أولياء الله لا خوف عليهم ولا هم يحزنون الذين آمنوا وكانوا يتقون ﴾ (يونس: 62-63)

(Jaalleewwan Rabbii sodaan isaan irra hin jiru, hin gaddanis, isaan warra Rabbitti amanan kan isa sodaataniidha) Yuunus: 62-63

Sheekul Islaam Ibnu Teeymiyyaan (Rabbiin Rahmata haa godhuuf akkana jedhan: "Namni Rabbitti amanee isa sodaatu hunduu Jaalallee Rabbiiti".

Namni Rabbiin jaalatu ulaagaan isaa bishaan irra deemuu, samii keessa bararuu miti. Jaalalleen Rabbii nama shari'aa isaa fudhatee, ajaja Rabbiitiin bulu, kan karaa Nabiyyii isaa hordofuudha. Isaan kanaadha jaalallee Rabbii.

Nama Waliyyii Rabbiiti jedhamuun dalagaan isaa Qur'aanaa fi Hadiisa irratti fidamtee madaalamuu qabdi, yoo jara lamaanitti qajeele fudhatama qabaata, ykn irratti deebifama.

1) Aantummaan Rabbii gosa lama qabdi: ta walii galaa fi ta dhuunfaati.

- Aantummaan walii galaa: kan inni uumamtoota isaa hunda wajjiin qabuudha, dhimmi isaanii oliif gadi gara galchuun, dhimmi isaaniitiin dhaabatuun. Kun nama hundaa ilaallata. Mu'uminas Kaafiras, Warra qajeelaas jallataas. San irraayi jechi Rabbii:

﴿حتى إذا جاء أحدهم الموت توفته رسلنا وهم لا يفرطون ثم ردوا إلى الله مولاهم الحق﴾(الأنعام: 61-62)

(tokkoo isaaniitti duuti yoo dhufte ergamtoonni keenna lubbuu isaanii ni fuudhu, isaan ajaja keenna raawwatuun keessatti hin gabaabbatan. Ergasii Gara Allaahuu deebifaman, mooyaa isaanii kan dhugaa) Al-An'aam: 61-62

- Ta dhuunfaa: Aantummaa (jaalala) Rabbiin warra isa sodaataniif qabuudha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ الله ولي الذين آمنوا يخرجهم من الظلمات إلى النور﴾(البقرة: 257)

(Rabbiin jaalallee warra Rabbitti amananiiti, dukkana keessaa gara ifnanaatti isaan baasa) Albaqaraa: 257

﴿ألا إن أولياء الله لا خوف عليهم ولا يهم يحزنون الذين آمنوا وكانوا يتقون﴾(يونس: 62-63)

(Jaalleewwan Rabbii sodaan isaan irra hin jiru, hin gaddanis, isaan warra Rabbitti amanan kan isa sodaataniidha) Yuunus: 62-63

- Namni tokko jaalallee Rabbiiti yoo jedhame jidduu Rabbii fi gabrichaa jiraatee Du'aa'ii isaa kadhatuu fi haajaa isaa fixuudhaa?

Deebiin: Lakki, Rabbiin ol aane jidduu isaatii fi jidduu gabroota isaatti qaama biraa galchuu hin barbaadu. Warri wallaaltotaa sobamtoonni akkana jedhu: jarri kunniin jaalalleewwan Rabbiiti, isaan jidduu keennaa fi Allaahuu jiraatu jedhanii yaadu. Kanaaf jara Kanaan gara Rabbiitti gahuudhaaf, akkasuma Rabbii gaditti isaan gabbaruuf fa'a yeroo isaan geessutu jira.

2) Sadarkaan jaalalleewwan Rabbii qaban guddaa ta'uu isaati. Jaalalleewwan Rabbiitiin diinomuun yakkoota guddaa keessatti lakaa'ama; waan nama isaanii diinome Rabbiin waraana itti labsee jiruuf, kun addabbii addaa kan dalagaa addaa irratti kaa'ameedha.
Kanaafuu hojiin kun yakkoota gurguddaa keessatti ramadama.

3) Rabbiin akka lolu mirkaneessuttu keessa jira.
Waan Rabbiin "Lola isa beeksise" jedheef. Waan kana Rabbiin dhala keessattis dubbatee jira. Akkana jedhe:

﴿فإن لم تفعلوا فأذنوا بحرب من الله ورسوله﴾ (البقرة: 279)

(Yoo Dhala hin dhiisin lola Rabbii fi ergamaa isaa irraa ta'e beekaa) Albaqaraa: 279

4) Jaalala Rabbii Raggaasisutu keessa jira, Rabbiin waan akkana jedheef: "Gabrichi kiyya waan waajiba caalaa an jaaladhuun natti hin dhiyaatu".

5) Hojiiwwan gaggaariin gara Rabbii nama dhiyeessiti. Namni ofii isaatiiyyuu waan kana ni hubata. Yoo karaa irra guutuu ta'een Rabbii isaa gabbaree, Ibaadaa isaaf qulqulleessee, Karaa Nabiyyii hordofe, Ibaadaa bira onneen isaa jiraatte akka gara Rabbiitti dhiyaate ni beeka.
Isa kana ammoo warra Rabbiin haqatti gajeelche malee namni biraa hin argatu, kana malee warri salaatu, kan sadaqatu, kan soomu hedduudha.

Garuu hedduun isaanii gara Rabbii dhiyaatuun itti hin dhagayamu. Gabrichi Rabbitti dhiyaadhee jira miira jedhu qabaatuun mataan isaa adeemsaa fi sirna ibaadaa isaa keessatti dhiibbaa qaba.

6) Ibaadaan gosa isiitiin wal caalti, bifa isiitiinis akkasuma. Gara gosa isiitiin: Waajibni (dirqamni) sunnaa irra Rabbiin biratti jaalatamaadha, Gama bifa isiitiin ammoo: Salaatatu hojiiwwan biraa kan Waajibaa irra caalaa Rabbiin biratti jaalatamtuudha.

Kanaafuu Abdallaah Ilma Mas'uud Ergamaa Rabbii (SAW) akkana jechuun gaafate: Dalagaa keessaa kamtu Rabbiin biratti irra jaalatamaadha? Nabiyyiinis: "Salaata Yeroo isii irratti salaatuudha" jedhan.
Dalagaan gosa isiitiin wal caalti, bifa isiitiinis garaa garummaa qabaatti.
San qofa osoo hin taane namoota isii dalagan irratti hundaa'uunis wal caalti, namni lamaa salaatuma takkattii salaatanii, sadarkaan isaanii garuu wal caala, addaan fageenyi isaan lamaanii akka bahaa fi dhihaa ta'a.

7) Sunnaa Baay'isuu irratti kakaasutu jira. Waan Rabbiin Hadiisa Qulqulluu keessatti akkana jedheef:
"Gabrichi kiyyaa sunnaan natti dhiyaatuu irraa hin deemu hanga isa jaaladhutti".

8) Sunnaa heddumeessuun sababa jaalala Rabbii Argatuuti. Jechi "Hanga" jedhu daangaa ibsa waan ta'eef. Yoo sunnaa baay'ista ta'e jaalala Rabbiitiin gammadi.

9) Galanni kunii fi mindaan dalagaa irratti argamu kun kan argamu hojiiwwan shari'atti qajeelte irratti, salaatni hundu kan hamtuu fi yakka irraa nama dhoorgituu miti, sunnaan hundi kan gara Rabbii nama dhiyeessituu miti, hojii tolchuu fi ibaadaa ofii guutuu godhuun barbaachisaadha, akka mindaa guddaa hojii kana dalaguun duniyaa fi Aakiratti ni argama jedhame san argatuuf.

10) Rabbiin gabricha yoo jaalate dhageettii isaa, ija isaa, harka isaa fi gurraa isaa keessatti karaa sirriitti isa qajeelcha. Qaamolee miiraa isaa hunda keessattuu Rabbiin isa tiksa jechuudha. Waan Rabbiin jaalatu malee hin dhageeffatu, yoo dhageeffate ittiin fayyadama, akkasuma ija isaatiin waan Rabbi hin jaalanne hin laalu, yoo laale ni fayyadama, akkasuma harki isaa waan Rabbiin jaalatu malee hin qabattu, yoo waan Rabbiin jaalatu harkaan qabe ni fayyadama, akkasuma Miillis.

11) Rabbiin gabricha tokko yoo jaalate kadhaa isaa ni awwaata, waan inni gaafate ni kennaaf, waan inni sodaatu irraa isa tiksa, wanti inni barbaadu ni argamaaf, wanti inni dheessu isa irraa deema.
Wanti inni barbaadu isaaf argama. "yoo inni na kadhate ni kennaaf" waan Rabbiin jedheef, wanti inni sodaatu Irraa deema. "Yoo inni tika narra barbaade isa tiksa" waan jedheef. Yoo namichi kun yakka hin kadhatiniin, ykn kuttee firaa hin barbaadiniin, ykn nama miidhuu waan inni hin barbaadiniin, yoo san isaaf hin awwaatamu, yoo nama sunnaa baay'isus ta'e jechuudha. Rabbiin waan akkasii awwaatuu irraa ol ta'aadha, Ragaaleen Shari'aa gariin isii garii gabaabsaa, ibsaa deemti waan ta'eef.

Gaafilee:

01 Maaliif Rabbiin warra jaalalleewwan isaatiin lolee fi dhala nyaate qofa lola isaatiin adda baasee dubbate?

02 Akkaataa seerota maqaalee fi Amaloota Rabbiititti: mee Jecha Rabbii kana ibsi: "Gurra isaa kan inni dhagahuun ta'aaf, ija isaa kan inni arguun ta'aaf, harka isaa kan inni qabatuun ta'aaf, miila isaa kan inni deemuun ta'aaf".

03 Hadiisaan Ragaa godhadhuutii waan itti aanu kanaaf deebii laati. Namicha halkan guutuu sunnaa salaatee, ergasii salaata Fajrii irraa rafu. Murtiin gocha kanaa maaliidha?

04 Qabxii kana qoradhu: Rabbiin lubbuu gabricha isaa kan hojii gaarii fuudhuu irraa duubatti jechuu.





23

عن أنس بن مالك رضي الله عنه قال: جاء ثلاثة رهط إلى بيوت أزواج النبي صلى الله عليه وسلم، يسألون عن عبادة النبي صلى الله عليه وسلم، فلما أخبروا كأنهم تقالوها/ فقالوا: وأين نحن من النبي صلى الله عليه وسلم؟! قد غفر له ما تقدم من ذنبه وما تأخر، قال أحدهم: أما أنا، فإني أصلي الليل أبداً، وقال آخر: أنا أصوم الدهر ولا أفطر، وقال آخر: أنا أعتزل النساء فلا أتزوج أبداً، فجاء رسول الله صلى الله عليه وسلم إليهم، فقال: "أنتم الذين قلتم كذا وكذا، أما والله إني لأخشاكم لله وأتقاكم له، لكنني أصوم وأفطر، وأصلي وأرقد، وأتزوج النساء، فمن رغب عن سنتي فليس مني" متفق عليه.

Anas Ilma Maalik irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: namoonni sadi gara mana dubartoota Nabiyyii (SAW) dhufanii, waan Ibaadaa isaanii irraa gaafatan, isaaniif himamee jennaan, akka waan ibaadaa san xiqqotti laalaniiti, akkana jedhan: nuti maal Nabiyyiiti (SAW)? Isa balleessaan isaa kan dabree fi kan fuulduratti dhufus araaramameefii jira. Tokkoon isaanii: ani ni halkan salaataaf dhaabadha, gonkumaa hin rafu jedhe, kan lammafafa ammoo ani waggaa guutuu sooma, gonkumaa hin furu jedhe, kana sadaffaa ammoo ani dubartii irraa fagaadha, gonkumaa hin fuudhu jedhe. Ergamaan Rabbii (SAW) jara san bira deemee, isinii warri akkana akkana jedhe jedhaniin, jarris eeyyee jedhan. Ani isin keesaa nama caalatti rabbiin sodaatu, daangaa isaa eeggatuudha. Garuu ni sooma, ni fura, ni salaata, ni rafa, dubartiillee ni fuudha. Namni karaa kiyya jibbe nama kiyyaa miti". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Ibsa walii galaa Hadiisa kanaa:

Anas Ilma Maalik Ilma Nadrii kan warra Ansaaraa, tajaajilaa ergamaa Rabbii (SAW) ture hanga isaan du'anitti. Ergasii gara Damaasqoo imale. Booda gara Basraatti fe'atee achitti du'e. Anas xumura nama Sahaabaa keessaa Basratti du'eeti. Hijraa irraa waggaa 93ffaatti du'e.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Xiqqotti lakkaayan jechuun: Ibaadaan Nabiyyii muraasa jechutti hubatan jechuudha.

Yakka isaa jechuun: balleessaawwan Nabiyyii (SAW) jechuudha. Irra caalaan Ulamaa'otaa nabiyyoota irraallee yakkoonni xixiqqoon ni argamti jechuu amanu. Garuu Rabbiin yakka sanniin irratti isaan hin tursiisu. Toowbaan isaanitis hi turtu. Akkuma Sheek Al-Islaam Ibnu Teymiyyaan waan kana mirkaneessan.

Gonkumaa jechuun: osoo addaan hin kutin jechuudha.
Waggaa guutuu jechuun: sooma guyyaa hundaa osoo addaan hin kutin walitti sufee sooma jechuudha.
Karaa kiyya jibbe jechuun: kan karaa kiyya irraa dabe ykn irraa gara gale jechuudha.

Narraayii miti jechuun: Muslimaa miti jechuudha. Yoo dabiinsi isaa sun karaa nabiyyii jibbaaf ykn isitti amanuu diddaaf ta'e. Yoo saniif hin taane ammoo, inni karaa kiyya salphaa fi gaarii san faallessee jira. Kan rakkoo fi ofitti jajjabeessuun keessa hin jirre san.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisa kana keessatti Nabiyyiin (SAW) namni Muslimaa akka Ibaadaa keessattis jiddu jireessa ta'uu qabu himan. Jidduu daangaa dabriinsaa fi gabaabinaatti jiraachuu qaba. Isa kanatu nama Muslimaa irraa barbaadama haala isaa hunda keessattuu.
Rabbiin akkana jedhe:

﴿والذين إذا أنفقوا لم يسرفوا ولم يقتروا وكان بين ذلك قواما﴾
(الفرقان: 67)

(Gabroonni Rabbii warra yeroo kennatan daangaa hin dabrine, gabaabbataniillee kan hin doqnoomne, kan jidduu kana jiraatan) Alfurqaan: 67

Akkanuma ibaadaan hunduu jiddu jirummaa barbaaddi, Ibaadaa keessatti jiddutti jiraachuun karaa Nabiyyiiti (SAW). Hadiisa keessatti: "Irra jaalatamaan dalagaa Rabbiin biratti waan gabrichi irra tureedha osoo xiqqaas taatee". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Nabiyyiin (SAW) garee sadan kana irratti Shari'aa irraa dalagaa dubbatan tanniiniin bayuu isaa morman, caalaa karaa karaa isaanii ta'uu ibsaniif, nabiyyitu caalatti Rabbii isaa beeka, waan Rabbiin ibaadaa tanniin karaa godheefis beeka, namni karaa isaa irraa maqe nama isaatii miti.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Namni Ibaadaa keessatti jiddutti jiraachuu qaba, waan hunda keessattu jiddu galeessa ta'uu barbaachisa, namni yoo duubatti gabaabbate waan gaarii heddutu jalaa dabra, yoo ofitti jabeesse ammoo hifatee, dadhabee dalagaa irraa duubatti jechuu danda'a.

02 Nama waan halaalaatti fayyadamuu irraa dhoorge irratti deebisutu jira. Waan akka nyaata gaarii, uffata laafaa, kanniin dhiisee kan nyaata jajjabaataa, uffata goggogaa, suufaa fi waan biraa kan filate. Rabbiin akkana jedhe:

﴿قل من حرم زينة الله التي أخرج لعباده والطيبات من الرزق﴾(الأعراف: 32)

(Jedhiin Yaa Muhammad: eenyutu dhoorgaa taasise waan bareeddaa Rabbiin gabroota isaatiif kennee fi hireewwan gaggaarii) Al-A'araaf: 32

Caalaa jiddu galeessa ta'uudha. Waan gaggaarii qofa filatuu keessatti daangaa dabruu dhabanii; isiinis gara baxraanu fi bashannana daangaa dabraatti nama geessiti waan ta'eef. Namni wantoota gaggaarii sanniin fayyadamuu naam dhoorgus yeroo garii gara jajjabinnaatti nama waamuu mala. Sunis akka sunnaa irraa bayan nama taasisuu danda'a.

03 Dhimmoota Diinii fi ibaadaa keessatti karaa nabiyyii irraa (SAW) hirdhatuun arrabsamaadha, akkasuma waan isaan dalagan irratti dabaluunis arrabsamaadha.

Jarri kunniin dhimmoota Ibaadaa keessatti waan Nabiyyiin (SAW) dalagu irratti dabaluuf yaadanii jennaan, nabiyyiin (SAW) yaada isaanii san irraa isaan dhoorge. Namni Ibaadaa baratamtuu irratti waan tokko dabaluuf yaade yoo dhoorgamu, warri waan gonkumaa kitaaba Rabbii fi Hadiisa nabiyyii (SWA) keessa guutumatti hin jirre uuman hoo akkam?

Akka wirdiiwwan, salaatotaa fi ayyaanota karaa Nabiyyii (SAW) hin taane uumuu. Nabiyyiin (SAW): "Namni diinii keenna kana keessatti waan isa irraa hin taane dabale isa irratti deebifamaadha" Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Kana irraa Faayidaan biraatis ni fudhatama. Innis: hojiin kan laalamu baay'inaa fi keessatti jajjabaatuun osoo hin taane, dhimmi Sunnaa Nabiyyii (SAW) osoo keessatti hin gabaabbatinii fi daangaa hin dabrin hordofuu keessattiidha, ykn osoo itti hin dabalin, irraa hin hirdhisin hojitti hiikuudha. Sunnaan Nabiyyii hundeen isii wal madaaliinsaa fi jiddu jirummaadha, isii qabatuu dhabuun gara Jallinnaa fi waan haaraa uumuutti nama geessa.

Faayidaalee Hadiisaa:

Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan: "warra isiniin duraa kan balleesse Diinii keessatti daangaa dabruu isaaniiti". Ahmaditu gabaase. Albaaniin sahiiha jedheen.
Abdallaa Ilma Mas'uud irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe:
Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "warri of dirqan badan yeroo sadi akkas jedhan. Muslimtu gabaase. Nawawiin akkana jedhe: isaan warra dubbii jajjabeessan bakka jabeessaa hin barbaachifnetti".

Sunnaa qabatuu:

Sunnaa Nabiyyii isitu doonii nagaa nama baaftuudha, isitu dirree nagaati. Zuhriyyiin akkana jedhe: "Beektota keenna keessaa warri dabran akkana jedhu: Sunnaa Nabiyyii qabatuun karaa nagaati". Maalikis akkana jedhe: "Sunnaan doonii Nuuhiiti< namni isii yaabbate nagaa baha, namni isii irraa duubatti jedhe ni balleeffama".

Gaafilee:

01 Jiddu galummaa fi qixxetti jiraachuu. Inni kun amantii ofii laaffisuu fi yaada addaa fi lallaafaa fudhatuu jechuudhaa? Waan kana keessatti barreessi.

02 Himni "Nama kiyyaa miti" jedhu, Ulamaa'onni irraa dubbatanii jiru. Isa keessatti qorannoo gabaabaa tokko barreessi.

03 Diinii keessatti jajjabaatuu jechuun maal jechuudha? Namni yoo maal dalage amala Kanaan himama?



الحديث الرابع والعشرون
Hadiisa Digdamii Afraffaa

24

عن جابر رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "مثلي ومثلكم كمثل رجل أوقد ناراً، فجعل الجنادب والفراش يقعن فيها، وهو يذبهن عنه، وأنا آخذ بحجزكم عن النار، وأنتم تفلتون من يدي" (أخرجه مسلم)

Jaabiriin irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Fakkeenyi kiyyaa fi keessan akka namicha ibidda qabsiiseeti, kan awaannisaa fi billaachi ibidda kana keessa bu'uuf deeman, inni ammoo iraa isaan dhoorga, anis muldhii keessan qabee ibidda irraa isin dhoorga, isin ammoo na harkaa baafattanii gara isaa deemtu!" Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Jaabir Ilma Abdallaa Ilma Amrii Ilma Hizaam, Nabiyyii wajjiin (SAW) duula kudha sagal duule, inni tokkoo warra Hadiisa hedduu nabiyyii (SAW) irraa odeessaniiti, jireenya isaa irraa gara xumuraatti Masjida Nabiyyii keessatti halqaa Ilmii namni irraa itti fudhatu taasifatee ture, Ijji isaa osoo inni hin du'in dura Madiinatti dhaabattee (jaamtee) turte.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Muldhii keessan jechuun: muldhiin bakka surree fi marxoo itti hidhatan. Kana jechuun Nabiyyiin (SAW) ummata isaanii yakka irraa dhoorguu keessatti futuna guddaa qaban, kan dalagaa sunniin gara ibidda seenuutti isaan geessitu.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisa kana Nabiyyiin (SAW) fakkeenya Kanaan haala isaanii fi kan ummata isaanii ibsuu barbaadan. Nabiyyiin (SAW) akka namicha badhee keessatti ibidda qabsiisee, awaannisaa fi billaachi ibidda

san keessa bu'uuf dhufan, waan aadaan billaachaa fi awaannisaa, raammolee xixiqqoo yoo namni ibidda badhetti qabsiise, gara ifa kanaa dhufan. Gurbaan ibidda qabsiise kun akka isaan keessa hin buune dhoorga. Isaan ammoo didanii keessa bu'u.
Akkasuma Nabiyyiinis (SAW) ummata isaanii wajjiin, inni ummata si'aa akka isaan fedhii lubbuu keessa bu'anii, yakkootaa fi wantoota haraamaa hojjatanii hin jenne ittisu. Isaan garuu harka isaaniitii baafatnii, wantoota sanniin keessa bu'an.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Nabiyyiin (SAW) ummata isaaniitiif fakeenya godhan, akka rakkoo dhufuu malu irratti isaan dammaqaniif, isaan wontoota Rabbiin haraama taasise keessa bu'anii akka hin miidhamneef, fakkeenya sanii ammoo waan isaan qabatamaan argaa jiraniin isaaniif ibse. Wantoota duniyaa keessa jiru irraa.
Akka hubannoo isaaniitii as dhiyaatuuf, gorsa keessatti bakka ga'aa akka ta'uuf. Nabiyyiin (SAW) fakeenya hojii fedhii lubbuu kan gara Ibiddaa nama geessuu, billaacha ibidda keessa bu'uun walitti fakkeessan. Billaachi amala isaa irraa ifnana hordofee keessa bu'a, akkasuma namni fedhii lubbuu isaa hordofus wanti sun gara ibiddaa isa geessa, wallaala nama fedhii lubbuu isaa hordofuu wallaala billaachaatti fakkeesse, isiin weeyta ifa san laaltee dhuftu akka ibiddi isii gubu hin beektu hanga keessa buututti waan ta'eef.

02 Futuna Nabiyyiin (SAW) ummata isaanii irratti qaban ibsuu, isaan ummata ofii waan amantii isaanii fi diinagadee isaanii keessattis isaan miidhu irraa dhoorguu keessatti akka duubatti hin jenne ibsutu keessa jira.

03 Hadiisa kana keessatti namni akka nama isa sodaachisu kan isa gammachiisu caalaa barbaadu argisiisa. Kanaafuu Rabbiin damee kana adda baasee dubbate.

﴿ تبارك الذي نزل الفرقان على عبده ليكون للعالمين نذيراً ﴾ (الفرقان: 1)

(Guddate Rabbiin Kitaaba Furqaaniin (kan dhugaa fi dhara addaan baasu) gabricha isaa irratti buuse, akka inni aalamoota dinniinuuf (sodaachisuuf) Alfurqaan: 1

Uumamni namaa gara qooda duniyaa caalaa dabdi qooda boodee (Aakiraa) irra. Rabbiin akkana jedhe:

﴿كلا بل تحبون العاجلة وتذرون الآخرة﴾ (القيامة: 20-21)
(Dhoorgamaa, isin duniyaa ariifattuu tana jaalattan, aakiraa ammoo ni dhiiftan) Alqiyaamaa: 20-21

Kanaafuu jalqaba isii buqqisuudhaan akka inni waan gara Rabbii sia dhiyeessu barbaadatu taasisan, kanaafuu akkana jedhame: qulqulleessuun faayessuu dura.

04 Hadiisa kana keessa gara laafina Nabiyyiin (SAW) ummata isanaiitiif qabanii fi rahmata isaanii argisiisutu jira, nagaa ba'uu isaanii irrattis ni Futunan. Rabbiin akkana jedhe:

﴿لقد جاءكم رسول من أنفسكم عزيز عليه ما عنتم حريص عليكم بالمؤمنين رؤوف رحيم﴾ (التوبة: 128)
(dhugaadhaan isinitti dhufee jira ergamaan isin irraa ta'e, kan wanti isinitti ulfaatu (isin rakkisu) isatti jabaatu, kan isiniif futunu, Mu'umintootatti gara laafaa fi mararfataa kan ta'e) Attoowbaa: 128

Gaafilee:

01 Qorannoo tokko barreessi, isa keessatti gara laafina Nabiyyiin (SAW) ummata isaaniitiif qaban ibsi.

02 Dhimmoota dirqama ta'an keessatti nabiyyii hordofuu irraa dubbadhu.

03 Rabbiin ergamaa isaa gammachiisaa fi sodaachisaa haala ta'een erge. Hiika kana waan ibsu barreessi.



الحديث الخامس والعشرون
Hadiisa Digdamii Shanaffaa

25

عن انس بن مالك رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "يأتي على الناس زمان الصابر فيهم على دينه كالقابض على الجمر" رواه الترمذي (وصححه الألباني)
وقال صلى الله عليه وسلم: "إن من ورائكم أيام الصبر، المتمسك فيهن يومئذ بمثل ما أنتم عليه له كأجر خمسين منكم"، قالوا: يا نبي الله، أو منهم؟ قال: "بل منكم". أخرجه الطبراني، وصححه الألباني.

Anas Ilma Maalik irraa odeeffamee (RA) akkaan jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Nama irra ni dhufa yeroon isaan keessaa namni amantii isaa irratti obse akka nama barbadaa ibiddaa qabatee ta'u" Tirmizitu gabaase. Albaaniin Sahiiha jedheen.
Nabiyyiin (SAW) akkanas jedhan: "Fuuldura keessan guyyoota obsaattu jira, guyyoota sanniin keessatti namni diinii akka isin hardha irra jirtanii akan obese qabate mindaa nama shantamaa akka isinii argata. Sahaabonni: shantamaa akka isaanii moo Yaa Nabiyyi Rabbii jedhan. Nabiyyiins: lakki shantama akka isinii jedhaniin" Xabraanitu gabaase. Albaaniin Sahiiha jedheen.

Hiika jecha tokko tokkoo:

Nama irra yeroon ni dhufa jechuun: gadaa isa keessa obsi jabaatu jechuudha.
Ju'eeybiriyyiin akkana jedhe: gadaan sun gadaa obsaati jechuun; waan yeroo san wanti yakkaa sirrii fakkaatee, wanti sirrii yakka fakkaatee, niyyaan namaa baddee, ganuun muldhattee, namni haqa qabu miidhamee, namni dhara dalag keessa kabajamuuf".

Akka naam barbadaa cum'eeti jechuun: obsi nama bara san diinii ofii qabatee irra jiraatuu, akka nama obsa jabeenna irraa ibidda gubduu jabeessee qabateeti, qormaanni ni hammaata jechuudha. Mindaa nama shantama akka isinii jechuun: Sheekul Islaam bakka kanatti akkana jedhan:

warruma booda dhufan kan hojii gaarii dalageef mindaan akka nama shantama sahaabotaa kan bara san keessa turanii ni argamaaf, bara sahaabotaa keessa nama hojii gaarii irratti isaan qarqaarutu jira, warri boodaa kun nama deeggarsa isaaniif godhu hin argatan

Haafiz ilma Hajar akkana jedhe:

Hadiisni isaan keessaa namni hojii gaarii hojjatee mindaa akka nama shantama isin irraa ta'ee argata jedhu: namoonni biraa sahaabaa ni caala jechuu hin qajeelchu, mindaan dabaluun qofti caalmaa hin argisiisu waan ta'eef, mindaan kan wal caalu waan isa fakkaatu wajjiin wal bira qabamuudhaan malee, waan warri nabiyyii (SAW) isaan dhaqqabee waliin jiraate kan sadarkaa isaanii ol dabale yoo laalle wanti Nabiyyii wajjiin jiraachuu caalu kamuu hin argamu

Ibsa walii galaa hadiisa kanaa:

Hadiisa kana keessatti Nabiyyiin (SAW) ulfaatina qormaataa kan zamana xumuraa ibsuu barbaadan. Namni barbadaa harkaa qabu obsuu hin danda'u harki isaa gubataa waan jiruuf. Akkasuma namni diinii isaa yeroo san sirnaan qabates diinii isaa irratti gadi dhaabatuu hin danda'u waan warri yakka dalaganii fi diliiwwan isa mooyattuuf jechuudha. Qormaanni baldhatee, iimaanni laafee, namni diinii isaa eegatuun yoo obsa guddaan taate malee sadarkaa hin danda'amne irra gaya jechuudha.
Shaaxibiin waan kana gadaa isaa keessa itti akeekee, akkana jedhe:

Inni kun gadaa obsaatii eennutu siif of qaba, bara akka nama barbadaa cum'ee ta'an keessa, kana wajjiin qormaata jalaa kan baatu.

Ibnu Rajab Alhanbaliyyiin akkana jedhe:
"Kanaafuu Hadiisota hedduu keessatti namni amantii isaa sirnaan qabate faarfamee, akka nama barbadaa ibiddaa qabateetitti ibsame, isaan kessaa warri dalagan mindaa akka nama shantama isaaniin duraa argatanis jedhame, isaan nama hojii gaarii kana iratti isaan qarqaaru waan hin arganneef".

Ibsa walii galaa hadiisa kanaa:

Hadiisa kana keessatti akka namni haala kana irratti qalbii isaa gadi dhaabu taasisutu jira, rakkoon akkasii ammoo waan hafuu miti jechuu ibsa, namni gufuuwwan tana keessa bu'e, isii keessatti ammoo diinii fi amantii isaa irratti kan obse, inni Rabbiin biratti sadarkaalee hedduu akka qabuu fi Rabbiin isaa waan ofii jaalatu irratti akka isa qarqaaru hubachiisa, qarqaarsi kan namaaf dhufu hanguma qormaanni jabaatuun.

Hadiisa kana keessatti dhimmi sammuun hubatamu waan miiraan laalamee argamutti fakkeessutu jira. Kana jechuun namni murtiilee Qur'aanaa fi Hadiisaa irratti obse rakkoo ulfaataa warri bid'aa fi jallinnaa isa irraan gahan keessatti, akkuma nama ibidda harka isaa lamaaniin qabatee ibiddi sun isa gubuuti, kan nama diinii isaa irratti obese kun irra hamaa ta'uu danda'aayyu. Inni kun Raajii Nabiyyii (SAW) irraayi, waan uf dura ta'uu deemu himan, amma ta'ee argamee jira".

Ibnul Qayyim (Rabbiin rahmata haa godhuufii) akkana jedhan waan amala warroota Nabiyyiin isaanitti hawwee kan xumura zamanaa dhufanii keessatti:

- Diinii Rabbii weeyta namni dhiisee irraa gara gale qabatu.
- Waan namoonni guyyaa keessa fidan kan bid'aa dhiisu.
- Toowhiida Rabbii qulqulleessu, osoo namni baay'eenis dhiisee.
- Rabbii fi ergamaa isaa malee nama biraatti hin irkatan, sheeka, karaa, ilaalchaa fi garee kamiin wajjiin hin loogan.

Jarri kunniin gara Rabbiitti irkifamu, isa tokkoomsu, gara Ergamaa isaatti (SAW) irkifamu, waan inni dhufeen qofa hordofu.

Jarri kunniin akka nama barbadaa qabateeti, irra hedduun namaa, inumaa hundi isaaniituu isaan ajiifatu, waan isaan uumama kana keessatti adda ta'anii muldhataniif namni hunduu akka garee addaa fi waan haaraa fiddeetti isaan laala, ummata baay'ee irraa adda bayanii haqa waan qabataniif.

Gaafilee:

01 Jecha Nabiyyii (SAW) "Lakki isin irraa" jedhan irraa maal hubatta?

02 Gaheee namni yeroo rakkoo gara diinii yaamu qabu ibsi.

03 Gabaabinaan amaloota warra ummata kana keessaa zamana xumuraa itti hawwamuu dubbadhu.



الحديث السادس والعشرون
Hadiisa
Digdamii Jahaffaa

26

عن جابر رضي الله عنه أن رجلاً سأل رسول الله صلى الله عليه وسلم، فقال: أرأيت إذا صليت الصلوات المكتوبات، وصمت رمضان، وأحللت الحلال، وحرمت الحرام، ولم أزد على ذلك شيئاً، أأدخل الجنة؟ قال: نعم، قال: والله لا أزيد على ذلك شيئاً (رواه مسلم)

Jaabir Irraa odeeffamee (RA) Gurbaan tokko ergamaa Rabbiitti (SAW) dhufee akkana jechuun gaafate: "Mee naaf himi yoo salaata waajibaa salaate, Ji'a Ramadaanaa yoo some, waan halaala ta'e halaala ta'uu amanee yoo itti hojjadhe, waan haraama ta'es haraama ta'uu isaa amanee yoo irraa fagaadhe Jannata seenaa? Jedheen. Nabiyyiinis (SAW): "eeyyee" jedhaniin. Namichis akkana jedhe: Rabbiin kakadhee kana irratti waan tokkos hin dabalu jedhe. Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Naaf himi jechuun: natti odeessi jechuudha.
Salaata waajibaa jechuun: salaata shaman guyyaa fi halkan keessatti salaatamtu jechuudha.

Halaala lalaala godhe jechuun: waan halaala ta'e hojjadhee, waan haraama jedhamee irraa fagaadhe jechuudha.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisa kana keessatti nabiyyiin Rabbii (SAW) akka waajiba qofa irratti gabaabbatuun danda'amu ifa godhuufiidha. Ibaadaawwan sunnaa kaanniin guututtis dhiisuu akka danda'amu. Garuu namni jara dhiise kan homaa hin dalagin bu'aa guddaa homtuu isatti hin qixxoofne of duraa dabarsee jira.

Qurxubiin akkana jedhe: "Osoo warri biyya takkaa waan sunnaa wayii ni dhiifna jedhanii walii galanii silaa irratti lolamuu qabu hanga isaan yaada san irraa deebi'anitti".

Sahaabotaa fi warri isaan booda dhufanis sunnaa fi waan sadarkaa qabu irratti ni obsu, silaa waajibaa fi sunnaa addaan hin baasan akka mindaan jara lamaaniituu walitti qabamuuf. Wanti nabiyyiin namicha gaafii gaafatu hubannoo islaamummaa as dhiyeessuuf, akka isa itti baay'isuunis ariisaa hin taane.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Sahaabonni gaafii irratti futunuu isaanii,galmi isaanii xumuraa jannata seenuudha, malee qabeenya baay'ifatuu fi bashannanaafiis miti.

2. Namni yoo salaata waajiba qofa irratti gabaabbate hin komatamu, jannata seenuu irraallee hin hoongeffamu. Sahaabichi weeyta Nbaiyyii gaafatu “salaata waajibaa yoo salaate” jedhe waan ta’eef.

3. Salaatotaa fi soomni sababaa jannata seensisan, Nabiyyii Irraa (SAW) Hadiisa keessatti akka dhufetti: "Namni Ramaadaan soome, haala Rabbitti amanuu fi mindaa isaa Rabbiin irratti herreegatuun, balleessaa isaa keessaa wanti dabre ni dhiifamaaf. Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

4. Namni waan halaalaa dhiisuu dhabuu. Hadiisa keessatti “halaala akka halaalaatti yoo fudhadhe” waan jedheef. Namni waan halaalaa tokko sababa Shari’aan taasifte wayiitiin maletti yoo dhiise arrabsamaadha, malee faarfamaa hin ta’u.

5. Nawawiin akkana jedhaan: “halaala halaala yoo godhadhe jechuun halaala ta’uu isaa yoo amane jechuudha, haraamas Haraama yoo godhadhe jechuun irraa yoo fagaadhe jechuudha”.
Hiika biraatiinis hiikamee jira, innis: waan haraama haraama ta’uu isaa amantee, kan halaalaatis halaala ta’uu amantee yoo jette jechuudha;

san yoo hin godhin ati seera shari'aa fudhattee hin jirtu jechuudha, yoo waan haraamaa tokko sababa inni haraama ta'eef dhiifte, Rabbiin sodaattee yoo irraa fagaatte, dhiisuun kee sun Ibaadaadha, akkanumaanuu haraama dhiisuun gaarii ta'uu wajjiin, garuu caalaan haraama ta'uu isaa amantee, sababa saniif dhiisuudha, akkasuma soda Rabbiitiif jecha.

Fakkeenyi sanii: namni tokko yoo waan nama macheessu dhuguu irraa fagaate, ykn sigaaraa dhiise, ykn foon booyyee nyaachuu yoo dhiise, haraama waan ta'eef osoo hin taane, homa lubbuun isaa ittiin hin gammanneef, waan isa hin feeneef, gaafa kana yakki isa irratti barreeffamu hin jiru.

Garuu yoo haraamummaa isaa amanee, Rabbiif jecha dhiise ammoo, waan san irratti Rabbiin biraa mindaa ni argata.

Gaafilee:

01 Nabiyyiin (SAW) Hadiisa kana keessatti waan zakaa fi Hajjii dubbachuu dhabuun isaanii maaliif/

02 Namni dhuunfaa tokko suunnaawwan dhiisuu, biyyi guutuun walii galtee sunnaa dhiisuu garaa garummaan maaliidha?

03 Hadiisa kana keessatti nabiyyiin (SAW) bu'uura guddaa fi Islaamummaa keessatti ijoo ta'e tokko himan. Isa dubbadhu, akkaataa isaatis ibsi.





27

عن أبي هريرة رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم كان يقول: الصلوات الخمس، والجمعة إلى الجمعة، ورمضان إلى رمضان، مكفرات ما بينهن إذا اجتنب الكبائر" (رواه مسلم)

Abii Hureeyraa irraa odeeffamee, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jechuu turan: "Salaanni shanan, Jum'aan hanga Jum'aatti, Ramadaanni hanga Ramadaanaatti yakka jidduu jaraa jirtu ni haqxi yoo yakka guddaa irraa namni fagaate".

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Yakka gurguddaa kan jennuun: waan yakka irraa guddaadha jedhamu ta'ee, isa keessatti Ulamaa'onni yaada adda addaa qabu. Kan caalaatti sirriitti dhiyaatu: yakka Shari'aa keessatti adabbiin ykn daangaan wayii irratti kaayamee, isa keessatti dhaadannoon ifa galaan dhufedha.

Akkasuma yakkan Nabiyyiin (SAW) nama isa hojjate abaaraniidha. Akkasuma waan duniyaa keessatti adabbii qabu kan akka sagaagalummaa, ykn dhaadannoo Aakiraa keessa jirtu kan akka dhala nyaatuu, ykn namni waan san hojjate Ilmaana hin qabu jechuun fa'a kan dubbatame, kan akka jecha ergamaa Rabbii (SAW): "tokkoon keessan hin amanne hanga waan lubbuu isaatiif jaalatu obboleessa isaatiif jaalatutti". Bukaariif Mulsimtu gabaase.
Ykn waan irraa qulqullaayuun jiru, kan akka jecha ergamaa Rabbii "namni nu sobe nurraayii miti". Muslimtu gabaase.
Kanaa fi kkf yakkoota gurguddaa waan ta'e irraa.

Karaan warra Sunnaa fi Jamaa'aa yakki gurguddaan maqaa limaanaa nama irraa hin mulqitu, warri yakka gurguddaa raawwatan hanga yakkoonni sunniin halaala jechuu yaadanii hin dalaginitti kaafira hin ta'an, namni isaan irraa osoo yakka gurguddoo san irra jiru du'e, ibidda keessa abad taa'a wanti jedhus hin jiru.

Ibsa Hadiisaa kan walii gala:

Hadiisa kana keessatti nabiyyiin (SAW) salaanni shan yakkoota nama irraa balleessiti jechuu dubbatan. Fajrii irraa kaasee hanga Zuhrii waan jiru, Zuhri hanga Asrii, Asrii hanga Magribaa, Magribaa fi Ishaa'ii, Ishaa'ii hanga Fajrii kan jirutu haqama. Namni yakka yoo dalage, salaata shanan kanniin qixa sirriitiin yoo salaate, isiin yakkoota irraa haqxi, waan isaan yakkoota gurguddoo irraa fagaataniin.

Nawawiin Sharhii Muslimii keessatti weeyta Hadiisa kana ibsu:
"namni Muslimaa kan salaanni waajibaa isatti geette, wuduu'a isii, isii keessatti gadi of qabee, rukuu'a isii tolchee kan salaate, yakkoota isaa kana achi dura dabre isa irraa buufti waan yakkoota gurguddoo hin hojjatiniin. Inni kun waggaa guutuu bifuma kanaan itti fufa" kan jedhu irratti: hiikni isa:

> "yakkoonni hunduu ni araaramamti yakka gurguddaa malee. Isiin araara hin qabdu" jechuudha jedhe.

Qaadii Iyaad akkana jedhan:
"Kan hadiisa kana keessatti dubbatame yakki ni dhiifamaan kun waan namni yakka gurguddoo hin dalaginii, inni kun karaa warra Sunnaati, yakkonnni gurguddoon kan haqamtuun toowbaadhaan, ykn rahamtaa fi tola Rabbii qofaan".

Warri beektotaa akkana jedhan: "Haqa namaa keessatti harka baafatuun dirqama osoo waan xiqqoollee taatee, yakkoota gurguddoo keessattis toowbaan dirqama".

Faayidaalee Hadiisaa:

1 Hojiileen gaggaariin yakkoota nama irraa balleessiti. Rabbiin akkana jedhe:

وأقم الصلوة طرفي النهار وزلفا من الليل إن الحسنات يذهبن السيئات (هود: 114)

(Salaata dhaabi qaccee guyyaa lamaanii fi sa'aatii halkanii keessattis, hojiin gaggaariin yakkoota ni balleessan) Huud: 114

Yakki nama irraa haqamuun dalagaa gaggaariidhaani. Kan akka:

- salaataa
- sadaqaa
- soomaa
- fira sufatuu
- dhibamaa gaafatuu
- janaazaa hordofuu
- iti fufiinsaan zikrii godhuu
- araarama Rabbiin gaafatuu
- laa'ilaaha illallaah
- alhamdulillaah
- allaahu akbar jechuu
- qur'aana qara'uu fi kkf.

2 Yakkoonni xixiqqoon dalagaalee gaggaarin haqamti, yakkoonni gurguddoon toowbaa qulqulluu barbaaddi.

Gaafii:

?

Yoo salaanni yakkoota nama irraa balleessite, Jum'aa fi Ramadaanni hoo maal balleessu?
Wuduu'iin yakkoota yoo haqxe salaanni hoo maal haqa?
Soomni Arafaa balleessaa waggaa lamaa yoo balleesse, soomni Guyyaa Aashuuraa yakka waggaa tokkoo yoo balleesse?
Aamiiniin nama salaatuu aamiinii Malaa'ikaatiin yoo walitti qajeelee yakka namaa kan dabre hunda haqe, yakka kamtu irratti hafee haqama?

Deebiin:

jarri kunniin hunduu warra yakka nama irraa haquu danda'aniidha. Yakkoota xixiqqaa irraa wanti jarri kunniin haqan yoo argame ni haqu, yoo yakka xixiqqaa hin argatin hojii gaarii ta'anii isaaf barreeffama, sadarkaa ol fuudhaaf.

3 Nabiyyiin (SAW) Muslima akka yeroo hundaa inni salaata shanan salaatuu irratti, Jum'aa eeggatuu irratti, Ramadaanaa soomuu irratti eegamu kakaasan; waan inni dhiifama yakkoota isaa argatuuf, yakki namaa ammoo akkaan baay'ataadha.

4 Namni Muslimaa seerota salaataa, Jum'aa, Soomaa beekuun barbaachisaadha, akka jara kanniin qixa sirriitiin hojitti hiikanii, sababa saniin yakkoota isaaniitiif dhiifama argatan.

5 Namni Muslimaa salaata shanan eeggatuu qaba, yeroo sii, bu'uraalee isii, ulaagaalee isii fi waan isii keessatti jaalatamus. Salaanni irra guddaa waan Rabbiin yakka namaa haquuniiti, akkuma namni salaata isaa bareechisee salaatuun, yakka haquun isiitis caalatti kajeelama. Salmaanal faarisiin akkana jedhe: "Salaata shanan eeggadhaa, isaan qaamolee kanniin ni haxooyti waan bakka ajjeeftu hin tuqiniin (yakka guddaa)".

Yakkoota gurguddaa irraa:

- **Falfala dalaguu,**
- **Rabbitti waa dabaluu,**
- **lubbuu ajjeesuu,**
- **dhala nyaatuu,**
- **qabeenya Yatiimaa (Ima abbaa hin qabnee) nyaatuu**

Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan:
“wantoota torba kan nama balleessan irraa fagaadhaa.
Isaanis: maal isaan yaa ergamaa Rabbii? Jedhanii gaafatan.
Isaanis:

> “Rabbitti waa dabaluu, falfala hojjachuu, lubbuu Rabbiin kabaje haqaan maletti ajjeesuu, dhala nyaachuu, qabeenya Yatiimaa nyaachuu, guyyaa waraanaa dheessuu, dubartii of tiksitu tan sagaagalummaa irraa dagattuu taate tan Mu’uminaa saniin darbachuu”.
>
> Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Qullaa deemuu:

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:
“gosti lama warra ibiddaati an isaan hin argine. Jarri lamaan: dubartii uffattuu qullaa deemtu, tan mataa isii dabsitu, tan daddaaqaa deemtu, mataan isii akka dalluu gaalaa kan dabu.
Jarri kun jannata hin seenan, hafuura isiillee hin argan, hafuurri jannataa deemsa waggaa hanganaa irraa dhagayama” Muslimtu gabaase.

Nyaara qoruu, naqqasaa (haxaroo) fi uumama jijjiiruu:

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:
“Rabbiin abaaree jira dubartii gubdee boqoo isiitti haxaroo godhattu, tan nyaara qortuu fi qirsiifattu, tan bareeduma barbaachaaf jecha uumama Rabbii jijjiirtu”. Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Gaafilee:

01 Nabiyyiin (SAW) Hadiisa kana keessatti: "Yoo yakka gurguddaa irraa fagaate" jedhan. Himni kun maal jechuu akka baanu ibsi. Ijjannoo warri sunnaa fi jamaa'aa nama yakka gurguddaa hojjate irraa qabanis addaan baasi.

02 Gaaddisa jecha Rabbii: "Hojiin gaariin yakkoota ni deemsifti" jettu jalatti. Qorannoo gabaabaa waan baay'ina karaalee Keeyrii fi sababoota araaramaa ibsan irratti barreessi.

03 Warri beektotaa wal dhabdee guddaa ibsa yakkoota gurguddaa irratti wal dhaban. Qorannoo gabaabaa waan san keessatti barreessi.





28

عن أبي هريرة رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم قال: "ثلاثة حق على الله عونهم: المجاهد في سبيل الله، والمكاتب الذي يريد الأداء، والناكح الذي يريد العفاف" (رواه الترمذي وحسنه)

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "nama sadiin Rabbiin isaan qarqaaruun haqa: nama karaa Rabbii kessatti qabsaa'u, gabricha gabrummaa jalaa of bituu fedhu fi nama fuudha barbaadu kan isaan haraama irraa of tiksuu yaadu" Tirmizitu gabaase, hadiisni Hasan jedhe.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Nama sadiin Rabbiin irratti haqa: isa irratti waajiba jechuudha, waan Rabbiin akka isaan qarqaaru waadaa seeneef, inni kun dirqama Rabbiin of irra kaayeedha, qulqulluu tola Rabbii fi arjummaa isaati.

Nama karaa Rabbii keessatti qabsaa'u: Rabbiin isa qarqaaruun karaa qabsoo ittiin godhu isaa laaffisuu fi waan sababa injifannoo ta'e hunda isaaf mijeessuudhaan.

Gabricha of bituu barbaadu: inni gabricha gooftaa isaatiin qooda wal duraa duubaan kafalu wayii irratti walii galan, kan gaafa isa kafalee geese bilisa ta'uudha.

Jecha kanaan wanti dhufeef, jarri sadiin kun dhimmoota nama irratti jabaattu waan taateef, osoo Rabbiin isa qarqaaruu baatee namni waan hangana ulfaatu kana kophaa isaatti dhaabatuuniin ni ulfaata, irra ulfaattuun jara sadanii ammo haraama irraa of qabuudha. Fedhii lubbuu kan keessa namaatti uumamtee jirtu irra ooluudha waan ta'eef. Namni yoo of tiksuuf yaalee, qarqaarsi Rabbii itti dabalame rakkoo guddaa kana jalaa nagaa ba'a.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Hadiisa kana keessatti dhimmoota kanniin keessatti kajeelchisutu jira, Ergamaan Rabbii (SAW) jari kunniin sadin qarqaarsa Rabbii argatuun haqa akka ta'e ibsan, isaan Rabbiin irraa, arraba Ergamaa isaanii irratti qarqaarsa akka argatan beellamameef.

Karaa rabbii keessatti qabsoo godhuun: dalluu diinii fi fiixxee isaa kan ol aanu. Qabsoon kun meeshaa waraanaatiin ta'ee, Ilmiidhaa fi ragaa dhugaa gadi dhaabuun ta'ee. Rabbiin nama karaa isaa keessatti qabsaa'u dhugatti isa qajeelcha, isa qarqaara, injifannoo isaaf kenna.
Nama of bituu barbaadu ammo: isa kana Rabbitu Qur'aana isaa keessatti itti ajaje. Akkana jedhe:

فكاتبوهم إن علمتم فيهم خيراً (النور: 33)
(isaan bitaa gabrummaa jalaa baasaa yoo keeyrii isaan keessatti beektan) Annuur: 33

Nama gaarii diinii fi duniyaa keessattis tolinna qabu yoo ta'e, gooftaan isaa dhimma kanaaf akka awwaatu ajajamee jira.
Gabrichi gatii gooftaan isaa barbaadu kafalee of baasuu barbaadus, kan bilisummaa yoo argate diinii fi duniyaa isaatis bilisa ta'ee hojjatuu barbaadu Rabbiin isa qarqaara. Amrii isaa ni laaffisaaf, bakka inni hin eegnee isaaf hira.

Fuudha ammoo: Rabbii fi ergamaan isaatis (SAW) itti ajajanii jiru. Inni karaa ergamtoota Rabbiiti. Hundi isaatuu waan keeyriiti. Isa keessa qaama ofii tiksutu jira, ija haraama irraa gadi qabatutu jira, hormaata fidutu jira, haadha warraa fi ilmaan qallabutu jira.
Gabrichi yoo maatii isaatiif baasii wayii baase, isii san yoo Rabbiin irratti herreegate mindaa itti argata. Xabariin akkana jedhe: "Beeki fuuti sababa hiyyummaan nama irraa baduuti".

Sa'adiyyiin akkana jedhe: "Jechi Rabbii kan inni "Yoo hiyyeeyyii ta'an isaan duroomsa" jedhu sun; akka waan yaanni sobaa kan yoo fuune ni hiyyoomanna jettanii amantan fuudha isin hin dhoorgine jedhuuti. Akka fuudhan kakaasutu jira, nama fuudheef ammoo akka duroomu waadaa seenuufitu jira".

Hiika jechoota tokko tokkoo:

1 Sadarkaa karaa Rabbii keessatti qabsaa'uun qabu. Inni akka gabrichi qarqaarsa Rabbii haqa godhatu taasisa. Hojiiwwan namni hojjatu keessaa ol aanaa fi irra ulfaataadha.

2 Sadarkaa namni lubbuu isaa haraama irraa eeguuf jecha fuudhu qabu. Rabbiin xaaxaa fuudhaa irratti akka isa qarqaaru waadaa isaaf seene

وأنكحوا الأيامى منكم والصالحين من عبادكم وإمائكم إن يكونوا فقراء يغنهم الله من فضله (النور: 32)

(Heerumsiisaa dubartii jaarsi irraa du'e, gabroota dhiiraa fi shamaraa gaggaariis heerumsiisaa, itti fuudhaa, yoo isaan hiyyeeyyiillee ta'an Rabbiin tola isaa irraa isaan duroomsaa) Annuur: 32

Abdallaa Ilma Abbaas irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe:
"Rabbiin fuudhaa fi heeruma keessatti isaan kajeelchisee ittis ajaje. Jecha isaa:
"Warra jaarsa hin qabne heerumsiisaa, gabroota keessan kan dhiiraa fi dubartii gaggaariis itti fuudhaa, heerumsiisaa" jechuu keessatti. Isaan beellames akkan isaan duroomsu.

Abuu Bakrissiddiiq akkana jedhe:
"Rabbiin waan inni itti isin ajaje keessatti tole jedhaafii, Waan isinii beellame kan isin duroomsa jedhe san isiniif guutaa, Rabbiin "Yoo isaan hiyyeeyyii ta'anis isaan duroomsa" waan jedheef". Abdallaa Ilma Mas'uud akkana jedhe:
"Fuudha keessa hiree barbaadadhaa.
Rabbiin "Yoo hiyyeeyyii ta'anis isaan duroomsa" waan jedheef. Ibnu Jariirtu gabaase.

Qabxii Ijoo:

Gubbaan aayaa tanaa namni hiyyeessaa hunduu yoo fuudhe akka duroomu ibsiti. Waadaan Rabbii dhugaadha, dirqama. Yoo garuu nama hiyyeessaa fuudhe kan hin duroomin argine, inni kun Rabbitu waadaa diige –Qulqullinni kan Allaahuuti jechuu miti. Namichatu kaayyoo balleesse malee. Rabbiin beellama kana kan seene nama yaada gaariidhaaf fuudheef, kanaaf namni fuudhee garuu hin duroomin of haa ajiifatuu.

3 Sadarkaa namni gabrummaa jalaa of bitu qbauudha. Rabbiin waan inni yaade irratti isa qarqaara waan jedhameef.

Gaafilee:

01 Jecha Nabiyyii (SAW): "Nama sadi Rabbiin isaan qarqaaruun haqa" jedhan keessatti, waan jara kanniins adiin walitti hidhu qayii argitaa?

02 Nama fuudha barbaadu Rabbiin akka duroomsu beellameef. Kana wajjiinuu warra fuudhan hiyyeeyyii hedduu argina. Rakkoo kana irratti akkamitti deebista?

03 Garii haqoota Rabbiin mataa isaatii of irra kaayee dubbadhu, kan asitti kaafame malee.



الحديث التاسع والعشرون
Hadiisa
Digdamii saglaffaa

29

عن أبي سعيد الخدري رضي الله عنه عن النبي صلى الله عليه وسلم، قال: "إن الدنيا حلوة خضرة، وإن الله مستخلفكم فيها، فينظر كيف تعملون، فاتقوا الدنيا واتقوا النساء، فإن أول فتنة بني إسرائيل كانت في النساء" (رواه مسلم)

Abbaa Sa'iid Alkudriyyii (RA), Nabiyyii Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Duniyaan mi'ooftuu magariisa, Rabbiin isii keessatti bakka isin buufata, waan isin dalagdan isin laala, Duniyaa eeggadhaa, dubartii eeggadhaa, Jalqabni Qormaataa Banii Israa'iil dubartii keessatti ture". Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Sa'adi ilma Maalik Ilma Sinaan Al-Ansaariyyi, Sahaabota xixiqqoo fi filatamtoota isaanii keessaayi, warra Hadiisa heddummeessee Nabiyyii Rabbii (SAW) irraa odeesse keessaa tokko, inni beekaa, tattaafataa, namaaf fatwa godhuudha, Nabiyyii wajjiin duula Kandaqii fi waan isii boodaa dhaqe.

Hiika jechoota Tokko tokkoo:

Duniyaa mi'ooftuu magariisa: inni kun lamaan amala duniyaati, duniyaan dhandhama isii keessatti mi'ooftuudha, bifa isii keessatti ammoo magariisa.

Rabbiin isii keessatti bakka isin buufata: jaarraawwan isiniin booda dabrite booda bakka bu'oota isin taasisa, ni laala, isin waan Rabbiin jaalatu hojjattan moo, Ma'asiyaa hojjattanii fedhii keessan faana baatanii!?

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisa kana keessatti Nabiyyiin (SAW) sodaa Rabbiititti ajajan. Kana ammoo haala duniyaa erga ibsanii ooda, isatti aansuun Nabiyyiin (SAW) akka Rabbiin nu keessatti bakka nu buuse himan.

Maal akka nuti hojjannu: waan inni jaalatu hojjannee, lubbuu keenna fedhii isii irraa qabnee, waan Rabbiin dirqama nurratti godhe hojjanna. Duniyaan hin sobamnuu fi akkas ta'uu dhabee dubbiin faallaa ta'aa laala.
Kanaafuu Nabiin "Duniyaa eeggadhaa" jedhan. Waan Rabbiin itti isin ajajeen dhaabadhaa, waan inni irraa isin dhoorge irraa fagaadhaa, mi'aan duniyaa fi bareedumti isii isin hin sobin jechuudha. Rabbiin akkana jedhe:

فلا تغرنكم الحياة الدنيا ولا يغرنكم بالله الغرور (لقمان: 33)

(Jireenyi duniyaa isin hin sobin, Rabbiin irraallee dagaan isin hin dagin) Luqmaan: 33

Ergasii dubartii irraa baqachiise, inni kun mala dubartiin abbaa manaa isiititti baastus ni hammata, akkasuma dhiirri hunduu dubartiidhaan qormaatamuu irraa akka of eegu akeekkachiisuus ta'a. Kanaafuu akkana jedhan: "Qormaanni jalqabaa Banii Israa'iil dubartii keessatti ture". Isaan dubartiidhaan qormaatamanii, jallatanii jallisan.

Kanaafuu diinotni keennaa fi diinonni amantii keenna hardha, dubartii, qullaa deemuu isii fi dhiiratti makamuu isii irratti xiyyeeffatan. Akka dubartiin meeshaa taphaa taatee, dubartiin bifa isiitii qaama isii kan duubaa malee waan biraatti hin dhimmamne taasisuuf.
Isa kana ifatti dubbatan. Tokkoon warra Yahuudotaa akkana jedhe: "dhugdoo fi weellistuun Ummata Muhammad (SAW) waan madfiin dhibba tokkoo hin hojjanne hojjatan".
Namni biraas akkana jedhe:
"Warra Arabootaa kan hin barreessinee fi hin dubbisne fedhii lamaan garaa fi qaama saalaatiin shaagalla, akka isaan hoolota ta'aniif, gara feene isaan oofna".

Sila namni hardha sirbaa fi weedduu jajjabeessu, kan dhugaatii fi qullaa deemuu biyya Muslimtootaa keessatti jajjabeessan akka karoora Yahuudaa bakkaan gahaa jiranii fi eenyummaa islaamaa balleessuu keessatti akka qooda fudhataa jiran beekanii, waan warri Yahuudaa mataa ofiitii milkeessuu hin danda'in isaanii milkeessa jiran!

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Duniyaan tun Aakiraa wajjiin wal bira qabanii yoo laalan waan jabaa miti, isiin karaa gara Aakiraa ittiin dabranii fi bakka Aakiraaf itti facaafatan.

2. Duniyaan sobamuu fi gara dubartii dabuu irraa baqachiisuu, isiin qormaata nama qormaatamtootaa hundaati. Duniyaa irraa baqachiisuun Hadiisa keessatti dhufe. Akkuma Jecha Nabiyyii (SAW) keessatti ka'e: "wanti an booda kiyya isin duubatti sodaadhu waan bareeduma duniyaa irraa ana booda isin irratti banamuudha". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.
Baay'inaan dubartii irraa baqachiisuunis dhufee jira. Akkuma Jecha Nabiyyii (SAW) keessatti dubbatame: "Booda kiyyatti qormaata caalatti ummata kiyya miidhu hin dhiifne dubartii caala". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

3. Nabiyyiin (SAW) ummata isaa irratti futunuu fi waan sababa badiinsa isii ta'u irraa baqachiisuu.

4. Qormaanni jabaa fi guddaan qormaata dubartiiti, qormaanni jaraa guddaadha, isii keessa bu'uun hamaadha, isaan karaa Sheeyxaanni ittiin nama adamsuu fi haada isaati. Nama nagayaa meeqa jaraan adamsee booji'ama fedhii isaa ta'e, qabamaa yakka isaa ta'ee, achi keessaa bayuun isatti jabaatee, osoo irraa eeggatuufis yaalee, bakka shakkii seenuu dhiisellee, qormaataafis osoo saaxilamuu baatee, Rabbiin qarqaarsifatee silaa qormaata kana irraa nagaa ba'e, qormaata kana jalaa baye. Kanaafuu Nabiyyiin (SAW) hadiisa kana keessatti bifa addaatiin irraa baqachiise.

Gaafilee:

01 Akkamitti akka shari'aan islaamaa qormaata duniyaatiin hin sobamne akeekkachiifte.

02 Qorannoo gabaabaa waan dubartii faranjoomsuun wal qabatuu fi akkaataa ittiin of eeggannoo godhatan irratti barreessi.

03 Hadiisa kanaa fi kan biraatti irkadhuu futuna Nabiyyiin (SAW) Ummata isaanii irratti qaban ibsi.





30

عن عبد الله بن عمر رضي الله عنهما قال: أخذ رسول الله صلى الله عليه وسلم بمنكبي، فقال: "كن في الدنيا كأنك غريب أو عابر سبيل" وكان ابن عمر رضي الله عنهما يقول: "إذا أمسيت فلا تنتظر الصباح، وإذا أصبحت فلا تنتظر المساء، وخذ من صحتك لمرضك، ومن حياتك لموتك". رواه البخاري.

Abdallaa Ilma Umar irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Rasuulli Rabbii (SAW) ceekuu kiyya qabee akkana jedhe: "Duniyaa keessatti akka nama biyya hin jirree ykn karaa dabraa iruu t'i".Abdalaa Ilma Umar akkana jedhaa ture: "Yoo dhiisifatte bariisaa hin eeggatin, yoo bariite dhiyiinsa hin eegin, fayyaa kee irraa dhibee keetiif waa si fayyadu qabadhu, jireenya kee irraa du'a keetiif qabadhu". Bukaaritu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Abdallaa Ilma Umar Ilma Kaxxaab (RA) waahila ergamaa Rabbii (SAW) duula Kandaqii fi waan achi boodaa hirmaate. Badrii fi Uhudiin hin dhaqne waan inni xiqqaa ta'eef. Waggaa jahatama namaaf fatwa godhe. Ijji isaa jireenya isaa irraa gara boodaa jaamte. Inni Sahaabota keessaa xumura nama Makkaatti du'eeti. (RA). Hijraa irraa waggaa 73ffatti du'e.

Hiika jechoota Tokko tokkoo:

Ceekuu kiyya qabe: inni bakka mataan irree fi ceekuun walitti deebituudha.
Akka nama biyya hin jirree: nama biyya isaa irraa fagoo jiru, kan biyya keessa jiru san bakka jireenyaa godhatuu hin feene, kan achitti hafuu lubbuun isaa hin yaanne.

Warri beekumsa qaban akkana jedhan Hadiisa "Akka nama biyya hin jirree" jedhu san keessatti:

> isiin tun jecha waan gorsa ta'e hunda of keessatti qabattuudha, sababni isaa namni biyya hin jirre waan nama baay'een wal hin beekneef waanyoon isaa xiqqaadha, diinummaan inni namaaf qabu, jibbaan isaa, munaafiqummaa fi falmii baay'eef hin saaxilamu. Wantoota haala yaraa ta'e hunda ka'umsi isii namaan walitti makamuudha, waan baay'ee ganda ofii hin jiraanneef, oorruu fi facaasa hunda keessa waan hin teenneef, warraa fi maatii isaa keessa waan hin jiraanneef, hariiroon inni namoota wajjiin qabu laafaa waan ta'eef, kan isiin Rabbii nama uume irraa nama dagachiistu hunda irraa bilisa waan ta'eef

Nama karaa taru: nama karaa dabru, inni kun nama biyya hin jirre irra hamaadha, wanti inni duniyatti rarra'u kan nama biyya hin jirreetiiyyuu gadi.

Yoo dhiisifatte bariisaa hin eegin jechuun hiika lama qaba:

1. Hojii galgalaa osoo siif hin bariine hojjadhu, boru dalaga hin jedhin, hojii hardhaa boriif hin kaayatin. Yoo bariisifatte halkan hin eegin: hojii ganamaa ganamuma dalagii xumuri.
2. Yoo dhiisifatte bariisaa hin eegin, osoo hin bari'in du'uu malta waan taateef.
   Yoo bariisifattes ni dhiitii hin eegin, osoo aduun hin dhiyin du'uu malta waan taateef.

Jiruu kee irraa du'a keetiif siinqeffadhu: guyyoota jireenya keetii saamadhuu, hojii Rabbiin biratti si fayyaddu hojjadhu, gaafa ati duute si fayyaddii.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisa kana keessatti ergamaan Rabbii (SAW) duniyaa keessatti akka gabaabbannu nu ajajan. Akka nuti gara isii hin dabne, umriin hanga fedhes yoo dheerate duniyaan adda bayuun kee hin hafu. Ergasii ammoo duniyaan ganda qulqullinaa fi gammachuutii miti. Qulqullinni isii booruu hedduun makaadha, gammachuun isii gadda hedduun makaadha.

Kanaaf isii keessatti akka nama biyya hin jirree, kan nama tokko hin beekne, kan namni tokkos si hin beekne ta'i ykn akka nama karaa deemuu, kan isii keessa turuu hin feenee ta'i.
Namni biyya hin jirre: lafa jireenyaa fi tasgabbii hin taasifatu, namni karaa dabru gonkumaa isii keessa hin taa'u.

Nama karaa dabrutu nama biyya anbaa jiru caalaa duniyaa irraa dantaa hin qabne, namni karaa dabru hin taa'u waan ta'eef, namni biyya anbaa jiru ammoo yeroo gabaabaafis taatu ni taa'a, ergasii imala isaa itti fufa.

Kanaaf Abdallaa Ilma Umar (RA) akkana jedhe: **"yoo bariisifatte dhiyiinsa hin eegin", ati osoo hin bariisifatin du'uu dandeetta waan taateef.**

"Yoo dhiisifatte bariisaa hin eegin" ati soo hin bariisifatin d'uu malta waan taateef, garuu carraa saamadhu, hojii boodatti hin harkisin, gara duniyaa hin dabin, ati dhibamtee dadhabuu dandeetta, hiyyoomtee dadhabuu dandeetta, duutee hojiin kee addaan cituu dandeetta.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

01 Duniyaa keessatti dantaa dhabuun, isii ganda jireenyaa taasifatuu dhabuun barbaachisaadha. Jecha Nabiyyiitiif "Duniyaa keessatti akka nama biyya hin jirree ykn karaa dabruu ta'i"

02 Gaarummaa barsiisa Nabiyyii Rabbii (SAW) fakkeenya nama amansiisu godhuudhaan, oso isaan: duniyaa keessatti gabaabbadhu, gara isii hin dabin ykn waan kana fakkaatu jedhanii, silaa ergaan isaa hanga kanaa jabaa hin ta'u, as keessatti "Akka nama biyya hin jirree ykn karaa dabruu ta'l" jedhan.

03 Hin abdatin yoo bariisifatte ni dhiisifadha jettee, yoo dhiisifattes ni bariiti jettee, nama meeqaadhaan kan bariiteefii osoo hin dhiyiniif hafe, meeqaadha kan dhiiteefii osoo hin bari'iniif hafe! Nama meeqaadha kan uffata uffatee namni reeffa isaa dhiqu irraa baase, meeqaadha kan maatii isaa biraa haala laaqana qopheessaniifii jiraniin, ykn hirbaata qopheessaniifii jiranii bayee osoo hin nyaatin hafe! Nama meeqa kan rafee achiin afaa isaa irratti hafe!
Namni yaada dheeressuu hin qabu, abshaala ta'ee of eeggannoo godhuu qaba.

04 Namni yeroo fayyaa isaa waan gaafa dhibameef toluuf dalagatuu qaba. Namni yoo fayyaa qabaate hojii gaggaarii dalaguun ni salphataaf, waan haraamaa irraa fagaatuunis ni laafaaf, faallaa nama dhibamaa. Akkasuma namni weeyta jiru waan gaafa du'eef toluuf hojjatuu qaba, namni fayyaa qabu qomti isaa baldhaadha, ilaachi isaa fagoodha, yeroo fi fayyaa gahaa qaba, garuu warri isa kana osoo itti hin fayyadamin balleessu hedduudha.

Gaafilee:

01 Hadiisa kana irraa Abdallaa ilma Umar akkamitti gorfame?

02 Bu'uurri hadiisni kun lafa qabsiisu maaliidha?

Namni dargaggummaa isaa irraa akkamitti dullumaaf dalagata? Durummaa irraa hiyyummaaf? Fayyaa irraa dhibeef?

03



الحديث الحادي والثلاثون
Hadiisa
Soddomii Tokkoffaa

31

عن أنس بن مالك رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "حفت الجنة بالمكاره، وحفت النار بالشهوات" (متفق عليه)

Anas ilma Maalik irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Jannatni waan nama jibbisiisuun marfamte, Ibiddi waan lubbuun feetuun marfamte". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Jannatni marfamte: inni waan qaama ta'e tokkotti marfame, akka waan san bira hin geenne yoo isa tarkaanfatan malee.

Waan jibbamaadhaan: waan namni jibbuu fi isatti jabaatu, kan haqa Ibaadaa qixa sirriitiin dhaabatuunii, kan akka wuduu'a waliin gayuu, obsa rakkoo nama mudatu irratti gadi liqimsuu fi kkf.

Ibiddi fedhiiwwaniin marfamte: wantoota mi'aayan, kan shari'aan akka hin hojjanne dhoorge, ykn waan gara waajiba dhiisuu fi haraama keessa bu'uutitti nama geessu.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisni kun Jechoota Nabiyyii (SAW) kan waan hedduu of keessatti hammatu keessaa tokkoodha. Akkuma Ibnu Hajara jedhe: "Inni kun jechoota Nabiyyii (SAW) kan hunda hammataa ta'an keessaa tokkoodha, collummaa Nabiyyii (SAW) kan bakka gahaa ta'e irraa ka'e, innis waan lubbuun namaa feetu arrabsuu of keessaa qaba, osoo lubbuun namaatis itti dabdee, Rabbiif buluu irratti kakaasutu jira, osoo lubbuun jibbitee irratti ulfaatellee".

Wantoota jibbamu keessa kan seenu irraa: Ibaadaa keessatti jajjabaatuu fi irra turuu, ulfaatina isii irratti obsuu, aarii liqilsuu, namaaf irra dabruu, obsuu, nama miidhaa namatti dalagutti tola ooluu, fedhiiwwan ofii irratti obsuu fi kkf. Fedhiiwan kan jennuun waan haraamaati, kan akka waan nama macheessu dhuguu, sagaagalummaa, dubartii alagaa laaluu, nama hamachuu fi wantoota ibaadaa irraa nama dagachiisan fayyadamuu fa'aadha.

Fedhiiwwan halaalaa ammoo hadiisa kana keessa hin seentu, garuu isiis taanaan baay'isuun ni jibbama, akka namni isiidhaan ibaadaa irraa hin dagannee fi ykn gara waan haraama ta'eetti isa hin harkisne.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Jannatni waan nama jibbisiisu irratti obsuudhaan malee hin argamtu, Ibidda irraa nagaa bahuun waan lubbuu namaa hawwitu kan haraamaa irraa yoo gu'aniidha.

02 Karaan Jannataa ulfaataadha. Nabiyyiin (SAW) akkana jechuun ibsan "Jannatni waan nama jibbisiisuun marfamte" jedhan, inni kun waan nama jibbisiisu kanaa fi waan namatti ulfaatu kana salphisa, isa duubaan jannatatu jira jechuu beekan waan ta'aniif.

03 Hadiisni kun akka booddee eeggatan nama kakaasa, dadhabbii boodaan yoo kan boqannaan dhufu taate namatti laafa. Namni sammuu qabu waan boodaa malee waan ammaa hin laalu. Hayyoonni akkana jedhan:
"boqannaan boqannaadhaan hin argamtu".

04 Namni gara haqaa yaamu rakkoodhaaf saaxilamaadha, karaan haqaa kan ililliidhaan afamee miti, dubbiin akka nabiyyiin (SAW) jedhan san:
"Jannatni waan nama jibbisiisuun marfamte, Ibiddi waan lubbuun namaa feetuun marfamte".

Jannataa fi Ibiddi uumamtoota lamaan, kan ammas jiraniidha, hin dhumatan, hin dhabaman gonkumaa. Inni karaa warra Sunnaa fi Jamaa'aati. Faallaa warra Mu'utazilaa fi Qadariyyaa.

Kana irratti Ragaan Qur'aanaa fi Hadiisaatis dhufee jira. Rabbiin akkana jedhe:

وجنة عرضها السماوات والأرض أعدت للمتقين (آل عمران: 133)
فاتقوا النار التي وقودها الناس والحجارة أعدت للكافرين (البقرة: 24)

(Jannata baldhinni isii dalgatti kan samii fi dachii ta'e, warra Rabbiin sodaataniif qopheeffamte) Aala Imraan: 133
(Ibidda qabsiisaan isii namaa fi dhagaan ta'e eeggadha, kan warra Rabbiin didaniif qopheeffamte) Albaqaraa: 24

Bukaarii fi Muslim Hadiisa Anas (RA) irraa odeessanii seenaa deemsa Nabiyyiin (SAW) Makkaa irra gara Beeytal Maqdas deeman keessatti, xumura isaa irratti: "Ergasii Jibriil naan deemee, bakka Sidraa (Qurquraa) xumuraa geenne, bifa heddutu isii haguugee jira, bifti sunniin maala akka ta'e hin beeku. Nabiyyiin (SAW) akkana jedhe: Ergasii Jannata seenee, yoo seenu isii keessa Dunkaaniiwwan Lu'ulu'aattu jira (Gosa albuudaati), biyyeen isii Miskiidha (Waan urgaayu)".

Sahiiha lamaan keessati Hadiisa Abdallaa Ilma Umar irraa odeeffamee (RA) Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:
"Tokkoon keessan yoo du'e teessoon isaa ganamaa fi galgala irra fidama, yoo warra Jannataa irraa ta'e jannatatu irra fidama, yoo warra Ibiddaa irraa ta'es teessoo isaa kan ibiddaattu irra fidama, kuni bakka teessuma keetiiti, bakka kanatti Rabbiin guyyaa qiyaamaa si kaasa jedhamaan".

Sahiiha lamaan keessatti Hadiisa Abdallaa Ilma Abbaas irraa (RA) akkana jedhe:
"Aduun dukkanoofte Gadaa Nabiyyii (SAW) keessa, hadiisa dheerinaan dubbatee achi keessatti: "Ani jannata argee, isa keessa damee Timiraa tokko fudhatuuf itti hiixadhe, osoo isa fudhadhee silaa hanga duniyaan tun turte isa irraa nyaattan turtan, Ibiddas arge, waan akka isii sama rifachiisu takkaa argee hin beeku".

Gaafilee:

01 Waan collummaa Nabiyyii (SWA) ibsu kan hadiisa kana keessa jiru ifa taasisi.

02 Qorannoo gabaabaa dhiibbaa fedhii dargaggeessa Muslimaa irraan gahu irraa dubbadhu.

03 Hadiisota akka Nabiyyiin (SAW) jechoota waan hedduu of keessatti hammatan kennaman akeektu dubbadhu.



الحديث الثاني والثلاثون
Hadiisa
Soddomii Lammaffaa

32

عن عبدالله بن عمرو بن العاص رضي الله عنهما أن رسول الله صلى الله عليه وسلم، قال: "قد أفلح من أسلم ورزق كفافا وقنعه الله بما آتاه" (رواه مسلم)

Abdallaa Ilma Amrii Ilma Aas irraa odeeffamee (RA) Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Hoffolee jira nam Islaama ta'e, waan isaaf gahu Rabbiin kenneefii, waan isaa kenneen isa jaalachiise". Muslimtu gabaase.

Odeessaaa Hadiisaa:

Abdallaa Ilma Amrii Ilma Aas (RA) abbaa isaa dura islaamummaa seene. Nama ibaadaa keessatti tattaaffii godhuun beekamuudha. sahaabota keessaa nama Hadiisa baay'ees odeessedha.
Waan isaan irraa dhagayu akka barreessuuf Nabiyyii (SAW) irraa hayyama fudhate, galmee isaa kan irratti barreeffatu saniin "saadiqaa" (Dhugaa dubbattuu) jechuun moggaasa ture.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Hoffole jechuun: waan duniyaa fi guyyaa boodaa keessatti argatuu fedhan argatuudha. Hadiisni jara lamaanuu walitti qabe. Qur'aana kabajamaa keessatti akkana jedhe:

قد أفلح المؤمنون (المؤمنون: 1)

(Mu'umintoonni dhugaa hoffolan) Almu'uminuun: 1

Ammas akkana jedhe:

قد أفلح من تزكى (الأعلى: 14)

(Dhugaan hoffole namni zakaa kennate ykn Lubbuu isaa qulqulleesse) Al-A'alaa: 14

Dhimma Duniyaa keessattis Akkana jedhe:

وقد أفلح اليوم من استعلى (طه: 64)

(Hardha dhugaanuu hoffole nam injifannoo argatee irra oole) Xaahaa: 64

Waan isaaf gahu jechuun: waan gahaa ta'ee garuu irraa hin hafneedha, hanguma itti hajaman qofa kan ta'u, namni sun hiyyeessas kan hin taane, dureessas kan hin taane.

Nawawiin akkana jedhe: "waan namaaf gahu jechuun: wanti tokko dabalee osoo bira hin dabrinii fi hanqatee osoo haajaa gadi hin taane namaaf argamuudha".
Qurxubiin akkana jedhe: "Inni waan haajaan namaa ittiin cufamtu, kan rakkoo fi hiyyummaa nama irraa deebistu".

Kan Rabbiin isa jaalachiise jechuun: kan inni waan Rabbiin isaaf kenne jaalatu, dabaltii kan hin barbaanne, waan inni hireen qoodamtuu ta'uu hubatee, waan isaaf murtaa'e birra akka hin dabrine galeef jechuudha.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisni kun amaloota sadi of keessatti hamate. Namni rogoonni sadan tun: Islaamayuun, waan isaaf gayu qabaatuu fi waan argate san jaalatee itti geeffatuun walitti isaaf qabamte. Waan barbaadu argatee jira. Waan duniyaa fi Aakiraa keessattis barbaaduun milkaa'ee jira. Sababni isaas jarri kunniin sadan toltuu ganda lamaanii of keessatti qabattee jirti waan ta'eef. Gabrichi yoo gara islaamummaa inni amantii (Karaa) Rabbii ta'eetti qajeelfame, isa Rabbiin isa malee amantii tokko nama irraa hin fuune kana yoo qabate, kan inni karaa mindaa argatuu fi adabbii jalaa nagaa ba'uu ta'e kana yoo qabate, hireen duniyaa irratti akka inni harka namaa hin eegne isa taasisus yoo argameef, ergasii Rabbiin qananii kana waan isaaf kenne isa jaalachiisuudhaan yoo isaaf guutee, lubbuun isaa waan achi duubaa barbaachaaf hin futunin, namni kun toltuu Duniyaa fi Aakiraatis walitti qabatee jira.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Hadiisaa kana keessa sadarkaa waan namaa gayu qabaatuuttu jira, ulfinni bakki kun qabu hiyyummaa of nama dagachiistuu fi durummaa nama jallistu irra guddoodha.

02 Qabeenyi baay'atuun Diinii irraa nam heewasa, xiqqaatuun isaa ammoo Aakiraa irraa nama dagachiisa, waan xiqqaatee namaaf gahaa ta'etu waan baay'atee nama shaagale irra caalaadha.

03 Namni haala Hadiisa keessatti dubbatame kana irra jiru gara hiyyummaatti caalaa dhiyoo jira, waan inni wantoota gaggaarii duniyaa keessa jirtuun hin bashannanneef, wanti hiyyeeyyiin saaxilamaniif kan inni jalaa bahe namoonni gatiidhaaf isa xiqqeessuu fi xiqqeenya kadhaa jalaa bahuu qofaan.

04 Tolli kan Rabbiiti, namni kun kan hoffoleen tola Rabbiitiin, isatu islaamummatti isa qajeelche, hirees isaaf kenne, waan isaaf kennes hanga haajaa isaatiin isaaf taasise, haajaa isaatii ol itti hin guddisne, waan inni itti hajamu irraa jalaa hin xiqqeessine, kana malees akkaataa isa itti horate kanas isa jaalachiise.

05 Hiikni hadiisa kanaa namni mana isaa keessa taa'ee hireen Rabbii naaf dhufti jedhee haa eegu jechuu miti, namni hiree ofii barbaadatuu qaba, carraaqquu barbaachisa, waan Rabbiin isaaf kenne jaalatuullee qaba.

Gaafilee:

01 Waan Rabbiin namaaf kenne jaalatuu gadaa kana keessa hangam akka barbaachisu ibsi.

02 Maaliif dhimmoonni sadan kun milkii Duniyaa fi Aakiraa kan walitti qabattu taate.

03 Hadiisni kun hiree barbaadachuuf carraaquu fi durummaa barbaaduu wajjiin wal faallessaa. Waan dubbatte irratti raga fidadhu.





33

عن معاوية رضي الله عنه قال: سمعت النبي صلى الله عليه وسلم يقول: "من يرد الله به خيرا يفقهه في الدين، وإنما أنا قاسم والله يعطي، ولن تزال هذه الأمة قائمة على أمر الله، لا يضرهم من خالفهم، حتى يأتي أمر الله"
(متفق عليه)

Mu'aawiyaa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Nabiyyii Rabbii (SAW) dhagaye akkana kan jedhan: "nama Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii keessatti beekumsa isaaf kenna, ani ni qooda kennaan Rabbi, Ummanni tun ajaja Rabbiitiin dhaabatuu irraa hin deemtu, namni isaan faallessu isaan hin miidhu, hanga murtiin Rabbii dhufutti". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Mu'aawiyaa Ilma Abbaa Sufyaan, warra Banii Ummayaa, Gosa Qureeyshaa kan ta'e (RA), tokkoo warra Wahyii Ergamaa Rabbiitiif barreessanii, hundeessaa sirna Bulchiinsaa warra Umayyaa, teessoon bulchiinsa isaa Shaam kan turee fi jalqaba Hooggantoota sirna Umayyaati.
Osoo Makkaan hin banamin dura Islaamummaa fudhate, Abbaab Bakrii bakka bu'aa ta'uun hooggansa Muslimtootaa fudhatee jennaan, gaggeessaa waraanaa isa taasise, obboleessa isaa Yaziid Ilma Abbaa Sufyaan jalatti. Magaalaa Daamskoo keessatti Umrii waggaa 78ffatti du'e.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Beekumsa isaaf kenna jechuun: hubannoo jechuudha. Rabbiin hubannoo bakka ga'aa fi collummaa isaaf laata. Bifa saniin namni sun beekaa seerota Shari'aatii fi nama isitti dalagu ta'a, inni kun irra ol aanaa waan namni tokko kennamuuti.

Ani qoodaadha jechuun: Nabiyyiin yoo namaaf waan qoodu wal qixxeessee qoodaa ture, jidduu isaanii wal hin dabarsu jechuudha.

Rabbitu kenna jechuun: dhugaadhaan kan hiree namaaf kennu Allaahu jechuudha. Wontoonni hunduu fedhii Rabbiitii fi murtii isaatiin. Gabroota isaa hundaafuu isatu kenna, akkaataa fedhii isaatiin.

Ajaja Rabbiitiin dhaabattuu haala taateen jechuun: Diinii Rabbii kan tiksitu, shari'aa isaatti kan hojjattuu fi isa irratti raggaatuu haala taateen jechuudha.
Hanga Murtiin Rabbii dhuftutti jechuun: hanga Qiyaamaan dhaabattutti jechuudha.

Abbaa Qaasim jedhanii moggaafatuu:

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee (RA), Nabiyyiin Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Maqaa kiyyaan moggaafadhaa, garuu Abbaa Qaasim jettanii of hin yaaminaa" jedhan. Kana jechuun yeroo isaan jiran maqaa kanaan of yaamuun akka hin taane argisiisa, akka namni biraa maqaa kanaan yaamamee yoo jedhu Nabiyyiin of hin seeneef.

Erga isaan du'anii booda ammo caalaan hayyamamaa ta'uu isaati. Ahmad, Abuu Daawidii fi Haakim Hadiisa Sahiiha jedhaniin tokko keessatti, Aliyyiin Irraa Odeessanii (RA) akkana jedhe: Yaa ergamaa Rabbii jedheen: yoo mucaan tokko si boda naaf dhalate maqaa keetiin isa moggaas, abbaa ebaluu jechuunis kan ati ittiin yaamamtuun yaama jedheen" jedhe. Nabiyyiinis: tole jedhaniin.

Ibsa walii gala Hadiisa kanaa:

Hadiisni kun akka hubachiisetti nama Rabbiin toltuu guddaa isaaf fedhe, faayidaa baay'ee isaaf murteesse beekumsa Shari'aa isaaf kenna jedha.
Beekumsa Shari'aatti wanti gaariin kamuu hin qixxaayu, sadarkaan isaa oliitis hin jiru, inni dhaalmaya Nabiyyootaati, isaan beekumsa kana malee waan biraa dabarsanii hin dhaalchifne.

Ergamaan Rabbii (SAW) nama qooda laatu qofaadha, beekumsa Shari'aa namatti geessa, Rabbii isaa irraa ergaa dabarsa, Rabbiin qofatu ammo hubannoo fi qayyabannoo abbaa ofii fedheef kenna. Gareen Ummata Muslimaa irraa taate takka Shari'aa Rabbii qabattee, diinii isaa irratti gadi dhaabattee, hanga guyyaa qiyaamaa turti. Namni isii faallesse kamuu dhiibbaa irraan gahuu hin danda'u.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Sadarkaa beekumsi qabu, isaan shaagalamuu fi isa baratanii barsiisuun waan hundaa ol akka ta'e argisiisa. Beekumsa irratti kakaasuu, karaa inni ittiin argamu irratti qajeelchuu, kitaabilee beekumsaa barreessuun wanti kunniin gara sodaa Rabbii nama geessa.

02 Beekumsi ragaaleen Qur'aanaa fi Hadiisaa kabajaa isaa ibsite beekumsa Shari'aati, malee beekumsa waan duniyaatii miti, namni diinii hin hubatin, kan seerota shari'aa hin beekne, waan isiin wal qabatu kan qayyabatin waan gaarii (Keeyrii) guddaa hoonga'ee jira.



Beekumsi shari'aa qooda lama qaba:

1 Beekumsa dirqama walii galaati (Kan namni gariin yoo hojjate gahaa ta'u), inni kun namni gariin yoo dhaabateen dirqamummaan warra kaan irraa ni kufa, akka Azaana baratuu, gara toltuu yaamuu fi hamtuu irraa fagaatutti nama ajajuu fi kkf waan shari'aan ittiin eegamtuudha.

2 Dirqama kallattiiti: inni kun namni hundi isa barachuun kan waajiba ta'eedha, akka waan dhimmoota diinii keessatti itti hajaman barachuu. Kan akka Toowhiidaa, waan islaamummaa balleessuu, wantoota guyyaa keessa dhufanii, qulqullinna eegachuu, salaataa, soomaa fi kkf fa'aadha.

03 Diinii hubachuu jechuun barnoota qofaa miti, waan beekanittis hojjachuu of keessatti hammata, namni beekee garuu itti hin hojjatin diinuu hubate hin jedhamu.
inni dubbise jechuu dandeenna. Kanaafuu warri duraanii (Salafaa) namni waa dubbisu baay'atee warri hubatee itti hojjatu xiqqaatuu irraa akeekkachiisan. Abdallaa Ilma Mas'uud akkan jedhe: "Maal gootu mee yoo qaraatonni keessan heddummaatanii, hubattoonni (Faqiihonni) keessan xinnaatan".

04 Beekumsa barbaaduuf carraaqutu Ibaadaawan dabalataa (Sunnaadhaaf) carraaquu caala, sunnaa akka salaataa, soomaa fi zikriiwwanii irra jechuudha. Sababni isaa faayidaan beekumsaa abbaa isaa fi muslimtoota kaanis fayyada, faayidaan sunnaalee adda addaa garuu abbaa isaa qofaaf oola.
Beektonni dhaaltota Nabiyyootaati, namni Rabbiin gabbaru garuu akkasii miti, namni Akkanaan Rabbiin gabbaru beekaa hordofa isatti hidhata, ibaadaa isaa keessatti isa akkeessa. Akkasuma Ilmii (Beekumsa) faayidaa fi faanti isaa namichi yoo du'es isa boodatti hafti, sunnaawwan ammoo namni isii hojjatu du'uudhaan dhaabatti.

05 Ummanni tun haala gaarii irratti turti, namni isii faallesse isii hin miidhu, kun ammo garee tummsamtuu, warra karaa Nabiyyii (SAW) irratti hafan, kan isa irraa Aqiidaa keessa waan hin jirre fiduu fi dalagaa keessattis bid'aa dabaluun irraa hin bane san jechuudha.

Diinii beekuun caalaa ta'uun isaa ammo: namni yoo waan beekutti dalaguun isii wajjiin itti fufe, sochii fi tasgabbiin nama fiqhii beekuu (Hubannoo diinii qabuu) karaa Nabiyyii irratti taati, kun ammo toltuu guddaa, Rabbiin malee namni hamma isaa hin beekneedha, ammas hanga isiin geettu nama Rabbiin diinii kana isa barsiisuu fi itti hojjachiisuun tola itti ooletu hubata.

06 Shari'aa beekuu fi itti hojjachuun, akkasuma isa namoota barsiisuun karaa Rabbii keessatti qabsoo godhuudha. Nama meeshaa waraanaa fudhatee qabsaa'uu fi barataa Ilmii kan beekumsa isaatiin qabsaa'u jidduu garaa garummaan hin jiru, lamaanuu karaa Rabbii keessatti hojjataa jiran, Shari'aa Rabbii gabroota isaatiif ibsaa jiran, garuu adda addummaan isaan qaban guddaadha. Karaa Rabbii keessatti qabsaa'uun Diinii Rabbii facaasu fi bakka hundaan ga'uu keessatti mataa isaatiif kaayyoo (Galmaa mit), ilmii barsiisuun ammoo mataa isaatiiyyuu galma barbaadamuudha, inni yeroo fi haala kamiin keessattuu barbaadamaa ta'ee itti fufa.

Gaafilee:

01 Maaliif Ilmiin shaagalamuun sunnaawwan ibaadaatiin jaatanaayuu irra ijoo ta'e?

02 Kamtu Rabbiin biratti irra caala? Nama karaa isaa keessatti qabsaa'u moo nama beekumsa barbaadu? Maaliif?

03 Maaliif diinii hubatuun caalaa waan gabrichaaf kennamuu ta'e?





34

عن عدي بن حاتم رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "ما منكم من أحد إلا سيكلمه الله، ليس بينه وبينه ترجمان، فينظر أيمن منه فلا يرى إلا ما قدم، وينظر أشأم منه فلا يرى إلا ما قدم، وينظر بين يديه فلا يرى إلا النار تلقاء وجهه، فاتقوا النار ولو بشق تمرة". وفي زيادة: "ولو بكلمة طيبة
(متفق عليه)

Adiyyi Ilma Haatim irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "isin keessaa namni tokkos hin hafu Allaahuun isaa isa dubbisu malee, jidduu isaatii fi Allaahuu namni afaan hiiku haala hin jirreen, mirga isaa laala, waan dalagee duniyatti dabarse malee homaa hin argu, bitaa isaa laala waan duniyatti dalagee dabarse malee waan biraa hin argu, fuuldura isaa laala, kallattii fuula isaatti ibidda malee waan biraa hin argu, ibidda eeggadhaa osoo cinaa Timiraallee kennachuun taatee". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Adiyyi ilma Haatim kan gosa Xaa'iyyii, Sahaabota Nabiyyii (SAW) keessaa nama tokkoodha.
Inni ilma Haatim Axxaa'iyyii, kan arjummaa keessatti fakkeenyi ittiin godhamu saniiti, duraan kiristaana ture, ergasii Islaamummaa fudhate, waraana gaafa gaalaa dhufe, isii keessatti ijji isaa takka bade, waraana Siffiin jedhamtus dhufe, ijji lammaffaa achitti bade. Hijraa irraa bara 66ffaa keessa du'e.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Ibida eeggadhaa osoo cinaa timiraatiinis ta'ee jechuun: walakkaa isii jechuudha, kun dubbii jabeessuu of keessaa qaba. Akkuma Rabbiin Qur'aana keessatti:

فمن يعمل مثقال ذرة خيرا يره (الزلزلة: 7)
(Namni hojii gaarii irraa waan hanga firee sanaafichaa (xaafii) hojjate galata isaa ni argata) jedhe. Azzalzalaa: 7

Kana jechuun: jidduu keessanii fi ibiddaatti waan addaan isin ittisu taasifadha, sadaqaa kennatuu fi hojii gaarii dalaguudhaan. Osoo waan laaftuus taatee. Jechoota Hadiisaa kan Bukaarii fi Muslima odeessan kan biro keessatti Nabiyyiin Rabbii (SAW) waan ibiddaa dubbatanii, fuulli isaanii jijjiiramee, isii irraa Rabbiin maganfatanii, booda akkana jedhan: "Ibidda eeggadhaa osoo cinaa Timiraatiinis taatee, yoo isiis hin argatin jecha gaarii dubbatuunis osoo taatee".

Ibsa Walii galaa kan hadiisa kanaa:

Hadiisa kana keessatti Nabiyyiin (SAW) akka Rabbiin gabricha hundaa guyyaa qiyaamaa dhuunfaa isaatiin osoo namni afaan hiiku bira hin jiraatin dubbisu ibsan, bifa saniin nama tokko yakka isaa kan inni duniyatti hojjate isa amansiisa. Akkana jedhaan:

"Guyyaa akkanaa, hojii akkanaa hojjattee ?" jedhaan.
Weyta gabrichi yakka isaa kana amanee, ani bade, hoonga'e jedhee abdii kututti, Rabbiin:

"Ani gaafa ati duniyaa jirtus siif dhokse,
hardhas siif araarama" jedhaan.
Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Yakki nuti hojjanne, kan Rabbiin malee namni tokko hin beekne hedduudha. Rabbiin duniyaa kanatti nuuf dhoksee, gaafa guyyaan kaafamaa gahes tola isaa nuuf guutee, isii nuuf dhiisee, adabbii jalaa nagaa nu baasa. Ergasii ergamaan Rabbii (SAW) gara sadaqaa qajeelchanii, akka namni osoo cinaa timiraatiinis taatee, ykn jecha gaarii dubbatuunis taatee ibidda irraa eeggatu dhaaman.

Faayidaalee Hadiisaa:

Hadiisni kun akka Rabbiin dubbatu ifatti mirkaneessee jira. Rabbiin guyyaa qiyaamaa haasaa dhagahamuun bifa isaaf maluun akka dubbatu ibse. Kana keessatti garee warra bid'aa kan dubbatuu Rabbii morman, kan akka warra Jahamiyyaa fi Mu'utazilaa irratti deebisutu jira.
Karaan warra Sunnaa fi Jamaa'aa amala dubbachuu Rabbiif raggaasisuudha. Rabbiin yeroo barbaadetti, waan barbaade ni dubbata. Muusaa dubbisee ture. Gabroota isaa guyyaa qiyaamaa ni dubbisa. Qur'aanninuu haasaya Rabbiiti, uumamaa miti, inni kun ammoo qubeewwan isaa fi hiika isaatis kan hammatu ta'uu fi Rabbiin fedhii isaatiin kan dubbatu ta'uu isaati.

1. Uumamni hunduu Allaahuudhaan walgahu.
Innis kallattiidhaan osoo nama afaan hiikuu fi jidduu dhaabatu hin barbaachisin isaan dubbisa, afaan isaanii gara gara ta'uu wajjiin. Hojii isaanii hunda irraa gaafataman. Rabbiin akkana jedhe:

يا أيها الإنسان إنك كادح إلى ربك كدحاً فملاقيه (الانشقاق: 6)

(Yaa nama ati gara Rabbii keetii deemaadha, deemsa itti fufaa, isaanis wal geetta) Al-Inshiqaaq: 6

Gabrichi hunduu Rabbii isaatiin wal gahee qormaatama, garuu nama Mu'uminaatiif gammachutu jira.

2. Namni guyyaa Qiyaamaa dalagaa isaa ni arga, mirga isaatiin waan dalagee dabarse malee hin argu, bitaa isaatiinis waan dalagee dabarse malee waan biraa hin argu, ergasii fuula dura isaatti ibidda arga. Gabrichi ibidda eeggachuu qaba osoo cinaa Timiraatiinis ta'ee, karaa Rabbii keessatti isii baasee.

3. Ibnu Hajar akkana jedhan: "Hadiisa keessatti sadaqaa irratti kakaasutu jira, wanti sadaqatamu xiqqaatee fi guddatees, namni waan kennatu tuffatuu hin qabu, wanti xiqqoon namni karaa Rabbii keessatti kennatu ibidda irraa nama dahuu danda'a".

فبما رحمة من الله لنت لهم ولو كنت فظا غليظ القلب لانفضوا من حولك (آل عمران: 159)

(Tola Rabbii keetiitiin warra sitti amaneef laafaa taate, osoo nama hamaa, kan onnee jabaatu taatee silaa si biraa faca'an) Aala Imraan: 159

Gaafilee:

01 Akkaataa Hadiisa kana keessatti baratteen amala haasawaa Rabbiin keenna qabu irraa dubbadhu. Mad-doota alaatittis qarqaarsifadhu.

02 Hadiisa kana keessatti sadarkaa sadaqaa ibsutu jira osoo waan xiqqoos taatee. Mata duree kana irraa barreessi.

03 Dubbiin namni dubbatu haala jijjiiruu keessatti gatii qabdii? Isa kana ibsi mee.





35

عن أبي ذر رضي الله عنه أن ناساً من أصحاب النبي صلى الله عليه وسلم قالوا للنبي صلى الله عليه وسلم: يا رسول الله، ذهب أهل الدثور بالأجور، يصلون كما نصلي، ويصومون كما نصوم، ويتصدقون بفضول أموالهم، قال: "أوليس قد جعل الله لكم ما تصدقون؟ إن بكل تسبيحة صدقة، وكل تكبيرة صدقة، وكل تحميدة صدقة، وكل تهليلة صدقة، وأمر بمعروف صدقة، ونهي عن منكر صدقة، وفي بضع أحدكم صدقة", قالوا: يا رسول الله، أيأتي أحدنا شهوته ويكون له فيها أجر؟ قال: "أرأيتم لو وضعها في حرام أكان عليه وزر؟ فكذلك إذا وضعها في الحلال كان له أجر" (رواه مسلم)

(Abbaa Zarrii irraa Odeeffamee (RA) Namoonni Sahaabota Nabiyyii (SAW) irra ta'an wayii, Nabiyyiidhaan (SAW) akkana jedhan: yaa ergamaa Rabbii, warri qabeenya guddaa qabu mindaadhaan nu bira kutan, akkuma nuti salaannutti salaatan, akkuma nuti soomnutti sooman, qabeenya isaanii irraa waan isaaniif hafe irraa kennatan. Nabiyyiin akkana jedhaniin: "Rabbiin isiniifis waan sadaqattan isiniif hin goonee? Subhaanallaah jechuun hudin sadaqaadha, Allaahu Akbar jechuun hundi sadaqaadha, Alhamdulillaah jechuun hundi sadaqaadha, Laa Ilaaha illallaahu jechuun hundi sadaqaadha, toltutti ajajuun sadaqaadha, hamtuu irraa dhoorguun sadaqaadha, tokkoon keessa maatii ofii wajjiin qunnamtii saalaa godhuun sadaqaadha". Sahaabonni akkana jedhan: yaa ergamaa Rabbii tokkoon keenna fedhii isaatiif jedhee maatii ofiitiin wal qunnamee mindaa irratti argataa?! Jedhan. Nabiyyiinis: "Mee naaf himaa osoo qaama saala isaa bakka haraamaa keessa kaaye yakki irratti barreeffamaa? Akkasuma yoo bakka halaalaa keessa kaayes mindaan barreeffamaaf" jedhan. Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Abbaa Zarri Jundub Ilma Junaadaa Algifaariin afreessoo nama islaamummaa seeneeti, shaneessoodha warri jedhanis jiru. Abbaan Zarrii Ergamaa Rabbiitti (SAW) dhufee osoo isaan Makkaa jiran Islaamummaa fudhatee, ergasii gara tuuta ofiitti

deebi'ee, waan isaan gabbaranitti qoosaa ture. Abbaan zarrii Rabzaa bakka jedhamtutti Godaansa Nabiyyii irraa waggaa 32ffaatti du'e. Abdallaa Ilma Mas'uuditu ummata du'a isaa dhufan wajjiin irratti salaate.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Namoonni dhufanii ergamaa Rabbiitti (SAW) akkana jechuun himatan:

> "Yaa ergamaa Rabbii! warri qabeenya qabu mindaalee guddaa fudhatanii deeman. Addatti isaan argatan. Isaan salaataa fi sooma keessatti nuun wal qixa. Wanti isaan nu caalaniin qabeenya isaanii irraa sadaqatuudha. Nuti ammoo waan sadaqannu hin qabnu. Himannaan isaanii kun hawwiidhaaf malee, waanyoodhaaf miti."

Rabbiin mormuudhaafis miti, isaan gaafii kana wanti gaafataniif akka Nabiyyiin (SAW) waan warri hiyyeeyyiin kunis adda ta'aniinii, akka sooreyyiin sadaqatanii mindaa guddaa argatan sanitti ittiin argatan fedhaniiti.

Nabiyyiin (SAW) akkana jedhaniin:
"Rabbiin waan ittiin sadaqattan isiniif hin goonee"? kana jechuun yoo horii sadaqachuu dadhabdanis wanti sadaqatamu kan dalagaa gaaruu ta'e heddutu jira.
"Subahaanallaah jechuun, Allaahu Akbar jechuun, Alhamdulillaah jechuun, Laa Ilaaha illallaahu jechuun, Toltutti ajajuu fi hamtuu irraa dhoorguun sadaqaadha" jedhan.

Ergasii itti fufuun Nabiyyiin Rabbii (SAW) "Tokkoon keessan maatii isaatiin wal gayuu keessas sadaqatu jira" jedhan. Sahaabonni: yaa ergamaa Rabbii tokkoon keenna fedhii isaatiif jecha maatii isaatti dhaqee mindaa itti argataa? Jedhaniin. Isaanis: "Osoo haraama keessa kaaye yakki irra jiraa?" osoo sagaagalee karaa saniin fedhii isaa fixate itti gaafatamaa jechuudha.
Isaanis: eeyee itti gaafatama jedhaniin. Nabiyyiinis: "Akkasuma yoo halaala keessa kaayes mindaa itti argata" jedhan. Namni waan shari'aan isaa hayyamteen waan haraamaa irraa yoo duroome mindaa argata jechuudha.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Fedhii fi yaada ol aantuu Sahaabonni (RA) qabanii fi dalagaa gaarii dalaguu keessatti akka isaan ariifatan, akkasuma wal dorgoman argisiisa, isaan obboleeyyan isaan kan waan Rabbi isaanitti arjoomeen hojii gaarii dalaganitti hawwan.

02 Nabiyyiin (SAW) warra hiyyeeyyiitiif balbala hojii gaarii saaqeef, isiinis balbala laaftuu isii dalaguun baasii nama hin gafanneedha.

03 Dhimmota Guyyaa boodaa keessatti wal dorgomuun dorgommii faarfamaadha, akka dhimmoota Duniyaatiif wal dorgomuutii miti, inni sababa badiinsaati waan ta'eef.
Hadiisa keessatti: "Ani duniyaan akka warra asiin duraatitti isin irratti baldhifamtee, isii keessatti akka isaan wal dorgomanitti wal dorgomtanii, akka isaan balleessitetti isin balleessitii sodaadha". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

04 Waan tokko kan biraa irratti safaruun (Qiyaasuun) ragaa ta'uu isaati. Murtii keessatti waan tokko kan biraatiin wal bira qabdee laaluudhaan jechuudha. Nabiyyiin (SAW): "osoo haaraama keessa kaayee yakki irra jiraa? Akkasuma yoo halaala keessa kaayes mindaatu isaaf jira" jechuun, baka shahwaa halaalaa kana kan haraamaa irratti qiyaasuun (Madaaluun), mindaa kana keessatti argatuun, akkuma kaan keessatti yakki (Diliin) irratti qabamuuti jedhan.

05 Halaalatti geeffatanii haraama dhiisuun waan halaalaa akka inni hojii gaarii Rabbitti nama dhiyeessu ta'ee, Sadaqaas namaaf ta'u taasisa. Ergamaan Rabbii (SAW): "Qunnamtii saalaa tokkoo keessanii keessa sadaqatu jira" jedhan.

- **Sadarkaa Zikrii:**
  Hadiisa Abbaa Dardaa'I keessatti (RA) Ergamaa Rabbii (SAW) irraa odeessee akkana jedhe:

  "Caalaa dalagaawwan keessanii isiniif himuu, kna inni Mootii keessan biratti irra qulqulluu ta'e, kan sadarkaa keessan caalatti ol kaasu, kan worqii fi Birrii sadaqachuu isiniif caalu, kan diinota keessaniin wol geettanii, morma isaanii murtanii, isaanis morma keessan muruu caalu isiniif himuu? Jennaan, sahaabonni: Eeyee nuuf himi jedhan. Ergamaan Rabbii: inni Rabbii keessan zakkaruudha (Dubbachuudha)" jedhan.
  Imaamu Ahmad, Tirmizii fi Ibnu Maajahitu gabaase.
  Albaaniin sahiiha jedheen.

- Sadaqaan Nabiyyiin Rabbii (SAW) akka warri harka qalleeyyii dalaganiif itti qajeelchan qooda lama qabdi:

1. Waan Ibaadaadhaan wal qabatu, kan dhimma Duniyaa hin taaneedha. Innis Zikriiwwan.

2. Waan hayyamamaa ta'e kan qoodni lubbuu namaa keessa jiruudha, niyyaa gaariidha gara hojii Rabbitti nama dhiyeessuutti jijjiiramti. Akka namni fedhii isaa fixatuu, yoo sanitti haraama irraa of tiksuu niyyate, ijoollee gaarii argatuu fi maatii isaatis haraama irraa fageessuu yoo yaade.

Gaafilee:

01 Mindaan hojiilee gaggaarii akkamitti akka dacha ta'u dubbadhu.

02 Wol dorgommiin faarfamaan kami? Arrabsamaan hoo kami? Ragaa Qur'aana Rabbii kan waan ati jettu kana deeggaru dubbadhu.

03 Hadiisa keessa bifa qiyaasaa (Madaallii) keessa tokko dubbatamee jira. Ragaalee Shari'aa irraa waan kana fakkaatu dubbadhu. Maddoota dabalataatti qarqaarami.





36

عن أبي مالك الأشعري رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "الطهور شطر الإيمان، والحمد لله تملأ الميزان، وسبحان الله والحمد لله تملآن -أو تملأ- ما بين السماوات والأرض، والصلاة نور، والصدقة برهان، والصبر ضياء، والقرآن حجة لك أو عليك، كل الناس يغدو فبائع نفسه، فمعتقها أو موبقها" (رواه مسلم)

Abbaa Maalik Al-Ash'ariyyii irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Qulqullinni walakkaa limaanaati, Rabbiin faarfatuun (Alhamdulillaah) jechuun madaala namaa guutti, Rabbiin Qulqulleessuu (Subhaanallaah) jechuu Rabbiin faarfatuun jarri lamaan waan jidduu samii fi dachii guutan –ykn guutti- salaanni ifaadha, sadaqaan ibsituudha, obsi ifaadha, Qur'aanni ragaa siif baya ykn raga sirratti baya, namni hunduu ganamaan bayee lubbuu ofii gurgura, kan isii bilisoomsutu jira, kan isii balleessus jira". Muslimtu gabaase.

Odeessaa Hadiisaa:

Ka'ab Ilma Aasim Abbaa Maalik Al-Ash'ariyyii, Doonii yaabbatee jila Ash'ariyyootaa wajjiin Nabiyyitti (SAW) dhufe, achumaan Islaamummaa qabate, isaaniif sahaabaa (Waahila) ta'e, isaan wajjiin duule, isaan irraa Hadiisota odeesse. Bulchiinsa Umar Ilma Kaxxaab keessa du'e, Hijraa irraa waggaa 18ffaa keessa.

Hiika jechootaa tokko tokko:

Xahaaraan (Qulqullinni) qooda lama qaba:

- **Qulqullinna qaamaati:** inni qaamni namaa wantoota wuduu'a balleessan lamaan irraa fi akkasuma waan balfa ta'e hunda irraa qulqullaa'uudha.
- **Qulqullina keessooti:** inni onneen namaa Rabbiif jecha waa qulqulleessitee hojjachuu fi waan waanyoo fi jibbaa ta'e irraa bilisa ta'uudha.

Salaanni ifaadha jechuun: nama tokko akka yakka hin hojjanne, wantoota Shari'aa balfa ykn hamaa jetteen irraa nama dhoorgitee, gara karaa sirrii nama qajeelchiti, akkuma ifaan ittiin ibsatamu waan hin taane irraa gara waan ta'uutti nama qajeelchu jechuudha.

Sadaqaan ibsituudha jechuun: inni kun balaqqeessiinsa fuula aduutitti aanu, isa kana irraa ragaan shakkii hin qabnes (Burhaana) jedhamte, waan hiikni isii ifaa ta'eef, akkasumas sadaqaan raga fi ifaa qalbiin namaa iimaana sirrii qabaatuu ibistuudha.

Obsi ifaadha jechuunis: Obsi shari'aa keessatti jaalatamu jechuudha; innis: Ibaadaa Rabbii irratti obsuu, Yakka irraa of qabuu, balaa nama mudatte irratti obsuu, wantoota nama jibbisiisu kamiin irratti obsa qabaatuudha. Kana jechuun obsi waan daarfaamaadha, namni obsa qabu isaan ibsatee karaa sirrii irra deemuu itti fufa jechuudha.

Qur'aan Ragaa siif baya ykn sitti ba'a jechuun: Qur'aanni yoo qaraatee itti dalagde si fayyada,ykn ammoo ragaa sirratti ba'a Namni hunduu ganamaan ba'a kan lubbuu isaa bilssoomsuu fi balleessutu jira: namni hunduu dhuunfaa isaatiin carraaqa, isaan keessaa nama hojii gaarii dalaguun Rabbiif gurgurutu jira, bifa kanaan adabbii Rabbii jalaa bilisoomsa, isaan keessaa ammoo nama Sheeyxaanaa fi fedhii lubbuu isaatti gurgurutu jira, hojii yakka ta'e kana hojjatuudhaan isii balleessa.

Hiika jechootaa tokko tokko:

Inni kun hadiisa guddaa fi bu'uura islaamummaa ijoo tokkoodha. Qabxiiwwan isiin bu'uura seerota islaamaa taate of keessatti hamate, namni qalbii isaa Shakkii fi yaadota dogongoraa irraa qulqulleesse, kan qaama isaa waan balfa ta'ee fi qulqullinna balleessu irraa bilisa taasise walakkaa Iimaanaa qabatee jira jechuu irratti qajeelche. Namni Rabbii isaa faarfate mindaan faaruu isaa madaala isaa akka guutuuf nuuf ibse.

Rabbiin Qulqulleessuu fi isa faarsuun mindaadhaan waan jidduu samii fi dachii guuta jedhe; namni Rabbiin faarfatu waan faaruu taate hundaan, san keessaa amaloota guutummaa fi guddinnaatii, akkasuma kan waan hirdhinaa fi hanqina ta'e hunda irraa Rabbiin qulqulleessu waan ta'aniif. Salaanni ifaa namni Duniyaa fi Aakirattis karaa sirriitti ittiin qajeeluudha. Sadaqaan ammoo qajeelchituu fi ibsituu namani tokko limaan qabaatuu isaa ragaa baatuuf, gabrichi Ibaadaa Rabbii irratti, waan inni jibbu kan isa mudatu irratti obsuun ammoo akka ifaan ija isaa kan keessoo dabaluuf taasisa, namni hunduu mataa isaatii fiiga, isaan keessaa warra lubbuu ofii Rabbitti gurguree hojii gaariin isii bilisoomsutu jira, isaan keessaa ammoo kan Sheeyxaanaa fi fedhii lubbuu isaatti gurguree guyyaa Qiyaamaa isii balleessu, ykn duniyama irratti akka isiin adabbiif saaxilmatu taasisutu jira.

Hiika jechootaa tokko tokko:

01 Qulqullinna gubbaa fi keessoo irrattis kakaasutu keessa jira. Waan Nabiyyiin (SAW) "Qulqullinni walakkaa limaanaati jedhaniif.

02 limaanni ni qoodama, gariin isaa hojiidhaan, garii ammoo jechaan, gariin ammoo waan tokko dhiisuudhaan ta'a.

03 Rabbiin faarfatuun sadarkaa guddaa qabaatuu isiiti. "Madaala guutti" waan jedhameef.

04 Madaala mirkaneessuu (Raggaasisutu) keessa jira. Madaalli kun waan muldhataadha moo dhokataadha?
Warri Mu'utazilaa: inni waan dhokataadha, inni haqaan murtiin laatama jechuudha jedhan. Inni kun sirrii miti.
Warri Sunnaa fi Jamaa'aa akka madaalli kun muldhataa ta'e ibsan, kan gurroo (Harkoo) lama qabu, kan arraba qabu, hojiin gaarii fi hamtuunis isa irratti madaalamti. Kana irratti ragaaleen Hedduun qajeelchite. Kanatu sirriidha.

05 Rabbiin qulqulleessuu fi faarfachuun walitti qabuun sadarkaa inni qabu. Kana kan ibsu jara lamaan walitti qabuun: Rabbiin irraa waan hirdhina ta'e hunda mormanii, waan guutummaa ta'e mirkaneessaniif. Subhaanallaah jechuu keessa: Rabbiin hirdhinoota irraa qulqulleessutu jira. Alhamdulillaah jechuu keessatti ammoo: waan guutuu ta'e hunda Rabbiif amanuu of keessaa qabuudha.

06 Salaata, sadaqaa fi Zikrii heddummeessuu irratti kakaasutu keessa jira, Qur'aana qara'uu, hojii gaaruu dalaguu fa'a. hanga inni kun gabricha Ragaa ta'uuf.

07 Waan jaalatan baasanii kennuun akka namni kennaa jiru sun dhugaan kenne ibsa, wanti jaalatamaan namni kennu sadaqaa keessatti mallaqa.

08 Obsa irratti kakaasuu fi inni ibsaa ta'uu himuu. ifaan gosa kanaa xiqqoo hoo'a qabaata. Jidduun Nuura salaataa fi ifaa obsa keessa jiruutti garaa garummaan: Ifaan obsa keessaa sun hoo'a of keessaa qaba, waan isa keessa dadhabbii onnee fi qaamaa irrattis obsuun jiruuf.

Gaafilee:

01 Hadiisa kana keessatti qabxiin Aqiidaa ijoon maaltu jira?

02 Subhaanallaa hi fi Alhamdulillaah maaf walitti qabe?

03 Akkamitti Qur'aanni guyyaa qayaamaa akka nuuf raga bayu taasifna? Karaalee hojitti irra ittiin oolfamus dubbadhu.





37

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "كل سلامى من الناس عليه صدقة، كل يوم تطلع فيه الشمس، تعدل بين الإثنين صدقة، وتعين الرجل في دابته فتحمله عليها، أو ترفع له عليها متاعه صدقة" قال: "والكلمة الطيبة صدقة، وكل خطوة تمشيها "إلى الصلاة صدقة، وتميط الأذى عن الطريق صدقة
متفق عليه ولمسلم: "ويجزئ من ذلك ركعتان، يركعهما من الضحى"

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) jedhan: "Humna ilmaa namaa hundaa sadaqatu irra jira, guyyaa aduun baatu hunda nama lama yoo walitti araarsite sadaqaadha, nama tokko yaabbii isaa irratti qarqaartee ol isa fuutee yoo yaabbiste, ykn meeshaa isaa yee irratti feeteef sadaqaadha". Ammas akkana jedhan: "jechi gaariin sadaqaadha, tarkaanfiin ati gara Masjidaa deemtuun sadaqaadha, balfa karaa irraa balleessuun sadaqaadha". Bukaarii fi Muslimtu gabaase. Muslim dabalataan akkana jedhe: "kana hunda irraayyuu Raka'aa lamaan yeroo waaree namichi salaatutu gaha".

Hiika jecha tokko tokkoo:

Humna namaa jechuun: caccabsata qaama namaati, isiin dhibba sadii fi jahaatama. Muslim odeessee Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan jedhe: "Namni human dhibba sadii fi jahaatama irratti uumame, humna kana hundaa irra sadaqatu jira".
Sadaqatu irra jira jechuun: sadaqaa Sunnaa fi akka isii dalagu jajjabeeffamu jechuudha, malee sadaqaa dirqamaatii miti.
Jecha gaarii jechuun: jecha haqa Rabbiitiin wal qabatu kan akka isa faarsuu fi qulqulleessuu ta'ee fi kan haqa namaatiin wal qabatu kan akka amala gaarii ta'ee hundaa hammata.

Tarkaanfii gara Masjidaa deemtu kan jedhu: tarkaanfilee hundaa hammata, gabaabduu taatee, dheertuu taatee.
Gabrichi mana isaatti qulqulleeffatee yoo salaataaf bahe, salaata malee kan wanti biraa isa hin baafne yoo ta'e, tarkaanfii takka akka tarkaanfatuun sadarkaan isaa ol fuudhama, yakki irraa harca'a. kanaafuu waan lamatu isaaf galmaa'a jechuudha. Sadarkaan olfuudhamuufii fi yakki irraa bu'uu.

Balfa karaa irraa maqsita jechuun: waan nama miidhu, kan akka dhagaa fi waan balfa jedhamu kamiinuu hammata.
Kana hunda irraa Raka'aan lamaa ni gaha jechuun: salaanni raka'aa lamaa tun humnoota kanniin hunda hirmaachiftee dalagamti waan taateef, hunda jaraatiifuu waan guyyaa saniitii ni geettiif jechuudha.

- Akka ogummaan fayyaa hammayyaa mirkaneessetti baay'ini humna qaama namaa keessa jiruu dhibba sadii fi jahaatama, akkuma Nabiyyiin (SAW) ibsan san. Isii keessaa 147 lafee dugdaa keessa jirti, 24 qoma namaa keessa jirti, 86 qaama namaa irraa walakkaa ol aantu keessa jirti, 88 walakkaa isaa gadi aanu keessa jirti, 15 naannoo garaa jirti.

- Eenyuudha Rabbiin malee kan Nabiyyii (SAW) xumura nabiyyootaa ta'e iccitii beekumsaa guddoo tana himeef.

- Maaltu Nabiyyii (SAW) akka isaan waan nama jalaa dhokatu kan hagana gayu kana keessa akka seenu isaan dirqe, inni kun raajii nabiyyummaati.

Hiika jecha tokko tokkoo:

Nabiyyiin gaariin (SAW) hadiisa kana keessatti humni qaama namaa irra ta'e hunduu akka guyyaa sadaqaa kafaluu qabu ibsan, Rabbii humna kanniin isa keessatti uume, kan duubaa fi keessa isaa tolchee wal qixxeesse, kan yeroo fedhe humna isa keessaa fudhatee, qaama namaa kana hunda sochii dhoorguu danda'u galatoonfatuun, isa faarsuun dirqama. Osoo Rabbi qaama kana isaaf kennuu baatee hojii isaa kan Diinii fi duniyaatis hojjatuu hin danda'u. qananiin tun akka turtuu fi itti fuftuuf

Rabbiin galatoonfatee gabrichi humna kana irraa sadaqatuun barbaachisaadha. Hojiin gaariin hunduu, kan akka nama walitti araarsuu, jidduu isaaniitti murtii sirrii laatuu, nagaa facaasuu, haasaa toluu, rakkataa qarqaaruu, nama muslimaatiif jechaanis ta'ee gochaan tola yaaduu, hundi isaan kanaatuu sadaqaadha.

Faayidaalee Hadiisaa:

1) Namni hhunduu sadaqaa kennuun jaalatamaadha, guyyaa aduun keessa bariitu hundaa qaamni namaa hundi sadaqaa kennuun barbaachisaadha. Nabiyyiin (SAW) akka sadaqaa tannin hunda irraa Raka'aan lamaa yeroo waaree salaatamtu geettu himanii jiru.

2) Namni obboleessa isaa qarqaaruu fi waan nama miidhu karaa irraa dhoorguu irratti kakaasuu.

3) Balfa muldhatu karaa irraa kaasuun sadaqaa yoo ta'e, akkasuma balfa dhokataa karaa irraa qabuun ammoo caalatti barbaachisaadha. Fakkeenyaaf waan bid'aa ta'e, kan shari'aan hin deeggarree fi wantoota haraamaa ifa baasuun karaa irraa maqsuu.

4) Wanti gara Rabbii nama dhiyeessu kan Ibaadaa fi tolinnaa hundinuu sadaqaa of keessaa qaba. Wanti Nabiyyiin (SAW) hadiisa kana keessatti dubbatan fakkeenya malee hundaa miti.

Raka'aa lamaan duhaa itti fufiinsaan salaatuu:
nama Muslimaatiif raka'aa lamaan tana irra turuun barbaachisaadha.
Yeroon isii: aduun baatee yeroo ol fuudhamte irraa kaasee (Bariitee daqiiqaa 15 irraa eegalee) hanga aduun qixxee irraa dabuu dura daqiiqaa muraasa (Ruubii Sa'aatiiti).
Yeroo ilmooleen gaalaa hoo'a aduu irraa guggubattu ta'uun caalaadha. Inni yeroo waareen ol bayee, aduun hoo'e. xiqqaan isaa: Raka'aa lama. Guddaan isaa daangaa hin qabu.

Jarri kunniin gara Rabbiitti irkifamu, isa tokkoomsu, gara Ergamaa isaatti (SAW) irkifamu, waan inni dhufeen qofa hordofu.

Jarri kunniin akka nama barbadaa qabateeti, irra hedduun namaa, inumaa hundi isaaniituu isaan ajiifatu, waan isaan uumama kana keessatti adda ta'anii muldhataniif namni hunduu akka garee addaa fi waan haaraa fiddeetti isaan laala, ummata baay'ee irraa adda bayanii haqa waan qabataniif.

Gaafilee:

01 Hadiisa kana keessatti Raajii Nabiyyii guddaa tokkotu jira. Raajiiwwan Raajii tana fakkaatan Ragaalee Hadiisaa boroo kees-saa beektu yaadadhu.

02

03 Murtiiwwan salaata waaree irraa haasayi. Maddoota alaatti qarqaarsifadhu.

Balfa dhokataa akkamitti karaa irraa deebista? Karaalee hojiin raawwachuunii dandeettuun ibsi.





38

عن أبي الحوراء السعدي قال: قلت للحسن بن علي رضي الله عنهما: ما حفظت من رسول الله صلى الله عليه وسلم؟ قال: حفظت من رسول الله صلى الله عليه وسلم : "دع ما يريبك إلى ما لا يريبك" رواه الترمذي وقال حديث حسن صحيح

Abbaa Hoowraa'i Assa'adiyyii irraa odeeffamee akkana jedhe: Hasan ilma Aliyyii (RA) akkana jedheen: Ani ergamaa Rabbii (SAW) kan qayyabadhe keessaa: "Waan si shakkisiisu dhiisi gara waan si hin shakkisiifnee dabe". Tirmizitu gabaase. Hadiisni gaariidha, Qulqulluudha.

Odeessa Hadiisaa

Hasan Ilma Aliyyi Ilma Abbaa Xaalib (RA) akaakayyicha Ergamaa Rabbii (SAW) fi urgooftuu isaa kan duniyaa irraa, tokkoo dursitoota dargaggoota lamaan warra Jannataa. Nama obsaa, Rabbiin sodaatu, kabajamaa ture. Abbaa isaa booda ji'a Muraasaaf bakka bu'ummaa (hooggansa) fudhatee ture. Ergasii Mu'aawiyaadhaaf dhiisee irraa bu'e. isaan Rabbiin tokkummaa ummata Muslimaa eege. Hijraa irraa waggaa Shantamaffatti du'e.

Ibsa Hadiisaa kan walii galaa:

Hadiisni kun jechoota waan jedduu of keessatti qabattu keessaa isa tokkoodha. Waan sodaa Rabbii fi of eeggannoodhaan wal qabate keessattis hundee guddaadha. Akka namni waan wal namatti fakkaatu irraa fagaatu, waan jala muranii beekan qabatanii waan birdhatan (Shakkan) akka dhiisan barsiisa, waan gabrichaaf irra gaarii ta'ee fi faayidaa qabu fudhatanii jechuun filatamaa ta'uu isaa akeeka. Namni waan hedduu keessatti shakkiiwwan hedduun itti dhufti, yoo san: waan shakkitu dhiisii gara waan hin shakkinee gori jennaan. Yoo san nagaa argattee, qalbiinis si boqatti. Waan shakkiin isaan si dhaqqabu kamiinuu, waan keessa keetti isa irraa sodaatuun sitti dhaga'amu dhiisi, waan biraa kan shakkii irraa hin qabnetti dabi.

Haafiz Ibnu Rajab (Rabbi rahamta haa godhuufii) akkana jedhe:

> “Hiikni Hadiisa kanaa waan wal fakkaatu biratti dhaabatuu fi isii eeggatutti deebi’a. Wanti halaala qulqulluu ta’e Mu’umina qalbii isaa keessa shakkiin isa irraa hin jiraattu. Gara isaatti tasgabbii argatti malee, gammachuudhaan hojjata. Waan wal namatti fakkaatu ammo qalbii keesa sodatu jiraata, tasgabbii hin qabaattu. Inni kun ammoo shakkii isa keessatti uuma”.

Kaxxaabiin akkana jedhe: “Wanti ati shakkite hunduu, karaan sodaa fi of eeggannoo isa irraa fagaatuudha”.
Aa’ishaa irraa odeeffamee (RA) akkana jette:
“Abbaan Bakrii gabricha gibira isaaf kafalu wayii qaba ture. Abbaan Bakrii gibira inni kafaluuf kana irraa nyaata, gaafa tokko waa fideefii waan san irraa Abbaan Bakrii nyaate.
Gurbaan akkana jedheen:
wanti kun maal irraa akka argame beektaa? Abbaan Bakriis: maal inni jedheen? Gurbaanis akkana jedhe: yeroo wallaalaa keessa nama tokkoof of dirqee raageef, ani raga hin beeku, namicha sobe, saniif namichi ani raageef sun na argee mindaa naaf kafale jedheen. Abbaan Bakrii harka isaa kokkee keessa of galchee waan nyaate san hunda of haqqisiise”. Bukaaritu gabaase.

Faayidaalee Hadiisaa:

01 Hadiisa kana keessa lubbuu ofii leenjisutu jira, Diiniin Islaamaa ilmaan isaa akka shakkii fi sodaa keessa jiraatan hin fedhu. Yoo tasgabbii fi boqannaa argatte, waan si shakkisiisu of irraa fageessii gati, keessumaayyuu yoo Ibaadaa gootee kaate, waan shakkii qabutti hin kalaayin.

02 Weeyta waa wal namattti fakkaatan gara Qalbiiwwan nagayaa fi lubbuu qulqulluutti deebi’uu barbaachisa, lubbuun namaa waan dhugaatiif tasgabboofti, waan kijibaa irraa ni baqatti, inni kun garuu warra keessi isaa qulqulluu qofaaf argama malee namoota biraa kan

Faayidaalee Hadiisaa:

onneen isaanii yakkootaan gurraachatteef hin argamu. Isaan inumaa waan yakkaa akka toltuutti, waan gaarii ammoo akka yakkaatti laaluun ni mala.

03 Hadiisni seerota walii gala shanan keessaa takka irratti ragaadha. Isiinis: "Wanti jala Muranii beekan shakkiidhaan hin ka'u" kan jettuudha. Kana jechuuns: yoo wanti ati shakkituu fi jala murtee beektu wal dhabe, shakkii dhiisii gara waan jala murtee beektu sanaatti dabi jechuudha.

- ✔ Gabrichi yoo Xahaaraa qabaatuu ofii beekee, ergasii wuduu'a balleesse moo xahaaraa duraanii san irra jiraa shake, kan jala muree beeku kan xahaaraa san irratti hafa.
- ✔ Yoo wuduu'a balleessuu isaa jala muree beekee, garuu sanii as xahaaradhe moo miti jechuu shake wuduu'a cabsuu isaa san irratti murteessuu qaba.
- ✔ Yoo waan najisaa wayii shake innis Xahaaraa irra jiraata.
- ✔ Yoo wanti sun najisa ta'uu isii beekee, ergasii najisa moo miti jechuu shakke kan najisa ta'uu murteessu saniin jala mura.

04 Nabiyyiin (SAW) jechoota ergaa hedduu of keessatti qabattu kennamee jira. Haasaan isaaniif gabaabsame.

Gaafilee:

01 Hadiisa kana keessa waan collummaa Nabiyyii (SAW) irratti qajeelchutu jira. Garii waan isa fakkaatuu kan Hadiisota keessa jiru dubbadhu.

02 Hadiisni kun seera seerota Islaamaa keessaa tokko ta'e tokkoof bu'uura ta'a. seerri sun maaliidha? Ragaalee isii keessaallee garii dubbadhu. Fakkeenyas kenniif.

03 Of eeggannoo warri salafaa (duraanii) qaban irratti, sahaabotaan eegalii fakkeenya isaa kaayi.



الحديث التاسع والثلاثون
Hadiisa
Soddomii Saglaffaa

39

عن أنس بن مالك رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم قال: "من أحب أن يبسط له في رزقه وينسأ له في أثره، فليصل رحمه" (متفق عليه)

Anas Ilma Maalik irraa odeeffamee (RA) Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Namni akka hireen isaa baldhifamuuf fedhe, Umriin isaa akka dheeratuuf kan fedhe, fira isaa haa sufatuu". Bukaarii fi Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Rahima jechuun: bu'uuratti gadaamessaa dubartiiti, isa irraa maqaan kun ergifatamee firummaa (Aanummaadhaaf) kenname. Waan isaan gadaamessaa tokkoo ba'aniif.

Aanaan asitti baanamu: warra walitti dhiyaataniidha, gara dhiiraa fi dubratiitiinis, gara abbaa fi haadhaatiinis.

Rahima sufatuu jechuun ammoo: warra aanummaa waliin qabanitti jechaanis ta'ee gochaan tola ooluudha. Isaan dhaqanii dubbisuun, haala isaanii gaafatuun, nama isaan keessa rakkate qarqaaruu fi faayidaa isaaniitiif carraaquun hunduu kana keessa gala.

Hiika Walii Galaa kan hadiisa kanaa:

Hadiisa kana keessa fira sufatuu irratti kaasutu jira, hojiin sun akka jaalala Rabbii argatanii fi jaalala isaatis guyyaa boodaa akka argatan nama taasisa. Isiin mindaa ariifataa kan duniyaatiifis sababa namaaf taati. Sababa hireen baldhatuuti, sababa umriin nama dheeratuutilleedha.

Kun dhugaadha, Rabbiin waan barbaadamu hundaafuu sababaa tolche, karaa wanti sun ittiin argatamus godhe, ogummaa isaa irraa galata bifa hojiitiin taasise, akkuma gabrichi fira isaa tola itti ooluun sufatu, akkasuma Rabbiin umrii isaa fi hiree isaallee walitti isaaf sufa, balbala hiree fi barakaawwanii isaaf bana.
Namni aanaa isaa kutu Qur'aana Rabbii keessatti abaaramaadha, adabbiinis duniyaa keessatti isatti ariifatti. Rabbiin akkana jedhe:

﴿فهل عسيتم إن توليتم أن تفسدوا في الأرض وتقطعوا أرحامكم أولئك الذين لعنهم الله فأصمهم وأعمى أبصارهم﴾ (محمد 22-23)

(Sila ni yaaddanii yoo angoo argattan dachii keessatti badii dalaguu fi fira keessan kutuu. Warri waan akkasii hojjatu warra Rabbiin abaaree ija isaanii jaamseedha) Muhammd: 22-23

Aliyyi Ilma Huseen Ilma isaatiin akkana jedhe:
"Yaa Ilma koo, nama fira sufuun hiriyyaa hin ta'in, ani Kitaaba Rabbii keessatti abaaramaa ta'uu isaa arge".

Abbaan Bakriitis (RA) Ergamaan Rabbiin (SAW) akkana jedhan: "Yakka keessaa kan Rabbiin abbaa isaatii adabbii duniyaa irratti ni ariifachiisaaf jechuun irra haqaa, waan guyyaa boodaatiif ol kaayuuf wajjiin, nama miidhaa hojjatuu fi kan fira kutuudha". Abuu Daawuditu gabaase. Sanadni isaa Sahiiha.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Fira sufachuun sababaa umriin namaa dheeratuuti. Caalaan namaa isa Umriin dheeratee, dalagaan isaa tolteedha.

2. Umrii dheeratuun qofti keeyrii hin qabu, yoo hojiin namaa tole malee, yeroo garii umrii dheerachuun hamtuu ta'a, miidhaas namatti fiduu danda'a. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ولا يحسبن الذين كفروا أنما نملي لهم خير لأنفسهم إنما نملي لهم ليزدادوا إثما ولهم عذاب مهين﴾ (آل عمران: 178)

(warri kafaran nuti isaan tursiisuun isaaniif gaarii hin se'in, nuti kan isaan tursiifnuuf akka isaan dilii dabalataniif, adabbii isaan xiqqeessutu isaaniif jira) Aala Imraan: 178

Jara kaafirtootaa kana Rabbiin beellama qabaaf, hiree fi fayyaa isaaniif kenna, Umrii isaan dheeressa, ilmaanii fi dubartii kennaaf, inni kun hunduu isaaniif gaarii ture, garii inni isaan hamaa ta'e, waan sisaan booda kanaatis yakka dabalatanif.

3 Nama duniyaa kanatti waa dalageef Rabbiin mindaa isaaniif duniyaa keessatti kafaluun isaan hin miidhu, yoo yaanni isaan hojjataniif Fuula Rabbiitii fi guyyaa boodaatiif ta'e.
Bakka kana gaafii beekamaa tokkotu jira: yoo ajalli namaa fi hireen isaanii murtooftuu taate, kan hin daballee fi hin hirdhanne yoo taate, Akkuma Rabbiin keenna jedhu:

﴿ ولكل أمة أجل فإذا جاء أجلهم لا يستأخرون ساعة ولا يستقدمون﴾الأعراف: 34

(Ummata hundaafuu beellama beekamatu jira, yoo beellamni isaanii gahe sa'aatii takka dura hin taran, duubattis hin hafan) Al-A'araaf: 34

kanaafuu akkamitti umrii namaa keessatti jijjiiramni godhama yoo inni fira isaa sufate?
Ulamaa'iin gaafa kana irratti deebii hedduu deebisan. San keessaa:

1. Umriin isaa dheeratuun waan Malaa'ikaa muldhatuudha. Akkasuma Loowhal Mahfuuz (Galmee tikfamaa) keessatti waan ta'uudha, isaaniif galmee keessatti Umriin namichaa waggaa jahaatama jedhamee galmaa'ee kan jiru, gaafa inni fira isaa sufatuu eegale hammi ta'e wayii dabalamaaf.
Rabbiin keenna waan uf duraa ta'au beekaa ture. Isaadha hiikni jecha Rabbii keennaa:

﴿ يمحو الله ما يشاء ويثبت﴾ الرعد: 39

(Rabbiin waan fedhe haqa, kan fedhe ni raggaasisa) Arra'adi: 39

Hiikni irra dhiyaataan isa kanaadha.

2. Dabaltiin Umrii kan asitti dubbatame kun umrii keessa barakaa kaayaaf jechuudha, akka inni ibaadaa hojjatu karatti isa qajeelcha, waan Aakiraa keessattis isa fayyaduun yeroo isaa jiraachisaa, waan isii jalaa ergaru irraa tiksa.

Fira sufatuun dhugaa:
Namni dhugaan fira sufatu isa nama isa kutu sufu, kan nama isa irraa goggogu ziyaaru, kan fira isaa warra isa dhiibutti tola ooluudha.
Abdallaa Ilma Amrii irraa odeeffamee (RA) Ergamaan Rabbii (SWA) akkana jedhe: "Sufataan kan harka deebisuu miti, sufataan isa yeroo firri isa kutte deebisee sufuudha". Bukaaritu gabaase.

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee gurabaan tokko akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii ani firoottan qaba. ani isaan sufadhaa isaan na kutan, isaanitti tola oolaa isaan ammoo hamtuu natti hojjatan, ani isaan irratti obsaa isaan narratti wallaalu.

Nabiyyiin (SAW) akkana jedhan:

> Yoo akka jettu kana ta'e, akka waan daaraa hoo'aa isaan siphachiisaa (Nyaachisaa) jirtuuti. Waan ati haala kanaan turteen Rabbiin irraa qarqaarsi si wajjiin jiraatuu irraa hin deemu
>
> Muslimtu gabaase

Akka waan daaraa siphachiiftuuti jechuun: akka waan daaraa hoo'aa isaan nyaachisaa jirtuuti jechuudha, inni kun yakka isa irratti barraa'u waan nama daaraa hoo'aa nyaatu irra gahuu malu, kan laalaatiin walitti fakkeessu.

Gaafilee:

01 Hadiisa kana akkamitti hiikta, haala Umriin namaa murtaa'ee jira jechuu amantuun?

02 Bu'aa fira sufachuun hawaasa Muslimaatiif qabu barreessi.

03 Gabaabinaan fokkin afira kutuu fi miidhaa isaa barreessi. Maddoota alaatti qarqaaramaa.



الحديث الأربعون
Hadiisa Afuratamaffaa

40

عن أبي هريرة رضي الله قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "من نفس عن مؤمن كربة من كرب الدنيا، نفس الله عنه كربة من كرب يوم القيامة، ومن يسر على معسر، يسر الله عليه في الدنيا والآخرة، ومن ستر مسلما ستره الله في الدنيا والآخرة، والله في عون العبد ما كان العبد في عون أخيه، ومن سلك طريقا يلتمس فيه علما، سهل الله له به طريقا إلى الجنة، وما اجتمع قوم في بيت من بيوت الله، يتلون كتاب الله، ويتدارسونه بينهم، إلا نزلت عليهم السكينة، وغشيتهم الرحمة، وحفتهم الملائكة وذكرهم الله فيمن عنده، ومن بطأ به عمله لم يسرع به نسبه". رواه مسلم

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (SAW) jedhan: "Nama Mu'imina irraa rakkoo, rakkoolee duniyaa keessaa takka taate fure Rabbiin Rakkoo Rakkoolee guyyaa qiyaamaa keessaa taate isa irraa fura, nama rakkataa irratti laaffise, Rabbiin Duniyaa fi Aakiraa isatti laaffisa, Nama Muslimaa duniyaa keessatti rakkoo isaa dhokseef Rabbiin Duniyaa fi Aakiraa keessatti isaaf dhoksa, Rabbiin gargaarsa gabrichaa keessatti ta'a, waan gabrichi gargaarsa Obboleessa ofii keessatti ta'een, nama karaa beekumsa ittiin barbaadu seene (deeme), Rabbiin karaa saniin karaa gara Jannataa geessu isaaf laaffisa. Tuutti takka mana Manniin Rabbii iraa ta'e tokko keessatti wal gahani, Qur'aana Rabbii qara'aa, jidduu ofiitti yoo waliin baratan, tasgabbiin isaan irratti buuti, Rahmanni isaan haguugdi, Malaa'ikaan isaan marsiti, Rabbiin warra isa bira jiran keessatti isaan dubbata. Nama dalagaan isaa duubatti isa harkise, firri isaa gara fuulduraa isin hin ariifachiisu". Muslimtu gabaase.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Namni fure: kan baldhise.
Rakkoo: haajaa jabduu nama isa mudatte yaaddoo fi gadda keessa buuftu jechuudha. Isii furuun ammoo: nama san waan hudhee harkaa isa qabu irraa salphisuu, akka inni boqatu taasisuudha.

Rabbiin akkana jedha:

﴿قل ينجيكم منها ومن كل كرب﴾ (الأنعام: 64)

(Jedhiin Yaa Muhammad Allaahuti Rakkoo isi keessa seentanii fi rakkoolee hunda irraayyuu nagaa isin baasa) Al-An'aam: 64

Ammas Akkana jedhe:

﴿ ونوحاً إذ نادى من قبل فاستجبنا له فنجيناه وأهله من الكرب العظيم ﴾(الأنبياء: 76)

(Nuuhiinis dubbadhu, wayta armaan dura nutti lallabatee isaaf awwaannee isaa fi warra isaatis rakkoo guddaa keessaa bilisa baafne) Al-Anbiyaa'i: 76

Rakkataa irratti jechuun: nama dhiphinaa fi rakkoo jabduu keessa bu'e jechuudha.
Nama Muslimaa dhokse jechuun: kan dogongora namni Muslimaa tokko keessa bu'e, waan isa hirdhisu argee dhokseef jechuudha, waan diiniin wal qabatu ta'ee, waan hojii isaa kan dhuunfaatiin wal qabatu ta'ee.
Beekumsa kan barbaadu jechuun: beekumsa Shari'aa fi waan isa deeggaru kan akka barumsa afaanii fi seenaa fa'aadha.

Rabbiin warra isa biraa keessatti isa dubbata jechuun:
Warra Masjida keessatti walitti qabamanii Qur'aana isaa qara'an, kan zikrii godhan kana Rabbiin Malakoon keessatti isa dubbata jechuudha. Hadiisa Qulqulluu keessatti Rabbiin akkana jedhe: "Nama hawaasa keessatti na dubbate hawaasa isaan caalaa hedduu ta'an keessatti isa dubbadha".

Nama dalagaan isaa duubatti isa hanbise:
nama hojiin isaa hirdhuu taatee, sadarkaa warra hojii gaarii dalagatee hin dhaqqabatin, namni sun kabaja sanyii isaa fi jabummaa abboota isaa irratti irkatuu hin qabu, nama hojiin isaa duubatti hanbise, firri fuuldura hin dabarsu.

Ibsa walii galaa hadiisa kanaa:

Hadiisni kabajamaan kun namni Muslima irraa Rakkoo fure ykn rakkataa tokkotti dhimmi isatti jabaatu laaffise, ykn mucuca isaa dhokseef Rabbiin galatuma hojii isaa kana fakkaatuun isaaf kafala, Rabbiin gabricha ni qarqaara, duniyaa fi Aakiraa keessatti waan isaaf tolutti isa qajeelchuudhaan, yeroo inni obboleessa isaa kan Muslimaa dhimmoota isa rakkistu irratti qarqaare.

Nama karaa muldhataa seene, akka bakka zikriin itti jedhamu dhaquu, ykn bakka Ulamoonni amanamoon jiran dhaqee ilmii barbaade, Ykn karaa dhokataa gara beekumsaa isa geessu kan seene, akka isa nama wajjiin wal yaadachiisuu, dubbisuu, xiinxalluu, barnoota barsiifame hubachuuf yaaluu fi kkf, yoo inni karaa kanniin yaada gaariidhaan seene, rabbiin Beekumsa isa fayyadu kan gara Jannataa isa geessu kennaaf.

Warri mana Manniin Rabbii irraa ta'e keessatti wal gayanii, Qur'aana Rabbii qara'an, kan isa wal barsiisan, Rabbiin tasgabbii irraa, rahmanni isaa wal isaan gayuu irraa, Malaa'ikoonni dhufuu fi innis hawaasa ol aanaa isa bira jiran keessatti isaan dubbatuu fa'aan galata isaaniif galcha. Kabajni guddaan kan argamu hojii gaarii dalaguudhaan malee, Firaa fi sadarkaalee gosaa fa'aan miti.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Galanni gosa dalagaatiin. Inni kun murtiin Rabbii akkaan dhugaa fi qixxummaa kan qabu ta'uu argisiisa. Garuu mindaan – tolli Rabbii baldhaa ta'uu irraa kan ka'e - hojii namaa irra baldhaadha. Hojiin gaariin tokko kudhanii dachaa isaatiin galata galfama. Hanga dachaa dhibba torbaatti baay'ata.
   Gabrichi Rabbii tokko obboleessa isaa irraa rakkoo takka yoo fure, mindaan isaa dalagaa isaa caala.Rabbiin nama irraa rakko rakkoolee Guyaa boodaa irraa taate fura,

2 Nama Rakkate irratti laafisuu irratti kakaasutu jira. Rabbiin duniyaa fi Aakiraa keessattis isaaf laaffisa. Namni rakkataan yeroo tokko haquma keetiin fa'a kan rakkate ta'uu mala, ykn haqa nama biraa kan isa irra jiruun kan rakkate ta'uu danda'a, hadiisni bifa lamaanuu ni qixxisa.

3 Muslimaaf dhoksuu irratti kakaasutu jira, Garuu akka ragaaleen Shari'aa ibsitetti inni kun yoo dhoksaan sun keeyrii qabaateedha.

4 Muslimni obboleeyyan isaa kan muslimaa waan itti hajaman hunda keessatti qarqaaruu irratti kakaasuu, garuu kun waan tolaa fi sodaa Rabbiitiin wal qabatu irratti yoo ta'eedha. Rabbiin akkana jedhe:

﴿وتعاونوا على البر والتقوى﴾(المائدة: 2)

(Waan toltuu fi sodaa Rabbii irratti wal qarqaaraa) Almaa'idaa: 2

Waan toltuu fi sodaa Rabbii hin ta'in irratti ammoo yoo taate, ni laalama, yoo waan yakkaa taate haraama, waan Rabbiin Qur'aana isaa keessatti:

﴿ولا تعاونوا على الإثم والعدوان﴾(المائدة: 2)

(Waan yakkaa fi daangaa dabriinsaa irratti wal hin qarqaarinaa) Almaa'idaa: 2

Yoo waan halaalaa irratti taate ammoo, yoo faayidaan nama qarqaaramuu keessa jiraate, inni sun tola itti ooluu keessatti lakkaa'ama, kun jecha Rabbii kan:

﴿وأحسنوا إن الله يحب المحسنين﴾(المائدة: 93)

(Tola oolaa, Rabbiin warra tola oolu jaalataa) Almaa'idaa: 93

San keessa oola, yoo faayidaan nama qarqaaramuu keessa hin jiraatin ammoo isa qarqaaruun nama kanaaf yaada gaarii kennuu fi waan kana irraa fagaadhu, faayidaa siif hin qabuu jechuuniidhaan.

5 Karaa gara beekumsaa nama geessu seenuu irratti kakaasuu, inni kan argamuun mindaa isaa itti himuudhaan.

6 Namni sanyii isaatiin sobamuu hin qabu, hojii isaa gaaritti dhimmamee akka sadarkaale ol aantuu argatu ta'uu qaba, firri saahiba isaa hin fayyadu hojiin isaan gaariin duubatti isa bute. Rabbiin akkana jedhe:

﴿ إن أكرمكم عند الله أتقاكم ﴾ (الحجرات: 13)

(Irra kabajamaan keessan Rabbiin biratti kan caalatti isa sodaatuudha) Alhujuraat: 13

Kunoo kun Abbaa Lahabiiti, Abbeeraa ergamaa Rabbii (SAW), kan sanyiin isaa kabajamaa, sanyiin isaa sun isa hin fayyanne, waan inni kaafirummaa irratti du'eef, anam abad ibidda keessa jiraatu ta'e. Kunniin lamaan ammoo Bilaal warra Habashaatii fi Suheeybii warra Roomaati, sadarkaa ol aanaa aragatan, sanyiin isaan ittiin boonan garuu hin turre.

Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

Yaa namaa dhagayaa! Rabbiin keessan tokkicha. Abbaan keessanis tokkicha. Dhagayaa! Namni Arabaa nama Ajamaa irra hin caalu, Namni Ajamaatis nama Arabaa irra hin caalu, Namni diimaan gurraacha hin caalu, Gurraachis diimaa hin caalu, sodaa Rabbiitiin malee

Ahmaditu gabaase.
Arnaa'uuxiin Sahiiha jedheen.

Gaafilee:

01 Namni muslimaa wantoota hadiisni kun barsiisutti hajamuu isaa ibsi.

02 Sadarkaa Qur'aana Rabbii qara'uu fi isa Mana Rabbii keessatti wal barsiisuun qabu barreessi.

03 Gosummaa fi sanyummaa jibbamtuu arrabsuu keessatti, qorannoo ragaalee Hadiisaa fi Qur'aanaatiin deeggaramaa ta'e tokko barreessi.





41

عن سهل بن سعد الساعدي رضي الله عنه قال: أتى النبي صلى الله عليه وسلم رجل، فقال: يارسول الله، دلني على عمل، إذا أنا عملته أحبني الله وأحبني الناس؟ فقال رسول الله صلى الله عليه وسلم: "ازهد في الدنيا يحبك الله، وازهد فيما في أيدي الناس يحبك الناس" (أخرجه أحمد وابن ماجه، وصححه الألباني)

Sahli Ilma Sa'adi Assaa'idiyyii (RA) akkana jedhe: Nabiyyitti (SAW) gurbaan tokko dhufee, Yaa ergamaa Rabbii, hojii irratti na qajeelchi, kan ani yoo isa dalage, Rabbiinis na jaalatu, kan namni na jaalatu? Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhe: "Duniyaa keessatti gabaabbadhu Rabbiin si jaalataa, Waan harka namaa keessa jiru keessattis gabaabbadhu namnis si jaalataa". Ahmadii fi Ibnu Maajahitu gabaase. Albaaniin sahiiha jedhe.

Odeessaa Hadiisaa:

Sahli Ilma Sa'adi Ilma Maalik Al-Ansaariyyii Assaa'idiyyii (RA). Sahli waggaa dheeraa jiraate. Hanga Hajjaaj Ilma Yuusuf dhaqqabetti. Isa wajjiinis qormaatame. Sahli (RA) akkana jedhe: Warra Rasuula (SAW) biratti wal abaaran arge, ani gaafa san mucaa waggaa kudha shanii haala ta'een. Hadiisota hedduu odeesse. Hijraa irraa bara 88ffaa keessa du'e.

Hiika jechoota tokko tokkoo:

Hojii irratti na qajeelchi: hojii waan jaalalaa keessatti na fayyadu kan hedduu walitti naaf qabu irrati na qajeelchi.
Zuhdiin akka afaan Arabaatti: faallaa kajeellaati. Waan zahiida jechuun: waan xiqqoo jechuudha.
Akka shari'aatti: hiika hedduu qaba, san keessaa: "Onneen namaa waan harkaa hin qabne irraa qulqullaayuudha" jedhame.

Duniyaa keessatti gabaabbadhu jechuun: jaalala isii dhiisi, waan haajaa kee irraa hafu irraa gara gali, aakiraa fi faayidaa isiitti fuula deebi'i.
Rabbiin si jaalataa: waan ati isii keessatti dantaa dhabde, isiidhaan jaatanaayuu dhiifteef.
Waan nama bira jiru irraa gabaabbadhu: angoo fi qabeenya irraa
Namni si jaalataa: waan ati jaalallee isaanii dhiifteefiif, waan isaan barbaadan irratti waan isaan hin hacuuciniif.

Ibsa Hadiisaa walii galaa:

Hadiisni kun duniyaa keessatti gabaabbatuu fi isii keessatti baay'ifachuuf dorgomuu dhabuu irratti qajeelcha, Aakiraa kajeeluu fi isiidhaaf daldaluu irratti kakaasa, namni duniyaa irraa waan Aakiraaf isa fayyadu qofa qabatuu, waan harka namaa keessa jirutti hiixatuu dhabee irraa gara galuun jaalala isaanii akka argatuu qabu akeeka.

Duniyaa keessatti akka gabaabbatan wantoota nama taasisan keessaa:

1. Iimaanni namaa fi sodaan Rabbii jabaa ta'uu.
2. Yarummaa duniyaa fi laafina warra isii irratti irkatanii beekuu.
3. Duniyatti fuula deebi'uun, dadhabbii, rakkoo fi qormaata inni qabu beekuu.
4. Qananiin isii gowwoomsaa dharaa, taphaa fi shubbisa ta'uu isaa hubatuudha.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Duniyaa keessatti dantaa dhabuu bakka ol aanaa fi caalaadha. Nabiyyiin (SAW) jaalala Rabbii argatuudhaaf akka sababaatti kaasan. Namni duniyaa jaalatu Rabbiin jibbamuudhaaf saaxilamaadha.

Mallattooleen dantaa dhabiinsa dhugaa:

1. Namni waan ofii harkaa qabu caalaa wan Rabbiin harkaa qabutti irra amanuu. Hasan akkana jedhe: "Laafina limaana keetii irraayi, ati waan Rabbiin harkaa qabu irraa waan ofii harkaa qabu amanuun".

2. Namni duniyaa keessatti yoo qormaata wayiitiin tuqame, qabeenyi jalaa baduun ta'ee, Ilmi jalaa du'uun ta'ee ykn waan biraatiin, mindaa Rabbiin biraa barbaaduudha bakka waan jalaa badee san.

3. Gabricha biratti namni isa faarsuu fi arrabsu wal qixxaatuudha, namni duniyaan isa biratti guddoo taate faaruu jaalata, arraba ni jibba, jaalalli inni faaruuf qabu sun akka inni waan dhugaa hedduu dhiisu isa taasisuu mala, arraba waan sodaatuuf, ykn akka waan sirrii hin taane inni ta'u gochuu mala, waan faaruu jaalatuuf.

2. Jaala Rabbii ragaasisuu fi Rabbiin gabricha isaa jaalala Dhugaa jaalata jechuu.

3. Namni jaalala namaa barbaaduun rakkoo hin qabu, jaalala san argachuuf karaa adda addaatiin carraaquun, san keessaa waan isaan harkaa qaban keessatti gabaabbatuudhaan, isaanitti tola ooluu fi isaan fayyaduudhaan, kana hunda wajjiin-uu Rabbiif qulqulleessaa haala ta'aniin.

Namni mataa faaggatuun, waan uffatuuf bakka laatuu dhabuun, zuhdii (duniyaa keessatti dantaa dhabuu keessatti) hin lakkaa'amu. Hadiisa keessatti ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Jannata hin seenu namni onnee isaa keessa wanti hanga firee xeefii boonni jiru".

Namni mataa faaggatuun, waan uffatuuf bakka laatuu dhabuun, zuhdii (duniyaa keessatti dantaa dhabuu keessatti) hin lakkaa'amu. Hadiisa keessatti ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Jannata hin seenu namni onnee isaa keessa wanti hanga firee xeefii boonni jiru". Gurbaan tokko akkana jedhe: “yaa ergamaa Rabbii! Ani uffanni kiyyaa fi kopheen kiyya qulqulluu ta'uu jaaladhaa, wanti kun booniinsaa? Jedheen. Nabiyyiin: "lakki, Boonni dhugaa diduu fi nama tuffachuudha". Muslimtu gabaase.

Gaafilee:

01 Hiika Dantaa dhabuu kan dhugaa ibsi. Jidduu isaa fi sodaa (Of eeggannoo) garaa garummaa jiru ibsi, lamaan keessaa kamtu irra guddaadha? Sababa isaas ibsi.

02 Qorannoo Rabbiin amala jaalalaa qabaatuu keessatti barreessi.

03 Bifa kamiin akka duniyaa keessatti akka dantaa dhabiinsa lubbuu ofii keessatti hojii irra oolchaniin himi. Uffatta gaarii dhiisuun duniyaa keessatti dantaa dhabuu keessatti lakkaayamaa?



الحديث الثاني والأربعون
Hadiisa
Afurtamii Lammaffaa

42

عن أبي هريرة رضي الله عنه أن رسول الله صلى الله عليه وسلم قال: "إذا مات الإنسان انقطع عنه عمله إلا من ثلاثة: إلا من صدقة جارية، أو علم ينتفع به، أو ولد صالح يدعو له" (رواه مسلم)

Abbaa Hureeyraa irraa odeeffamee (RA) Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan: "Ilmi Aadam yoo du'e hojiin isaa irraa cita waan sadihiin malee: Sadaqaa mindaan isaaf yaa'u malee, Beekumsa ittiin fayyadamamu malee, ykn ilma gaarii isaaf kadhatu malee.

Hiika jechootaa tokko tokko:

Namni yoo du'e dalagaan isaa irraa cita: Beektonni akkana jedhan: hiikni Hadiisa kanaa hojiin nama du'ee, du'uu isaatiin irraa dhaabbata, mindaan isaaf hin haarawoomu, wantoota kanniin sadiiniin malee, jarri itti fufti isatu sababaa isii ture waan ta'eef, Ilmi carraaqqii abbaati, beekumsi inni of duubatti hanbises barsiisaan haa ta'uu, kitaabaan barreessee haa ta'uu dalagaa isaati, sadaqaan namaaf yaatus akkasuma.
Sadaqaa yaatuu jechuun: kan bu'aan isii itti fufu jechuudha. Isiin bifa hedduu qabdi.

Hiika Hadiisaa walii galaa:

Hadiisni kun akka Rabbiin duniyaa ganda dalagaa taasise, kan namni isii irraa hojii gaarii siinqeffatu, ykn hojii hamaa qabatee gara ganda boodaa deemu taasise akeeka. Gandi boodaa ganda galataati. Warri duniyaa kana keessatti hojii gaarii dalagatuu dhabanii gabaabbatan booda ni gaabbu wayta gara Aakiraa deeman osoo asii siinqii hin fudhatin, gaafa san waan tare dhaqqabatuun hin danda'amu, gabrichi hojii isaa gaarii keessatti waan hanga firii xeefii dabaluu hin danda'u, yakka isaa irraalee

waan hagasiitis of irraa haquu hin danda'u, hojiin gabrichaa karaa sadan itti aanan Kanaan malee irraa cita:

1- Sadaqaa yaatuu (Kan faayidaan isii itti fufu):

Sun waan Akka lafa waqfii godhuu, kitaabilee, Qur'aana, Masjidoota, Manneen Barnootaa fi kkf waqfii godhuudha. Kanniin hundaa mindaan isaa gabrichaaf ni yaa'a hanga namni isii irraa fayyadame.
Inni kun sadarkaa waqfii ibsa, keessumaayyuu waan dhimmoota diinii irratti nama qarqaaru keessatti, kan akka Ilmii, Qabsoo karaa Rabbii keessaa fi Ibaadaa fa'a.

2- Beekumsa isa booda namni itti fayyadamuudha:

Akka beekumsa barattoota beekumsa barbaadan barsiisuu, beekumsa Shari'aa jidduu hawaasaa facaasuu, kitaabilee beekumsa faayidaa qabu keessatti barreessee maxxansuu, akkanuma waan itti fayyadamiinsi isaa bifa itti fufiinsa qabuun ta'e hundumaa mindaan isaa gabrichaaf ni yaa'a.
Ulamaa'ota meeqatu jira kan waggoota dhibba heddu dura du'an, kitaabban isaanii irraa ni fayyadamamaa jira, barattoota isaanii keeyriin jaraa itti fufee waggoota dheeraa dhaqqabe. Sun tola Rabbiin abbaa fedheef kennuudha.

3- Ilma gaariidha:

Ilma dugda namaa irraa baye, ykn ilma ilmaa, ykn mucattii, dhiiras haa ta'uu dhalaa, kan abbaan qajeelluma jaraatiin fayyadamu, kan kadhaa jaraatiin fayyadamu. Mucaan gaariin kun yeroo hundaa ba'aa isaatii araaramaa fi rahmta kadhataaf, sadarkaan isaanii Jannata keessatti akka ol fuudhamuu fi mindaa akka argatu taasisa.

Faayidaalee Hadiisaa:

1. Mindaan dalagaa hundaatuu du'aan booda ni cita, jara dubbataman kaniin sadan malee, mindaan jaraa ni yaa'a, waan bu'aan isii itti fufuuf:

   Sadaqaa yaatuu, tan akka waqfii fi isii fakkaattu.
   Beekumsa nama fayyadu, akka barsiisuu fi kitaaba qopheessuu.
   Du'aa'ii ilma gaariiti.

2. Jarri sadiin dubbatamte tun walii gala waan Rabbiin aayaa tana keessatti dubbateeti:

   إنا نحن نحي الموتى ونكتب ما قدموا وآثارهم (يس: 12)

   (Nuti warra du'e ni kaasna, waan isaan dabarfatanii fi hanbaa isaaniitis ni barreessina) Yaasiin: 12

   Wanti isaan dabarsan dalagaa isaan kallattiin hojjataniidha, kan gaarii haa ta'uu sharrii, faanti isaanii ammoo waan hojii isaanii irratti hundaa'ee dhufu, kan namni biraa hojjate, sababa kadhaa isaaniitiif, ykn beekumsa isaanii kan jidduu Muslimtoota faca'e, kan akka beektota du'anii, kan ofii isaaniitii beekumsa guddaa namaaf dhiisanii deeman.

   Gabrichaaf yeroo garii waan tokko keessatti faayidaaleen hedduun walitti qabamuufii dandeetti. Akka ilma gaarii beekaa kan abbaan isaa isa barsiisuuf carraaqe, kan itti fufiinsaan abbaa isaatii du'aayii kadhatu.

   Hadiisa kana keessa: caalaan waan erga inni du'ee booda Nama du'eef kennamuu kadhaa Rabbiiti, irraa salaatuu ykn irraa soomuu, qur'aana irraa qara'uu, ykn qara'anii sawaaba isii hadiyyaa isaanii godhuudhaan, kana malees hojii gaggaarii irraa kan ta'e. Nabiyyiin (SAW) adeemsa Hadiisaa waan dalagaa haasayn keessatti irra caalaan waan namni du'e ittiin fayyadamuu du'aa'iidha.

Tanniin sadan keessaa caalaan beekumsa namni ittiin fayyadamuudha. Abbaan Hureeyraa (RA) hiyyeessa ture, beelli itti jabaatee gaggabee lafa dhayuu ture, kana wajjiinuu sahaabota keessaa kan caalatti ummata fayyade isa, Hadiisota hedduu Nabiyyii irraa nuuf dabarse, isiin tun isaaf sadaqaa yaatuudha, sadaqaa bara san keessa turte tamittuu yoo madaalan tan isaattu caala, Sheekal islaam fi namoota biraa irraa hanga ammaa barataa jirra, isaan garuu qabrii isaanii keessa jiran. Kitabileen isaanii waan nu bira jirtuuf, kun ammoo faallaa hoogganaa guddaa ykn daldalaa guddaa warra dabre keessaa ta'eeti. Oduun isaanii nu bira hin geenne. Sadaqaan namaaf yaatuu gufuu gara garaatiif saaxilamuu malti, ilmi gaariin ni du'a.
Garuu beekumsi Muslimtoonni ittiin fayyadaman hanga Rabbiin fedhe itti fufa, wanti beekumsatti qixxaatu tokkollee hin jiru, akkuma Imaamu Ahmad jedhe san yoo niyyaan namaa tolte.

4 Hojiin Ilma namaa du'a isaa booda ni cita. Rabbiin akkana jedhe:

وأن ليس للإنسان إلا ما سعى (النجم: 39)

(Namni waan carraaqate malee hin argatu)
Annajmi: 39

Jara sadiin hadiisa kana keessatti dubbatamte malee.

5 Hadiisa Kanaan fuudhanii ilmaan gaggaarii argachuun barbaachisaa ta'uu irratti kakaafama, akkasuma jaartii gaarii ilmi barsiisanii waan ittiin fayyadamtee namoota biraatis fayyaddu akka qabaattu taasisuun fa'as faayidaa fuudhaa keessaa tokkoodha.

Gaafilee:

01 Caalaa dalagaalee sadan Hadiisa keessatti dhuftee ibsi. Sabab wajjiin.

02 Namni tokko du'ee, ilmaan isaa irraa salaatuu fi soomuu yoo fedhan, maal isaan gorsita? Hadiisatti irkadhu.

03 Hadiisa Kanaan akkamitti ragaa godhanna jaartii gaarii barbaadachuun murteessaa ta'uu irratti?



Kitaabilee Wabii:

- Sharhii Sahiiha Bukaarii, kan Abul Hasan Aliyyi Ilma Kalaf Ilma Baxxaal Alqurxubii.
- Fathulbaarii Sharhii sahiiha bukaarii, kan haafiz Ilma Hajar Al-asqalaanii.
- Fathul baarii Sharhii sahiiha bukaarii, kan Haafiz Ilma Rajab Al-Hanbalii.
- Irshaadussaarii Sharhii sahiiha Bukaarii, kan Shihaabuddiin Alqusxullaanii.
- Il-Ifsaah an Ma'aanii Assihaah, kan Muhammad Ilma Hubeeyraa Azzuhaliyyi, Asheeybaanii.
- Ikmaalul Mu'allim bi fawaa'idi Muslim, kan Qaadii Iyaad Ilma Muusaa Alyahsabii.
- Tuhaftul Abraar, Sharhii Masaabiihussunnaa, kan Qaadii Naasiraddiin Abdallaah Ilma Umar Albeeydaawii.
- Attoowdiih, Sharhii Jaami'u Assahiih, kan Umar Ilma Aliyyii Ilma Ahmad Al'Ansaariyyii Ibnul Mulaqqin.
- Alkaashif an haqaa'iq Assunan, kan huseen ilma Abdallaa Axxeeybiyyii.
- Mirqaatul Mafaatiih, Sharhii Mishkaatul Masaabiih Kan Mallaa Aliyyi Alqaarii.
- Feeydul Qadiir, Kan Abdurra'uuf ilma Taajul Aarifiin Ilma Zeeynal Aabidiin Almanaawii.
- Jaami'ul Uluumi wal hikam, kan Abdurrahmaan ilma Ahmad ilma Rajab Al hanbaliyyii.
- Fathul Majiid Sharhii kitaaba Abdurrahmaan Ilma Hasan warra sheekaa.
- Ma'aalimu Assunan, kan Abbaa Suleeymaan Alkaxxaabii.
- Attamhiid limaa fil muwaxxa'I minal ma'aanii wal asaaniid, kan Ilma Abdulbarri Alqurxubii.
- Sharhussunnaa, kan Huseen Ilma Mas'uud, Albagawii. Xarhu Attasriib, Kan Haafiz Al'iraaqii.

- Bahjatu Quluubil Abraar, kan Abduurrahmaan Ilma Naasir Assa'adiyyii.
- Sharhul Arba'iina Annawawiyyaa, kan Muhammad ilma Saalih Al'useeymiin.
- Sharhii Riyaadussaalihiin, kan Muhammad Ilma saalih Al-Useeymiin.
- Toowdiihul Ahkaam min Buluugil Maraam, kan Abdallaah ilma Abdurrahmaan Albassaam.
- Sharhii Sahiihul Bukaarii, kan Abil Hasan

أكاديمية إفريقيا
Akkaadaamii Afriikaa
AFRICA E-LEARNING
Barnoota Elektiroonikaa Afrikaa

Xumuramee Jira
Wal Hamdulillaahi Rabbil Aalamiin

أكاديمية إفريقيا
Akkaadaami Afrikaa

AFRICA E-LEARNING



Akkaadaamiin Afrikaa Dameen Afaan Oromoo Maalidha ?

Akkaadaamiin afriikaa damee Afaan Oromoo waltajjii Online dursitudha. Hawaasa oromoo akka isaan amantii isaanii bifa sirrii fi jiduu galeessa ta'een hubataniif, hubannoo maddi isaa Qur'aanaa fi hadiisa Nabiyyii ta'e akka argataniif kan hojjatudha. Hubannoo kana lafa qabsiisuudhaaf yeroo carraaqnu, xiyyeeffannoon keenya Afaan Oromoo akka riqichaatti fayyadamuudhaan saayinsii sharii'aa Itiyoophiyaa keessaa fi biyyoota addunyaa dubbattoonni afaan kanaa jiran hunda biraan gahuudhaaf tattaafanna. Innis karaa Intarneetiin, miidiyaalee hawaasaatiin, foddaa Tv Afrikaa fi Chaanaalota biroo Afaan kanaan tamsaasan fayyadamuun.